## HUBANNOO KAANAADA BIYYAAN ALAA

# Yaadannoo Hirmaattoota

QAJEELFAMA IMALTOOTAA GARA KAANAADATTI HARAA DHUFAANIIF OSOO HIN KA'IN DURA




COA OCE
Canadian Orientation Abroad
Orientation canadienne à l'étranger

IOM
UN MIGRATION

Funded by:
Immigration, Refugees and Citizenship Canada

Financé par :
Immigration, Réfugiés et Citoyenneté Canada

Yaadni as irratti ibsamuuf yaalame ilaalcha Barreesichaati malee dhaabbata idil- addunyaa godaansaa (IOM) waliin kan wal ilaallatu miti. Barreeffamni as irratti argamu yaada IOM seera biyya kamiyyuu daangaa magaalaa yookaan taayitaa kamiyyuu kan tuqu miti.

IOM'n dhimmi inni dhabbateef haala seera qabeessa ta'een haawaasni fi godaantonni barbaachisummaa isaa irratti hundaa'uudhaan akka godaananiif. Akka dhaabbata gamtoomanitti IOM'n hawaasa addunyaa waliin hidhata uumuun hojjata.Rakkoowwan godaansaan walqabatanii jiran furuudhaaf hojjata. Hubannoo godaansa ilaalachise jiru furuudhaaf ni hojjata. Haala guddina hawaasaa fi diinagdee karaa godaansaan argamu irrattis ni hojjata. Akkuma kanas immoo kabaja godaantootaaf kennamu irrattis ni dalaga. Fayyummaa isaanii illee kan dabalatuu dha.

---

Maxxansi kun ifatti kan ba'e karaa gargaarsa mootummaa Kanaadaatiin akkasumas immoo walii galtee IOM waliin qabu irratti hundaa'uunidha.

Dhaabbata tajaajila hawaasaa Kaanaadaa, qorattoota, Godaantoota akkasumas immoo IOM fi hojjatoota Kaanaadaa COA fi biyyoota biroo keessatti argaman galateeffachuu barbaadna. Ilaalchaa fi tattaaffiin isaanii godaantoota biyya kanaadaa keessatti qubachisuuf rawwatan maxxansa kanaaf isa bu'uraati.

Maxxansa: Dhaabbata Godaansa Addunyaa
17 route des Morillons
L.S.P 17
1211 Jeneevaa 19
Siwizeerlandii
Bilbila: +41 22 717 9111
Faaksii: +41 22 798 6150
Email: hq@iom.int
Weebsaytii: www.iom.int

Maxxansi kun kan gad-lakkifame gareen tokkummaa maxxansaa Dhaabbata Godaansa addunya uttu hin Mirkkkaneessiin.
Maxxansi kun kan gad-lakkifame gareen tokkummaa maxxansaa Dhaabbata Godaansa addunya uttu hin Mirkkkaneessiin.
Maxxansaan kun kan hiikame karaa (seraan) kan hikame miti karaa TRS kan ba'edha.
Hiikan isa karaa seeran alla Maxxaansa Jalqaaba Affan Inglizii irraa hiikame mata-Durren issa. ***Canadian Orientation Abroad Participant Workbook: A pre-departure guide for newcomers to Canada.***

Agarsisa Dabalataa: IOM: *yadannoo Hirmattoota, Ibsa Demsa Biyya Canaadaan dura, Demsa dura geggessuu godantoota harawa kanaadaatiif* (2020) Jeneva.

---

ISBN 978-92-9268-174-6 (Maxxansaa)
ISBN 978-92-9268-518-8 (PDF)

**© IOM 2022**

CC BY NC ND

Mirgone tookok Tokko Serran Kaan Egaamedha. **Hojjin Kunni Tokkuma Mirgga Abbeenta Seeran Eggeamadha-Tajajila Serra hinkenu -kaan hinjiijiramedha.3.0IGO eeyyaama (CC BY-NC-ND 3.0 IGO). Jaalati Argaama.**

**Odefanno Dhabalataffi Mirgga Abbbenta fi akka fayyaadama** ilaalun nii dandaama.

Maxxansi Kana Barnootaf Allatti irra deebian maxxansuunis tahe baayiisani buaa daldaalaf olchuun seeran dhorkaadha.

Eeyyaama Daldaalaf kan fayadaaman yoo tahe mirgaa kana gochuu argaachuf ragga eyyama galchuun Dirqaama. publications@iom.int.

* https://creativecommons.org/licenses/by-nc-nd/3.0/igo/legalcode

PUB2023/022/U

# BAAFATA


Qajeelfama haala ittii fayyadama koodii QR — Fuula i

Mallattoowwan — Fuula ii

Dalagaawwan — Fuula iv

1. Haala Biyya Kaanaadaa — Fuula 1

2. Adeemsa — Fuula 35

3. Deggersa fi Tajaajila — Fuula 63

4. Mana Jireenyaa — Fuula 81

5. Fayyaa — Fuula 93

6. Barumsa — Fuula 107

7. Qaccarrii — Fuula 123


8. Haala qabiinsa maallaqaa — Fuula 141

9. Geejjiba — Fuula 159

Adeemsaa Kaartaawwanii — Keessa qola kitaabichaa

## Qaajeelfama haala ittiin fayyadama koodii QR (deebii ariifachiisaa)

Kitaaba kana keessatti bakka buutuun akka kana taatee fi odeeffannoo barbachisoo gosoota adda adda irratti akka argannuuf, Koodiiwwaan ariitiin deebii kennan jedhamu. Kaameeraa bilbila kee irra jirutti fayyadamuudhan akkamitti akka odeeffannoo bifa koodii (QR) intaarneetii irratti argamu dubbisi. Kana raawwachuuf intaarneeti si barbachisa.



**1.** Bilbilli kee kaameeraa isaatiin koodii QR dubbisuu isaa mirkaneessi yookiin dubbistuu koodii QR buufadhu.



**2.** Intaarneeta argachuu kee mirkaneeffadhu



**3.** Bibila kee irraa kaameeraa yookiin koodii QR isaa bani.



**4.** Kaameeraa isaa gara koodii QR’ tti siqsi, gidduu iskirinii keetii irratti akka mul’atu taasisi




**5.** Koodicha hanga iskaanii godhutti eegi.




**6.** Koodii QR banuudhaan odeeffannoo kan biroo banuu dandeessa.

**Koodiin QR kitaaba kana irra jiran gara liinkii (geessituu) amaanamoo ta’anitti sii geessa. Ingiliffa, Afaan Faransaayi fi qooqawwan kan biroo. Yoo qooqa kana hin dubbattan ta’e, hiiktuu afaanii ‘sarara irra’ jiran fayyadamuu dandeessu.**




## Mallaattoolee

Kitaaba kana keessatti, hiika bakka buutuu adda adda ni argattu. Bakka buutonni kunis immoo hiika of danda'e qabu. Kitaaba kana gadi fageenyaan yommuu dubbisnu hiiktuuwwaanii fi bakka buutota isaa ni arganna.



**1.** Mootummaa Kaanadaa



**2.** Odeeffannoo waa'ee kuubeek



**3.** Ummata biyya Kaanaadaa




**4.** Kaanaadaa moo Kaanaadoota




**5.** Biyyoota biroo Kaanaadaadhaan alaa



**6.** Teessuma lafaa



**7.** Namoota hir'ina qaamaa qaban



**8.** Saala adda addaa, eenyummaa saalaa, hiikaa saalaa, akkaataawwan saala adda addaa



**9.** Baay'ina amantaa adda addaa



**10.** Gargaarsa fi Deggarsa



**11.** Gargaarsa Maallaqaa



**12.** Gargaarsa yeroo qubannoo



**13.** Dhaabbatoota mootummaan deggaraman



**14.** Dhuunfaadhaan kanneen godaantoota deggaran



**15.** Mirga Kanaadaa keessaa



**16.** Seera Kaanaadaa



**17.** Dhuunfummaa, fayyummaa, yookiin Nageenya




**18.** Eyyemamaa yookiin seera qabeessa



**19.** Kan hin eyyemamne fi seraan ala



**20.** Kan hin barbacchifne fi fallaa



**21.** Haala yeroo




**22.** Haala yeroo murtaa'e



**23.** Odeeffannoo




**24.** Barbaaduu




**25.** Digirii barnootaa, ragaa barnootaa




**26.** Ragaa barnootaa fi hojii



**27.** Gaa'ila



**28.** Nama saala murtaa'e tokko hin qabne

## Dalagawwan

Kitaaba kana keessatti, gochaawwan adda addaa xumuraamuu qaban kan biyya Kaanaadaa keessa jiraachuuf fayyadan argatta. Gochaawwan adda addaa rawwataman fulduratti qajeelfamni ni jiraata. Hubaannoodhaan dubbisi. Gochaawwan tokko tokko halluu diimaatiin kan deebi'an jiru. Kanaaf kanneen biroon akkamitti akka deebi'an ilaaluu ni dandeenya. Yoo dalagaawwan kunneen deebii sirrii qabaatan, dhuma fuulichaa ilaaluun deebii sirrii argachuu dandeessa.

Dalagaawwan adda addaa kitaabni kun of keessaa qabu:

**a) Dalagaa Kaartaa**
Kaarticha irratti iddoo barbaadde mallattoo "✗" mallatteessi.

**b) Dalagaawwan wal duukaa deemuu danda'an**
Lakkoofsaa fi qubeewwan gidduutti sarara ijaari

**c) Qabxiiwwan mirkanneeffannoo**
Gaaffiiwwan dubbisuun deebii mallattoo kanaatiin "✓" saanduqa keessatti itti kenni.

**d) Gochawwan addaan qooduu**
Fakkiiwwaan ilaaluun bakka buutuu kaasuun adda adda qoodi.

**e) Bakka duwwaa guuti**
Odeeffannoo barbaachisoo sarara duwwaa jiru irratti guuti

**f) Duraa duuba gochaatiin kaa'i**
Hima jiru dubbisuun, lakkoofsa sanduqawwan jiran keessa kaa'i, hima jiran duraa duubaan jalqabaa hamma dhumaatti kaa'i.

**g) Boordiiwwan seenaa**
Duraa duuba fakkiiwwan seenaa dubbatanii ilaali

**Gaaffiiwwaan ati irratti yaada kennuu dandeessu, saanduqa akkasii keessatti mul'atu.**

**Odeeffannoon dagaatamuu hin qabne saanduqa akka kanaa keessatti argamu.**

## Yaadannoo:

**Boqonnaa 1**

# HAALA BIYYA KAANAADAA



# Boqonnaa 1
# HAALA BIYYA KAANAADAA




## 1.1 Waa’ee biyyaa Kaanaadaa beektaa?


Kaanaadaan biyya adduyaa irraa guddinaan lammaffaa kan taateedha. Haala iddoo irratti hundaa’uun, tulluuwwan, gaarawwan gurguddoo, bosoona, haraa fi lageewwaan hedduu qabdi.



Namoonni biyya Kaanaadaa waggootii hedduun dura jiraata turan. Utuu qubattoonni biyyaa awuroppaa hin dhufin dura achuma turan. Namoonni biyya Kaanaadaa utuu seenaan afaanii fi barreeffamaa hin turin Kaanaadaa keessa turan.

Har’a ummanni Kaanaadaa, umuriin, saalaan, sanyiin, amantiin, saala adda addaatiin, dandeettii fi haala diinagdee irratti hundaa’uun baay’ee dha.





Guddina haa qabaatuu iyyuu malee lakkoofsi namoota Kaanaadaa keessa jiraatanii baay’ee xiqqoo dha.




Maqaan kaanaada jedhamu, kan jalaqaba dhufe Huron – Iroquois (saba jalqabaa) “Kanata” irraati. Jechi “Kanata” jedhu hiikni isaa iddoo tasgabba’aa, jechuudha.



Kaanaadaan muummicha ministeeraa qabdi, pireezadantii hin qabdu. Bakka bu’aan biyyichaa mootii yookaan Giiftiidha, akkuma biyya Biriteen. Mootiin yookiin moototiin durbaa aangoo biyya bulchuu hin qabdu.




Kaanaadaan biyya dimookiratawaa taatee dha. Bakka buutoonni mana maree, filannoodhaan achi keessa seenu.

Afaan 200 olitu, Kaanaadaa keessatti dubbatama. Kunis immoo qooqa namoota biyya Kaanaadaa keessaa fi kan godaantoota biyya Kaanaada keessa qubatanii dabalata.





## 1.2 Namoota biyya Kaanaadaa keessaa.

Namoonni biyya Kaanaadaa hundeessan namoota biyya iddoo adda addaa sadii irraa dhufaniidha: jiraattota Kaanaadaa duril, Faransaay fi biriiteenii dha. Akkuma kana seenaa keessaatti godaansis immoo seenaa biyya Kaanaadaa ijaaruu keessatti ga'ee mataa isaa taphatee jira.






1. "Ummanni biyyichaa" Kaanaada keessa jirachuun warra jalaqabaa turan. Qubattoota warra Awuroppaatiin dura namoonni biyya Kaanaadaa biyyicha keessa jiraachaa turan, dinagdee, qooqa fi aadaa mataa isaanii qabu.




Har'a 5% qofaatu ummata Kaanaada warra duriiti. Gareewwan sadiitu Kaanaadaa keessatti adda ba'aanii beekamu.

### a) Uummata jalqabaa




Ummatoonni warri jalqabaa dhibbaatamaan kan lakka'amaniidha. Qooqa 60 ol kan saba warra jalqabaatu jira. Ummanni hanga ammaatti kan itti fayyadamaa jiran. Ummanni warri jalqabaa magaloota adda addaa Kaanaadaa keessa jiraatu. Kan hamma walakkaa ta'an lafa iddoo "reserves" jedhamu keessa jiraatu. Warreen kaan immoo ofiin biyyoota of bulchan keessa jiraatu.




**b) Inuit**
Ummata lakkoofsaan xiqqoo ta'an, Kaaba biyya Kaanaadaa keessa jiraatu. Inuit jechuun 'saba' jechuudha afaan isaaniitiin, Inuktitut. Lafa, galaana, bineensa bosonaa beekuun isaanii biyya qorraa Kaanaadaa kessaa jiraachuu akka danda'an isaan taasisa. Har'as immoo qurxummii fi nyaata addaa addaa adamsuun jiraatu. Kanneen akka qurxummii guddaa fi kaarbiyowu adamsuun ummata isaanii nyaachisu.



**c) Métis**
Sabni kun, ijoollee daldaaltota Awurooppaati, akkasumas immoo dubartoota saba warra jalqabaati. Sabni metis aadaa fi duudhaa mataa isaanii kan qabaniifi daldaaltoota fiur wajjin hidhata kan qabanii dha. Har'a magaalota Kaanaadaa fi Ontaari'oo fi goodinoota dhihaa keessa jiraatu.




Jalqaba 1600 keessa qubattoonni Awuroppaa biyya amma Kaanaadaa jedhamu, koloneeffachuu jalqaban. Koloneeffachuu jechuun lafa biyya tokkoo humnaan fudhachuu fi sabaa sana bituu jalqabuu jechuudha. Ummanni Kaanaada jalqabaas immoo akkuma kana qubattoota biyya Awuroppaatiin kolonneeffataman.





**2.** Ummanni Faraansay kaanaadiyaan jedhaman: Akadiyaanii, Kiwuubekarsii fi saboota afaan Faransaayi dubbatan of keessatti dabalata.

Warri Akadiyaanii, sanyii warra qubattoota Faransaay, iddoo amma naannoo Atilaantikiiti. Har'a warri Akadiyaanii guddaachaafi gartuu warra afaan Faransaayi Kaanaada keessatti dubbataniiti.

Warri Kiwuubekarsiin saba warra Kiwuubeekii ti. Baay'een isaanii sanyii warra qubattoota Faransaay, kan afaan Faransaay dubbataniidha, 1600 fi 1700 CE gara Kaanaadaa dhufan. Warri Kiwuubekarsiin enyummaa addaa, aadaa fi qooqa mataa isaanii qabu. Har'a sabni Faransaay miliyoona tokkoo ol ta'an piroovinsii kiwubeekiin alatti iddoo adda addaa keessa jiraatu..




**3.** Kaanaadonni, Ingilizii sanyii warra Ingilizii, Welsh, Skootish fi Ayirish 1600 fi 1900 CE gidduutti gara Kaanaadaa kan dhufanii dha.



Ummanni Kaanaadaa durii, warra Awuroppaa simachuun wajjin nagaan daldalaa turan. Sabni jalqabaa Kaanaadaa dandeettii adda addaa akkamittiin akka qorra biyya Kaaaanda keessa jiraachuun itti danda'amu irraa barachaa turan.




Walii galtee warra Kaanaadaa fi mootummaa Kaanaadaatti. Jiraattoonni Kaanaadaa warri jalqabaa lafa isaanii mana barumsaaf jijjiiran, kaffaltii waggaa fi mirga adamsa qurxummii. Sabni Kaanaadaa warri jalqaba walii galtee mootummaa wajjin qaban karaa tokko duwwan hin hubatan. Kaanaadaan kabaja waadaa saba ishee duriitiif raawwachuun ishee hanga har'atti kan falmii kaasuu dha. Waa'ee saba Kaanaada warra jalqabaa baruun waa'ee Kaanaadaa gadi fageenyaan akka hubattuuf si gargaara.



Kaanaadaan walitti dhufeenya isaanii saba warra jalqabaa wajjin qaban beekamtii kennuun, kabajuun, walii wajjiin dhaabbachuun cimsachuu barbaadu.


Seerri mootummaa Kaanaadaa mirga saba warra jalqabaa Kaanaadaa karaa adda addaatiin kabaja.



**1.** Mirga walii galtee




**2.** Mirga adamsuu fi qurxummii qabuu



**3.** Mirga lafaa



**4.** Mirga ofiin of bulchuu



Akka carraa ta'ee, mootummaan Kaanaadaa mirga namoota durii Kaanaadaa yeroo hundumaa kabajuu hin dandeenye.



Bara 2008 tti mootummaan Kaanaadaa koomishiinii araaraa uume. Gartuun kun gabaasa ittiin walitti dhufeenya saba jalqabaa fi mootummaa Kaanaada fayyisuu fi jijjiruun danda'amuu qopheesse. Kunis immoo sirna araarsaa kan itti fufuu dha.

Hundumtuu akkamittiin akka saba Kaanaadaa warra jalqabaa wajjin araarri uumamuu danda'u keessatti gahee taphateera.

**Qajeelfama:** haala ittiin araarri uumamuu danda'u dubbisi. Waanta ati yommuu Kaanaadaa dhuftu gochuu dandeessu irra mallattoo "✓" godhi



☐ **1.** Waa'ee saba warra jalqabaa gadii fageenyaan dubbisuu



☐ **2.** Aadaa fi duudhaa saba warra jalqabaa kabajuu




☐ **3.** Artistoota fi daldaaltoota saba warra jalqabaa deeggaruu



☐ **4.** Qophii saba jalqabaa Kaanaadaa adda addaa irratti hirmaachuu

## 1.3 Kaartaa Kaanaadaa

**Qajeelfama:** kaartaa Kaanaadaa ilaali: eessa akka jiraattu yoo beekte, barbaadiitii "❌" kaasii




Kaanaadaan garba sadiin kan marfamtee dha.

Daangaan Kaanaadaa karaa kibbaa Ameerikaa dha.

★ Ottaawwaan magaalaa guddaa, Kaanaadaatti. Goodina Ontaariwoo fi kiwuubeekii gidduutti argama.

Ingiliffii fi Fireenchiin afaan hojii Kaanaadaati. Mootummaan federalaa Kaanaadaa afaan lamaaniinuu dirqama tajaajila kennuu qaba. Kiwuubekii piroovinsii itti afaan Faransaay kan dubbatamuu dha. Afaan New Brunswick Fireenchii fi Ingillifaa dha. Namoonni baay'een Kaanaadaa keessatti afaan Ingiliffaa dubbatu, akkuma kanas immoo hawaasni afaan Fireenchii dubbatus immoo jira




Odeeffannoo dabalataa waa'ee hawaasa Fireenchii dubbatuu argachuuf Carte interactive sur les collectivités francophones asirratti ilaali:

## 1.4 Mallattoobakka buutuu Kaanaadaa

**Qajeelfama:** mallattoo bakka buutuu Kaanaadaaa ilaali: bakka buutuu fi ibsa isaa gidduutti sarara kaasi



**Baallee Joobiraa** — **1.**



***Inuksuk*** — **2.**



**Bakka buutuu infinitii** — **3.**



**Baala Qobboo** — **4.**



**Biivarii** — **5.**



**Abaaboo** — **6.**

**a)** Alaabaa Metis irratti faayadamu. Kunis kan agarsiisu aadaan Awuroppaa fi saba jalqabaa Kaanaadaa tokko akka ta'ee fi ummanni Metis bara baraan akka jiratanii dha

**b)** Muka Kaanaadaa keessatti argamu. Mukichis immoo dhangala'oo mi'aa buusa, halluun baalichaa ni jijjirama. Alaabaa Kaanaadaa irratti mul'ata.

**c)** Mallattoo qulqulla'aan saba jalqabaa, bakka buutuu uumaa wajjin walqabsiisu. Ayyaana adda addaa irratti fayyada.

**d)** Mallattoo loltoota Kaanaadaf lolaanii fi bilisummaa Kaanaadaaf du'an.


**e)** Daldalli Fur Kaanaadaa keessatti barbaachisaa fi dinagdee biyya Kaanaadaa keessatti, faayidaa guddaa kan qabuu dha.

**f)** Mallatoon dhagaa Inuit walii galteef fayyada. Meeshaa biyya Arkitikii keessa jirachuu fi mallattoo afuuraati.


Deebii: 1 (c); 2 (f); 3 (a); 4 (b); 5 (e); 6 (d)

## 1.5 Waqtiilee

**Qajeelfama:** waqtiilee arfan Kaanaada keessa jiran ilaali akkasumas immoo akkamitti waqtiilee arfan kun adda adda ta'an ilaali.



- Baay'ee ho'aa ( 33°C ol )
- Bulluqaa (25°C hanga 32°C)
- Ho'aa (19°C hanga 24°C)
- Qabbana'aa (6°C hanga 18°C)
- Kabbana'a (-9°C hanga 5°C)
- Baay'ee qorraa (-19°C hanga -10°C)
- Gar malee qorraa (-20°C gadi )



## 1.6 Hojii yeroo waqtii adda addaa

Hojiiwwaan adda addaa yommuu waqtii adda addaa Kaanaadaa keessatti godhaman

**Qajeelfama:** hojiiwwan waqtii adda addaa irratti raawwataman ilaali. Gochaa fi waqtiilee gidduutti sarara ijaari.




**a)** Kuduraa fi muduraa funaanuu



**h)** Bakka bashaannana deemuu



**b)** Abaaboo dhaabuu






**g)** Cabbii irra mucuuca’uu



**c)** Gochaa ispoortii



**f)** Bishaan daakuu



**d)** Haalluuwwan mukaa ilaaluun bashannanuu



**e)** Warshaa sukkaaraa ilaaluu (yommuu shonkoraan gara dhangala’ootti jijjiiramu)

Deebiiwwan:1 (c,g); 2 (b,e); 3 (f,h); 4 (a,d)




Waan adda addaa uumuun, namoota durii Kaanaadaa seenaa biyyattii keessatti ga'ee guddaa taphatataniiru. Bakkee keessatti gochawwan godhaman waqtiilee hundumaa keessatti kan bashannanaa fiduu danda'anii dha.

## 1.7 Gannaaf qophoofteetaa?

Ganni Kaanaadaa namoota reefuu gara Kaanaadaa dhufaniif baay'ee rakkisaa dha. Haalli qilleensaa qorraa yookiin baay'ee qorraa waan ta'eef. Qilleensi xiqqoon haala qilleensichaa jijjiiruu danda'a.yommuu gannaa akka sitti ho'uu yoo barbaadde, daddabaluun uffadhu.

**Qajeelfama:** sababa qorraa irraa kan ka'e kutaa qaama kee midhamuu danda'u ilaali. Kutaa qaamaa fi uffata si eeguu danda'u sararaan walqabsiisi




**Namoonni biyya Kaanaadaa keesssaa waggaa guutuu gochawwan adda addaa hojjachuun dabarsu. Uffannaa barbaachisaa uffachuun ammoo murteessaa dha.**

Deebii: 1 (e); 2 (a); 3 (f); 4 (b); 5 (d); 6 (c)

Boqonnaa 1: **HAALA BIYYA KAANAADAA**

## 1.8 Fuulaawwan Kaanaadaa

**Qajeelfama:** uummata Kaanaadaa ilaali. Mallattoo "✓" namoota Kaanaadaa jettuuf kenni



✓ **1.**



☐ **2.**




☐ **3.**




☐ **4.**



☐ **5.**




☐ **6.**



☐ **7.**




☐ **8.**



☐ **9.**



☐ **10.**



☐ **11.**



☐ **12.**

Deebii: 1 (✓); 2 (✓); 3 (✓); 4 (✓); 5 (✓); 6 (✓); 7 (✓); 8 (✓); 9 (✓); 10 (✓); 11 (✓); 12 (✓)



Namoonni haaraan gara Kaanaadaa dhufan dandeettii mataa isaanii fidanii gara Kaanaadaa dhufu. Hirmaannaa isaan jireenya Kaanaadaa keessatti qaban jijiirama guddaa fida. Hojii hojjatu, taaksii kaffalu, hiriyyummaa uumu. Guddina biyya Kaanaadaa keessatti jijiirama guddaa fidu.

Nama 5 keessaa 1Kaanaadaan alatti kan dhalataniidha.





Namoonni biyya Kaanaadaa keessaa wal danda'uu fi kabaja namoota biyya Kaanaadaa keessa jiran hundumaati. Umuriin, sanyiin, sadarkaa haawaasaan, qooqa, amantii, lammummaa, sadarkaa godaansaan, haala saalaa, dandeettii yookiin hir'ina qaamaa otoo hin jedhin hundumatti agasiisu:


Kunis immoo kan ta'uu danda'u:*



**1.** Wanta dubbatanii fi hojjatan keessatti nama kabajuu.



**2.** Mirga namoota hundaa kabajuu, haala barbaadanitti yoo jiraatanillee. Haala ati jiraattu irraa yoo adda ta'e ille.



**3.** Namoota hundumaa ija tokkoon ilaaluu fi kabajuu


**Sammuu banaa, wal danda'uu fi haala adda addaa keessatti of jijjiiruun jireenya biyya Kaanaadaa keessatti baay'ee barbaachisaa dha.**

## 1.9 Adda addummaa

Kaanaadaan biyya aadaa adda addaatiif kabaja kennituu dha. Seerri Kaanaadaa namoota hundumaa walqixxa kabaja. Waa'ee adda addumaa biyya Kaanaadaa keessa jiruu kitaaba itti aanee jiru keessatti dubbisi.



**Qajeelfama:** adda addummaa saala adda addaa ilaali, eenyumaa saalaa, ibsa saalaa fi haala saalaa adda addaa biyya Kaanaadaa keessaa.



### 1. Amala saalaa.

Yommuu dhalannetti saalli keenya maal akka ta'e, qaama keenya ilaaluudhan beekama. Dooktarri yookiin maatiin keenyaa dhiira ♂ yookiin dhalaa ♀ ta'uu keenya qaama keenya ilaaluun nutti himu. Namoonni tokko tokko ummamaan saala lamaan qabaatanii dhalatu ○ nu'i hundumtuu saala mataa keenyaa qabna. Waa'ee kan mataa keetii yaadi.




### 2. Eenyummaa saalaa

Miira keenyaan durba ta'uu ♀, dhiira ♂, lamaanu ⚧ yookiin lamaanuu kan hin taane ⊖. Eenyummaan saala keenyaa isa nuti taanee dhalanne irraa adda ta'uu danda'a. Nu'i hundumtuu saala mataa keenyaa qabna. Waa'ee eenyummaa keenyaa namni nutti himuu hin danda'u; nu qofaatu beeka. Hubannoon keenya waa'ee saalaa jijiiramuu danda'a. Waa'ee ofii keetii yaadi.



### 3. Ibsa saalaa


Eenyumaa saala keenyaa akkamittiin ibsina. Eenyummaan saala keenya dhiirummaa ♂ dubbartummaa ♀, lamaanuu ⚥ yookiin kan biraa ta'uu danda'a. Eenyummaan saala keenyaa: uffanaa keenyaan, istaayilii rifeensaa keenyaan, meek aappii(dibata), tochii qaama keenyaa, sagalee fi amala keenya. Maqaa nuti faayadamnuunii fi maqaan addaa keenya saala keenya ibsuu danda'a. Akkamittiin akka saala keenya ibsinu jijiiramuu danda'a. Hundi keenya saala keenya karaa adda addaan ibsina. Kan kee akkamittiin akka ibsitu yaadi.



### 4. Hubannaa saalaa

Jaalala nuti qaamaan, miira, fedhaan namoota birootiif qabnu Namoota saala adda addaa, saala gosa tokkoo, saala gosa tokkoo yookiin isaa olii jaalachuu dandeenya. Hubannoo saala kan adda addaa qabna. Hubannoon saalaa keenyaa nuti qabnu jijjiiramuu danda'a.Waa'ee namoota si hawwatanii yaadi.

Seerri biyya Kaanaadaa keessaa, namoota amala saalaa adda addaa qaban, eenyummaa saalaa adda addaa qaban, ibsa saalaa adda addaa qabanii fi hubannoo saalaa adda addaa qaban, Hacuuccaan akka isaan irra hin geenye eega.



**a)** Gaa'illi mirga namoota hundumaati. Kan saalaan gosa tokko ta'an akkuma kanas immoo kan saala gosa tokko qaban.





**b)** Yoo namni tokko saalli isaa kan yeroo dhaloota irraa adda jedhee yaade mirga seeraan jijjiirachuu qaba. Paaspoortiin biyya Kaanaadaa namoonni saala isaanii akka filataniif jajjabeessa. Dhiira, dhalaa yookiin saala kan biroo (**×**).



**c)** Biyya Kaanaadaa keessatti namoonni mirga saala adda adda ibsachuu, eenyummaa saalaa, ibsa saalaa akka barbaadanitti ibsachuu danda'u.

**Namoonni saala adda addaa qaban utuu qubattoonni biyya Awuroppaa hin dhufin dura jiraachaa turan. Har'as namoonni Kaanaadaa durii kan saala dhiiraa yookiin durbaan alatti qaban Akka hafuura lamaa jedhamu. Hafuuri lama namoota Kaanaadaa duritiif hiikaa mataa isaa danda'e qaba.**



## 1.10 Namoota hanqina qaamaa qaban Kaanaadaa keessatti.



Namoonni hanqina qaamaa qaban, rakkina murtaa'ina waan barbaadan gochuu qabu. Hanqinni qaamaa tokko tokko kan mul'achuu danda'uu dha. Kan immoo kan hin mul'atnee dha. Miidhaa adda adda irraa kan ka'e namoonni hir'ina qaama qabachuu danda'u yookiin immoo umuriin deemuu irraa kan ka'e hir'ina qaamaa qabaachuu danda'u.



Kaanaadaa keessatti nama 5 keessaa namni tokko yoo xiqqaate hanqina qaama 1 ni qaba.



Namoonni hir'ina qaamaa qaban kan Kaanaadaa keessa jiran akkuma namoota warra kaanii mirga guutuu akka barbaadanitti jiraachuu qabu. Yoo hir'ina qaamaa qabaatte yookiin maatii kee keessa namni akkasii jira ta'e, rakkoo kee namoota si gargaaranitti himadhu.



Kaanaadaa keessatti, hojiiwwan, manneen barumsaa, dhaabbatoonni adda addaa fi hawaasni rakkoo namoota hir'ina qaama qabanii furuuf hojjatu.

Kun kan dabalatu:




**1.** Tajaajila adda addaa haala salphaatiin akka argatan taasisu



**2.** Iskoolarshipii (carraa barumsa alaa) fi deeggarsa maallaqaa namoota hir'ina qaamaa qaama qabaniif gochuu



**3.** Iddoo hojii namoota hir'ina qaamaa qabaniif jijjiiru.




**4.** Namoota hir'ina qaamaa qaban warra kaan wajjin ija tokkoon ilaalu: qacarrii, barumsaa, manaa fi wantoota biroo ilaalchisee.

**Namoota hir'ina qaama qabaniif tajaajilli adda akka isaan baasii isaanii irra olchaniif kan godhamu jira. Odeeffannoo kan biroo argachuuf dhaabbata mootummaa fandii si godhu, yookiin ispoonsara kee gaafadhu.**




## 1.11 Namoota hiri'ina qaamaa qaban waliin walitti dhufeenya uumuu.

**Qajeelfama:** haala namoonni hir'ina qaama qaban keessa jiran ilaali. Haala isaanii fi ibsa isaa gidduutti sarara kaasi.



**1.**



**2.**



**3.**



**4.**



**5.**



**6.**

**a)** Nama hir'ina qaama qabu sana hasofsiisi, nama isaan gargaaraa jiru osoo hin ta'in.

**b)** Namni hir'ina qaamaa qabu homaa gochuu hin danda'u jettee hin yaadin.

**c)** Hir'ina isaa otoo hin ta'iin namicha ilaali

**d)** Eeyyama isaanii malee qodaa nama hir'ina qaamaa qabuu hin tuqin


**e)** Namni hir'ina qaamaa qabu gargaarsa ni barbaada yoo ta'e otoo isaan si hin gaafatiin gaafadhu


**f)** Nama hir'ina qaamaa qabu sirrii miti jettee hin yaadin.

Deebii: 1 (c); 2 (f); 3 (a); 4 (b); 5 (e); 6 (d)

## 1.12 Hacuuccaa Kaanaadaa keessaa

Hacuuccaan wanta namoonni kaan bilisaan raawwatan, bilisaan akka hin raawwanne si taasisa. Nama hacuucuu jechuun namoota warra kaan irraa gad qabanii ilaaluu jechuu dha.




Namoonni Kaanaadaa keessaa hacuuccaan akka jiru ni beeku. Kaanaadaan biyya aadaa adda addaa qabdu haa taatuyyu malee, nama shan keessa nama tokko irratti hacuuccaan ni qaqqaba.

Hacuuccaan karaa adda addaatiin dhufuu danda'a. Si'a tokko tokko hubachuuf salphaa dha. Si'a kaan immoo kan baay'ee dhokatee dha.

Hacuuccaan guyyaa dha guyyaatti karaa adda addaatiin uumamu danda'a, karaa arrabsoo xixiqqoo. Arrabsoon akkasiis immoo




1. Akka nama yaaduu hin dandeenyeetti ilaalamuu




2. Akka nama hin amanamneetti ilaalamu



3. Nama tajajila kennu fulduratti dogogoraan ilaalamu





4. Tajajila wal qixxaa argachuu dhabuu



**Eenyummaa namaa irraa ka'uun nama wal caalchisuun seera biyya Kaanaadaa keessatti nama gaafachiisa.**




**Qajeelfama:** fakkeenyawwan hacuuccaa biyya Kaanaadaa keessaa haa ilaalu: fakkeenyaa fi gosa hacuuccaa gidduuti sarara kaasi.



**1.** "Biyya eessaa irraa dhuftee? Biyya keetti deebi'i.



**2.** "Gareen keenya mataatti maratanii taphachuu ni dhorka kanaaf taphachuu hin dandeessu"



**3.** "Liiftii cabaa"



**a)** Hacuuccaa hir'ina qaamaa irraa dhufuu danda'u.




**b)** Hacuuccaa eenyummaa lamummaa irraa dhufuu danda'u



**c)** Hacuuccaa amantii irraa dhufuu danda'u

Deebii: 1 (b); 2 (c); 3 (a)



**4.**

"Dhironni lama harka wal qabatee yommuu karaa irra adeemu! Qaanii hin qabu!"




**5.**

"Dubartoonni hojii kana hojjachuu hin danda'ani."




**6.**

"Namni akka keetii asii qodaa bituu hin danda'u!"



**7.**

"Namoonni akka isaanii iddoo kanatti baay'echaa yoo adeeman naannoon kun tasgabbaa'uu hin danda'u."




**d)** Hacuuccaa eenyumaa saala irratti kan hunda'e



**e)** Hacuuccaa saala irratti kan hunda'e



**f)** Nama jaalattu irraa kan ka'ee hacuuccaa dhufuu danda'u (haala saala)



**g)** Hacuuccaa sanyii irraa ka'ee dhufuu danda'u

Deebii: 4 (f); 5 (e); 6 (d); 7 (g)

## 1.13 Kaanaadaa keessatti hacuuccaa furuu.

Kaanaadaa keessatti mirga hacuuccaa ga'aa jiru gaafachuu qabda, kanas immoo tarkaanfii ittiin gaafachuu dandeessu baruu qabda.


**Qajeelfama:** akkamittiin akka rakkoo hacuuccaa furuun dandaa'amu tartiibaawwan armaan gadii ilaali. Mallatoo "✓" dhaan mirkaneessi, wanta kaanaadaa keessatti gochuu dandeessu




☐ **1.** Waa'ee jabina keetii yaadi



☐ **2.** Nama amantu tokkoo wajjin haasa'i



☐ **3.** Yoo dandeesse namichi wanta sirrii hin taane gochaa jiru sana gochuu akka dhaabu itti himi.





☐ **4.** Gadi fageenyaan wanta ta'aa jiru sana barreessi: maal akka ta'e, maqaa, guyyaa, yeroo fi iddoo. Kunis immoo wanta kana dura ta'e gadi fageenyaan ibsuu danda'a



☐ **5.** Nama gargaarsa sammuu fayyaa kennu irraa gargaarsa gaafadhu.



☐ **6.** Lakkoofsa poolisii naannoo keetii irratti bilbiluun gargaarsa gaafachuu ni dandeessa



☐ **7.** Yoo iddoo hojiitti hacuuccaan sirra ga'e, namni si qacare poolisii dhorkaa hacuuccaa qabaachuu isaa ilaaluun, qajeelfama isaa hordofi




☐ **8.** Yoo rakkoon si irra ga'aa jira ta'e 911 irratti bilbiluu ni dandeessa.

**Hacuuccaan si'a tokko tokko gara jeequmsaatti geessa. Jeequmsi hacuuccaa irraa ka'uun dhufu, Kaanaada keessatti baay'inaan hin mul'atu. Jeequmsi akka kanaa seera mootummaa cabsuu dha.**

## 1.14 Waantoota namoonni biyya Kaanaadaa keessati raawwatan

Namoonni biyya Kaanaadaa keessaa, tokko tokkoo wanta ati beekturra adda ta'e gochuu ni danda'u.


**Qajeelfama:** amala biyya Kaanaadaa keessatti baramanii ilaali. Mallattoo irrattii mallateesuun agarsisi




☐ **1.** Hiriiruu



☐ **2.** Namoonni saala wal fakkaataa qaban yommuu wal dhungatan arguu.




☐ **3.** Ija namatti baasuu



☐ **4.** Keessummoota seequudhaan ilaaluu




☐ **5.** Uffata amanttaa adda addaa uffachuu yokiin uffata mallatto gabu uffachu.



☐ **6.** Qumxaa (surri gabaaba) uffachuu, tiishartii uffachuu




☐ **7.** Iddoo banaa irratti daa'imman harma hoosisuu.



☐ **8.** Doodiraantii bobaa jalatti godhachuu (fayyadamu)

**Kaanaadaa keessatti karaa irratti tufuun yookiin fincaa'uun, qufa'uu fi haxxiffachuun utuu afaan kee hin haguugiin hin danda'amu. Uummata gidduuttis immoo fudhatamaa miti.**



## 1.15 Seera biyya Kaanaadaa keessaa.

Seera gosa sadiitu biyya kaanadaa keessa jira.



1. **Seera Federaalaa**
   Seeri kun nama kamiyyuu kaanaada keessa jiru irratti ni hojjataa. Fakkeenyaaf seera immiigireeshinii fi taaksii galii.




2. **Seeraa piroviinsii fi ittiin bulmaata biyyaa**
   Seerri kun pirooviinsii irraa gara iddoo adda addaatti ni jijjiiramu. Fakkeenyaaf, mana jireenyaa, fayyaa, baruumsaa fi maatii.




3. **Seera bulchiinsaa**
   Seerri kun magaalaa adda addaa keessatti ni hojjatu. Seerri kun waa'ee iyyuu, xuuxuu, makiinaa dhaabuu dha.



**a)** Seera biyya Kaanaadaa keessatti namoonni hamma yakkamaa ta'uun isaanii adda ba'utti qulqulluu dha.



**b)** Poolisoonni biyya Kaanaadaa keessaa namoota hundumaa ija tokkoon ilaaluu qabu. Gargarsa jalqabas gargaruu danda'u



**c)** Poolisoonni saala adda addaa jiru



**d)** Poolisoonni tasgabbii fiduuf, nagaa buusuuf,yakka saaxiluuf, namoota yakkaan miidhaman gargaaruuf ni hojjatu. Namoota yakkaan himataman mirga hidhuu ni qabu.

**Itti gaafatamummaa seeraa beekuu fi hubachuu qabda, akkuma kanas immoo yoo cabsite maaltu uumamuu akka danda'u beekuu qabda.**

## 1.16 Biyya Kaanaadaa keessatti wantoota seeran ala ta’an

**Qajeelfama:** biyya Kaanaadaa keessatti wantoota seeraan ala ta’an ilaali. Mallattoo $ yoo bu’aan isaa gaarii ta’e kaa’i. Mallattoo Ⅲ yoo bu’aan isaa mana hidhaa kan seenu ta’e kaa’i.



[Ⅲ] **1.** Eeyyama malee qawwee baachuu



[ ] **2.** Qabattoo of eeggannoo otoo hin hidhatiin konkolaachisuu



[ ] **3.** Iddoo hawaasaatti xuuxuu.



[ ] **4.** Jeeqamanii konkolaachisuu.



[ ] **5.** Eyyama malee qurxummii qabuu fi adamsuu.



[ ] **6.** Qaama namaa tuquun, fedha wal quunnamtii saalaa hin barbaachifne uumuu.



[ ] **7.** Qaama namaa miidhuu, maatii ofii rukutanii miidhuu.

Deebii: 1 (Ⅲ); 2 ($); 3 ($); 4 ($); 5 ($); 6 ($ or Ⅲ); 7 (Ⅲ)




8. Qaama mootummaatiif matta'aa kennuu.



9. Qoricha eyyama hin qabne gurguruu fi olii-gad baatanii adeemuu.




10. Si'a tokkotti nama tokko caalaa fuudhuu.



11. Ijoollee dhagna qullaa ta'an suuraa kaasuun qabachuu, namaaf hiruu.



12. Konkoolaataa dhugaatii, qorichaa fi alkoolii fudhachuun oofuu.



13. Nama gaa'ilaaf dirqisisuu.



14. Ijoollee xixiqqoo waliin walquunnamtii saalaa raawwachuu.



15. Dhagna qabaa dubartii.

**Kan armaan gadii keessaa seera Kaanaadaa isa kamtu siif haaraa dha?**

Deebii: 8 (Ш); 9 (Ш); 10 (Ш);11 (Ш); 12 (Ш); 13 (Ш); 14 (Ш); 15 (Ш)

## 1.17 Wantoota Kaanaadaa keessatti seera qabeessa ta'an

Namni biyya Kaanaadaa keessaa bilisummaa biyya kee irraa adda ta'ee qabaachuu danda'u. Wanta isaan godhan dirqama gochuu hin qabdu, sababa biyya Kaanada keessa jiraatuuf. Yoo wanta isaan godhan mormitullee mirga namoota kanaa kabajuu qabdu.





**1.** Eenyuunii fi yoom akka fuutu umuriin 18 ol ta'e saala wal fakkaataa yookiin adda ta'e mirga filachuu.



**2.** Ulfa baasisuu.



**3.** Bu'aawwan kaanaabisii fayyadamuu (nama ga'aaf qofa).



**4.** Alkoolii fayyadamuu (nama ga'aaf qofa).



**5.** Yoo dhukkuba fayyuu hin dandeenyeen qabamte, mirga gargaarsa dooktoriitiin du'uu. Dhukkubichi ofii isaanuu yeroo yartuu booda ajjeesuu waan danda'uuf.



**6.** Mirga mootummaa karaa nagaatiin mormuu.



**7.** Qofaa kee taatee mucaa qabaachuu yookiin namoonni saala wal fakkataa qabaatan, mucaa qabaachuu.




**8.** Amantii barbaadde hordofuu.





**9.** Mirga saala kee jijjiirachuu (dhiira ♂, dhalaa ♀, saala kan biroo (**×**).

**Namni tokko ga'aa kan jedhamu yommuu umuriin isaa 18 yookiin 19 ta'uu dha. Piroovinsii tokko irraa gara kan birootti adda adda.**



## 1.18 Haala maatii adda addaa

Kaanaadaa keessatti, haalli maatii, iddoo ati keessa turte irraa adda dha. Itti gaafatamumaan miseensa maatii tokkoo kan maatii biyya kanaa irraa adda dha.






**1.** Gara biyya biroo adeemuun, itti gaafatamummaa miseensa maatii keessa jiranii jijjiiru danda'a. Kun immoo dhiphina fiduu danda'a.



**2.** Karaawwan ittiin jijjiirama akkasii sirreessuu dandaa'an jiru, fakkeenyaaf dubbachuu dhan, miseensa maatii rakkoo qabaate deggeruudhaan.



**3.** Maatiin tokko tokko kan reefuu gara kaanaadaa dhufan, kaanaadaa keessa jiraachuun ulfaataa dha jedhu.ijoolleen isaa dafanii aadaa haarawaa kana waliin wal baru isaaniin dursanii. Maatiiwwan, wanta ijoolleen isaanii godhan waliin wali galuu dhiisuu danda'u fakkeenyaaf: uffannaa, haala dubbii fi k.k.f.

**Yommuu dhiphini jiraatutti, maatii irratti rakkoo uumuun kaanaadaa keessatti dhorkaa akka ta'e hubadhu. Odeeffannoo kana caalu argachuuf kana dubbisi.**

**Qajeelfama:** fakkeenya rakkoowwan maatii keessatti uumamanii ilaali. Fakkeenyaa fi ibsa isa gidduutti sarara kaasi.



**1.**



**2.**



**3.**



**4.**



**5.**



**6.**

**a)** Wanta ijoolleef yookiin nama dulloomaaf baay'ee barbaachisaa ta'e gochuu dhiisuu.

**b)** Dookumantii to'achuu fi maallaqa miseensa maatii keessa jiru dhooksaan fayyadamuu.

**c)** Miseensa maatii rukutuu.


**d)** Kabaja maatiif jechuun miseensa maatii ajjeessuu.

**e)** Jechaa fi miiraan wal miidhuu.

**f)** Wal qunnamtii saalaatiif miseensa maatii dirqimsiisuu.

Deebii: 1 (c); 2 (f); 3 (b); 4 (e); 5 (a); 6 (d)

Wal hiikuu yoo barbaadan, lamaan keessaa tokko wal hiikuuf iyyannoo dhiyeefachuu danda'u. Kaanaadaa keessati mana murtii duwwaatu wal hiiksisuu danda'a. Yoo wal hiikan namoonni lamaanuu ijoollee isaanii maallaqaan deggeruu qabu.




**Gaa'ila si miidhu keessa taa'uun, sadarkaa goodansaa kee biyya kaanaadaaf jettee jirachuu hin qabdu. Ispoonsara kee wajjiin jiraachuu hin qabdu. Jiraataa biyya kaanaada yeroo hundaa ta'uuf yookaan nama gargaarssa siif godhuu wajjiin jiraachuu hin qabdu.**

Yoo dorsisii sirra ga'e, yoo miidhaan sirra ga'e, yookiin miidhaa baqattee mo dandessa:




1. 911 irraattii gara poolisittiin imeerjeensii bilbilli.
2. 211 irratti bilbilluun tajaajila fayyaa fi hawaasaa argachuu dandeessa.



3. Mana jireenyaa yoo barbaadde www.sheltersafe.ca.



4. Nama si gorsutti bilbiluun, gorsa argadhu.

## 1.19 Kaanadaa keessatti ijoollee guddisuu



Seeri biyya kaanaadaa ijoollee miidhuu fi dhiisuu irraa ni eega. Namni hundumtuu miidhaa ijoollee irra ga'uu gabaasa gochuu qaba. Gargaarsi maatiin wal wajjiin akka jirataniif godhamu ni jira. Haa ta'uutii garuu ijoollee irra miidhaan ga'aa jira yoo ta'e mootummaan maatii irraa ijoollee fudhata.

Karaa armaan gadiitiin kaanaadaa keessatti ijoollee guddisuun hin danda'amu.



1. Rukutuu dhaan, reebuu dhaan.



2. Midhuu dhaaf yookiin Ajesuidhaaf sodachisuu.




3. Nyaata fu bu'ura jireenya kennu dhisu.



4. Jaalala hambisuu fi diduudhaan.

Waan maatiin gochuu qabu dubbisi.



1. Yeroo dhiphuu keetii tasgabaa'uuf yaali.



2. Garaagarummaa ijjoollee fi namaa beekaa hubadhu, bilchina, umurii, beekumsa, ciminaa fi muuxanoo irratti hundaa'uun.



**3.** Ijoollee keetiif yeroo dhuunfaa isaanii kenniif tasgabaa'anii yaaduu akka dandaa'aniif.




**4.** Yaada ijoollee dalagaa adda addaa kennufiin jijjiiruu dandeessa.




**5.** Amala gaarii isaaniitiif badhaasa keenni.



**6.** Amallii gaarii hin taane bu'aa inni fiduu danda'u itti himi.



**7.** Rakkoon cimaan yommuu si mudatutti, gorsa maatii biroo gaafachuuf yaalii.



**8.** Akkamitiin akka ijoollee adabuun dandaa'amu namoota gorsa kennuu danda'an gaafadhu.



**9.** Daangaa kaa'uu, carraawwan adda addaa dhorkuu.

**Haala adabbii armaan olii keessaa isa kamtu maatii keetiif hojjachuu danda'aa?**

# Boqonnaa 2
# ADEEMSA



# BOQONNAA 2
# ADEEMSA



## 2.1 Qubannoo: Abdii fi sodaa

Namoota lama kan Kaanaadaa qubachuuf deeman waliin wal barree akkamittiin gara kaanaadaa deemuun jireenya isaanii akka jijjiiramuu danda'u gaafatamanii turan. Lamaanu abdii fi sodaa Kaanaadaa keessatti qabaachuu dandaa'an dubbatan.

**Qajeelfama:** seenaawwan dubbisuun, mallattoo abdii fi sodaa Kaanaadaa keessatti qabaachuu dandeessu irratti mallateesi.

**1.** Wal barri ______________________________.

Umuriin isaa 24. Utuu barumsa isaa hin xumuriin biyyaa baqatee ba'e.Waggoota sadan darbaniif, ofii isaatiin jiraachaa ture, biyyaa isaatiin alatti akka godaanaati. Qubannoon Kaanaadaa keessati yeroo isaaf eyyamamutti wantoota kana tarreesse.



Abdiin isaa:




☐ **a)** Dandeettii Ingilliffaa fi afaan Faransaayi fooyyeffachuu



☐ **b)** Biyya nagaaf tasgabba'aa keessa jiraachuu.




☐ **c)** Barumsaa isaa itti fufuu fi Kaanaadaa keessatti hojii argachuu


Sodaan isaa:



☐ **a)** Kaanaadaa keessa qofaa jiraachuu



☐ **b)** Yeroo gannaa dheeraa fi dillalla'a



☐ **c)** Barumsi isaa kana dura fudhatama waan hin qabneef kaanaada keessatti barumsa akka haaraatti jalaqabuu

**2.** Wal barri ______________________________.


Umuriin ishee 45. Hiriyaan ishee du'ee jira. Buufata godantoota keessa waggaa 15 jiraatteeti. Barumsa idilee hin qabdu. Gara biyya kanaadaa jirachuuf kan demte ijolle ishee lamaan walini. Biyya Kaanaadaa keessa akka qubattuuf yeroo eyyemamuufitti, wantoota armaan gadii tarreesite.



Abdiin ishee:



☐ **a)** Ijoollee isheetiif egeree gaarii qabaachuu ishee



☐ **b)** Naannoo nagaa qabu keessaa jiraachuu ishee.



☐ **c)** Hawaasa haaraa keessati simannaa argachuu ishee fi hiriyoota haaraa qabaachuu.

Sodaan ishee




☐ **a)** Afaan Ingiliffaas ta'e afaan Faransaay dubbachuu hin dandeessu.



☐ **b)** Maatii ishee fi firoota ishee irra kan fagaattu taati.



☐ **c)** Ijjoolee ishee aadaa haaraa keessatti guddisuu.

Miira Abdii fi sodaa gara Kaanaadaatti adeemuun qaabachuun sirrii dha.

Iddoo jiru irratti, sodaa fi abdii waa'ee Kaanaadaa qabdu dabalataan barreesi.

______________________________

______________________________


______________________________

______________________________

______________________________

______________________________

## 2.2 Deemsa kee



Adeemsi kee gara Kaanaadaa dheeraa fi kan si dadhabsiisu dha. Iddoo ati jirtu irraa si'a tokkoon Kaanaadaa hin seentu. Balallii si'a tokkoo caalaa sitti fudhata. iddoo dhumaa ga'uuf Adeemsa sa'aa dheeraa fi guyyoota dheeraa kan fudhatuu dha.


**Qajeelfama:** Kaartaa addunyaa ilaali. Iddoo amma jiraattu barbaadi sana booda mallattoo "X" irra ka'i. Kaanaadaan baala mapilitiin(qobboon) mallattoon itti godhameera. Iddoowwan lamaan gidduutti sarara kaasi.



## 2.3 Gara Kaanaadaatti deemuu


Odeeffannoon armaan gadii gara Kaanaadaa deemuuf barbaachisoo dha.

**Qajeelfama:** Waa'e Demsaa biyya kanaadaa keetiif odeeffanno waan arman gadii gutii. Hunda isaa beekuu dhiisuu dandeessa ta'a odeeffannoon kun adeemuu kee dura guyyaa yartuuti. Sararaawwan jiran irratti odeeffannoo barbachisoo guuti yookiin mallattoo geengoo "O" odeeffannoo waa'ee adeemsa kee ilaalchisee kaasi.




**1.** Xiyyaara ati qabattee kaatu eessa irraati:

________________________________



**2.** Buufata xiyyaaraa iddoo ati balallii biraa itti seentuu eessa irraatti:




**3.** Biyya ati irraa kaatuu irraa hamma Kaanaadaatti balalliin sa’aatii hamamii fudhata:



**4.** Buufatni xiyyaaraa Kaanaadaa ati yeroo jalqabaaf irra qubattu isa kami:

**a)** Taroontoo  **c)** Vaakooveer


**b)** Moontiriilii  **d)** Kaalargii



**5.** Buufata xiyyaaraa inni dhumaa ati irra qubattu:



**6.** Magaalaa Kaanaadaa ati keessa jiraattu:



**7.** Gosa geejjibaa iddoo buufata xiyyaaraa ati qubateeti kaasee gara magaalaa ati keessa jiraatutti ittiin deemtu:
**a)** Xiyyaara
**b)** Baasii magaalaa gidduu darbu
**c)** Konkolaataa dhuunfaa yookiin taaksii


## 2.4 Liqii immigireeshinii keetii



Karaa liqii immigireshinii mootummaan baasii adeemsa keetii siif haa kaffaluyyu malee, liqii kana deebistee kaffaluutu sirraa eegamaa. Sababiin isaa kaffalttii jalqabaa mootummaatu liqiin sii kaffale waan ta'eef.




**1.** Dokumentii liqii irrattii mallateessuu qabda. Odeeffannoo waa'ee baasii keetii kan of keessaa qabuu dha, ega Kaanaadaa geesse booda kan kaffaltu jechuu dha. Dookumeentoonni kun seeraan kan barbachisaanii dha.



**2.** Walumaa galatti liqiin immigireeshinii baasii kaffaltii tiraanispoortii keetii iddoo ati kaatuu irra hanga Kaanaadaattii siif kaffala.




**3.** Liqii kana ega Kaanaadaa geesee booda waggaa tokko keessatti kaffaluu qabda.




**4.** Liqiin kun dhala hin qabu.



**5.** Mootummaan odeeffannoo liqii kee yoom akka kaffaluu jalqabuu qabdu waraqaa siif erga. Yeroo hamamii akka fudhatuu fi akkamittiin akka kaffaltu Waa'ee liqii keetii gaaffii yoo qabaatte 1-800-667-7301 or email collection@cic.gc.ca. Odeeffanoo kan birootiif kana dubbisi:.



**6.** Liqii immigireeshinii kaffaluu irratii yoo rakkoo qabaate qeeqa kee mootummaaf dhiyeessu qabda. Haalli ittiin liqiin kee ji'a ji'aan siif hir'ifamuu mijeefamuu danda'a.

## 2.5 Gosawwan Ba'aa (Boorsaa)



1. **Ba'aa Harkaa**
   Kun ulfatini isaa kan xiqqoo ta'ee fi xiyyaara keessatti namoonni ofii isaanii baadhatu. Iddoo teessoo jala kan taa'uu danda'u ta'uu qaba. Yookaan iddoo karaa garaa irra taa'uu qaba.



2. **Ba'aa cheekii ta'e**
   Ba'aan guddaan imaltoonni qabachuu danda'aan Iddoo kuusaa qodaa xiyyaaraa keessa ta'a. Imaltoonni yommuu boorsaa kana gara buufata xiyyaaraa galchanitti nagaheen ni kennamaaf. Yoo akka carraa borsaan bade, nagahee kana qabatanii dhiyaachuu qabu. Imaltoonni boorsaa kana kan argatan dhuma balallii isaanii irraatti.





3. **Mi'awwan dhuunfaa**
   Warreen qodaawwaan xixiqoo ta'anii dha. Koompiwutara, Laptooppii fi boorsaa(korojoo) isaa boorsaa(korojoo) xiqqoo.

**Boorsaan mirkaneffaneffame ta'ee guddinaan, halluunii fi bocaan wal fakkaata. Boorsaa kee adda baastee baruu qabda. Gosa boorsaa keetii adda baastee baruu qabda. Maqaa kee irratti barreessi. Akka yaadachuu dandeessuuf mallattoo irratti godhi.**



## 2.6 Daangaa boorsaa keetii

Xiyyaarri hundumtuu guddina boorsaa mataa isaa qaba. Hojjataa IOM keetii gaafachuu ni dandeessa. Daangaan kun kan murteessu:










1. Dheerina, bal'inaa fi guddinaa boorsaa keetii safaruun tilmaamuu dandeessa. Kun hundumtuu daangaa seentimeetiraan safaramu qaba.
2. Guddina isaa kiloogiraamiidhaan safaruu dandeessa. Guddina boorsaa keetii kiloogiraamii meeqa akka ta'ee madaaluun baruu dandeessa.
3. Lakkoofsa boorsaa eyyamamuu umuriidhaan

**Qajeelfama:** Lakkoofsa boorsaa eyyemamu sarara siif kenname irratti barressi





1. **Karaa adeemtota umurii 2 fi isaa olii**
   Namoonni waggaa 2 fi isaa ol boorsaa meeqa qabatanii gara kaanaada dhufuutu eyyemamaaf?

   ______________________


   ______________________

2. **Kara deemtoota umurii 2 gadii**
   Namoonni waggaa 2 fi isaa olii boorsaa meeqa qabatanii gara Kaanaadaa dhufuutu eyyemamaaf?

   ______________________

   ______________________

3. Lakkoofsi boorsaa eyyemamuu fi ulfaatinni isaa hangam?



   ______________________

   ______________________

   ______________________

Daa'imman umurii 2 gadii teessoo mataa isaanii xiyyaara keessatti hin qaban. Sababa kanaatiif baay'inni boorsaa isaaniif eyyemamuu adda dha.

**Lakkoofsa boorsaa xiyyaarichaaf eyyemamu hordofi. Yoo isa hordofuu baatte, Xiyyaarri boorsaa kee fudhachuu hin danda'u. Yookiin qarshii guddaa kaffaluutu sirraa eegama. Kaffaltiin isaa immoo baay'ee guddaa dha.**

## 2.7 Boorsaa isa kam keessatti maaltu ta'a?

**Qajeelfama:** qodaawwan qabdu ilaali:

Mallattoo geengoo kaa'i "○" gosti qodaa ati qabdu yoo kan boorsaa harkaa keessa kan taa'uu danda'u yoo ta'e.



Mallattoo iskuweerii kaa'i "□" gosti qodaaa ati qabdu kan boorsaa keessaa taa'uu kan danda'u yoo ta'e.



Rog-sadee kaa'i "△" yoo gosti qodaa keetii kan dhuunfaa ta'e, rog sadee saanduqa qoddawwan adda addaa keessa kaa'i




Ulfaatinaa fi gosa boorsaa keetii dagachuu hin qabdu, dheerina yookiin guddina isaa.



△ **1.** Daayiperii fi Nyaata dhangala'oo da'immani isaa xiqqaa ta'e




☐ **2.** Laaptooppii fi taabileetii.



☐ **3.** Bibila, ismaarti foonii.



☐ **4.** Kaameeraa



☐ **5.** Qodaa elektirooniksii (kan vooltii hamma kanaa danda'an 110-120 volts)



☐ **6.** Qodaa miidhaginaa.



☐ **7.** Uffataa fi kophee.



☐ **8.** Ashaangulliitii.




☐ **9.** Qodaawwan amantaa

Deebii: 1 (△); 2 (△); 3 (△); 4 (△); 5 (□); 6 (○); 7 (□); 8 (□); 9 (□)


“○” =  “□” =  “△” = 



☐ **10.** Meeshaawwan ittii qulqulina ofii eegdu.




☐ **11.** Dhangala’oota qabiyyee xiqqoo miili liitira dhibbaa tokkoo gadii).




☐ **12.** Dhangala’oo, kireemii fi jeelii (miili liitira dhibbaa tokkoo olii).



☐ **13.** Sigaaraa (sigaaraa hamma 200, sigaaraa 50 fi tamboo giraama 200).




☐ **14.** Filtuu rifeensaa fi burushii (rigaa) ilkaanii.



☐ **15.** Alkoolii (biiraa liitira 8.5. Waynii liitira 1.5, araqee liitira tokko



☐ **16.** Dookumantii fi sartifikeettii.




☐ **17.** Suura mataa keetii.



☐ **18.** Maallaqa.



☐ **19.** Kifaboota fi Galmee Jeehoota




☐ **20.** Qorichaa fi SWaraqaa Ajajaa.



☐ **21.** Nyaata (Cuqqalamaa) ashagamaa

Deebii: 10 (□); 11 (○); 12 (□); 13 (□); 14 (○); 15 (□); 16 (△); 17 (○); 18 (△); 19 (□); 20 (○); 21 (□)

"○" =  "□" =  "△" = 




☐ **22.** Kitaaba hojii



☐ **23.** Ashaanguulliitii cal'isoo.




☐ **24.** Aara (nyaata) samsamame




☐ **25.** Uffata yeroo qorraa.



☐ **26.** Dibaabee haala qilleensa irratti hundaa'uun.



☐ **27.** Sa'aatii.



☐ **28.** Kitaaba yookiin Gaazexaa.



☐ **29.** Istiroollarii



☐ **30.** Meshaa midhaginaa

**Lakkoofsi qarshii ati qabattee gara Kaanaadaatti dhuftu rakkina hin qabu. Doolaarii kuma kudhan qabattee maatii kee wajjin gara Kaanaadaa yoo dhufte rakkina hin qabu. Gumurukii biyya Kaanaadaatti dursitee beeksisuutu sirraa eegama. Yoo kana gochuu baatte adabbiin sirra ga'uu danda'a.**




**Maallaqa gara Kaanaadaatti bifa birriitiin, kaashii dhaan, cheekii, fandii traansfeeriidhaan baankii keetiif baankii Kaanaadaa gidduutti dabarsuu dandeessa. Baay'inni qarshii ati qabdu gargaarsa ati argattu irratti rakkoo fiduu danda'a.**

DEEBII: 22 (□); 23 (○); 24 (○); 25 (○); 26 (○); 27 (○); 28 (○); 29 (△); 30 (□)

## 2.8 Wantoota dhiisuu qabnu

Waantota ati gara Kaanaadaatti qabattee dhufuun sirra hin jirrees jiru. yoo gara Kaanaadaatti qabattee dhufte, yoo hin beeksisne, adabbiin sirra ga'uu ni danda'a. Akkasumaas immoo himatamuus ni dandeesa.


Waantota ati dhiistee dhufuu qabdu muraasni:




**1.** Nyaata (foon,Aannan,kuduraa fi muduraa).




**2.** Biqiltoota.



**3.** Qaama bineensaa, gogaa.




**4.** Qoricha aadaa, qimamii, biqiltuu.



**5.** Meeshaalee elektirooniksii gurguddoo (teelevizhiinii fi qodaa manaa).



**6.** Meeshaa waraanaa, qawwee, shugguxii.



**7.** Lafee namaa.




**8.** Konkolaataa.



**9.** Qoricha (buuchaa)

# 2.9 Boorsaa harkaa keessatti qodaawwan dhorkaman







1. Dhangala'oo, kireemii fi jeeliiwwan (tokkon tokkoon isaanii keessatti 100ml ol ta'an).



2. Qodaa qara qabuu fi cimoo ta'an, (qeensa murtuu, kibriitii, laayitarii, qodaawwan boba'uu dandaa'anii fi meeshaawwaan ispoortii).



3. Bineensota gara Kaanaadaa fidanii dhufuun dhorkaa dha. Bineensota tajaajila kennan fidanii dhufuuf gatii geejjibaa kaffaluu qabda, akkasumas dookumantii fayyaa fi talaallii qabaachuu qabda.



4. Namoota ijoollee wajjin dhufaniif, yoo foormulaan,, annanii fi nyaata daa'immanii (koonteenarii xiqqoo) keessatti boorsaa harkaatiin baachuun ni dandaa'ama ta'e mirkaneeffadhu.

## 2.10 Osoo imala hin jalqabiin dura

**Qajeelfama:** waantota ati gara Kaanaadaa osoo hin deemin dura qopheessuu qabdu. Gocha isaa fi ibsa isaa gidduutti sarara kaasi.



**1.**



**2.**



**3.**



**4.**



**5.**

**a)** Waantota baay'ee guddaa ta'an qabattee hin dhufin, dhorkaa dha. Kaanaadaa keessatti argachuu dandeessa.

**b)** Waantota baay'ee barbaachisoo ta'an boorsaa harkaa kee keessa kaa'i.

**c)** Dookumantii barbaachisoo ta'an walitti qabuun kaa'i.

**d)** Boorsaa kee adda baafachuu danda'uu keetii fi cuffamuu isaa mirkaneeffadhu.

**e)** Qodaawwaan barbaachisoo ta'an boorsaa kee keessatti ulfaatina isaa irratti hundaa'uun, walitti qabadhu.

**Gaafa guyyaa imala keeti IOM'n boorsaa mallattoon IOM irra jiru siif kenna. Boorsaa kee yeroo hundumaa mul'isuun, adeemsa kee nagawaa godhuu.**




Deebiiwwan: 1 (c); 2 (e); 3 (a); 4 (d); 5 (b)


## 2.11 Dookumantii maaltu boorsaa IOM keessa jira?

**Qajeelfama:** Dookumantii kee ilaali, mallattoo fi maqaa dookumantii keetii sararaan wal qabsiisi








**1.**





**2.**




**3.**



**4.**



**5.**



**6.**

**a)** Mirkannessaa, jiraataa Kaanaadaa ta'uu keetii.

**b)** Waraqaa kan biroo, biyyaa ba'uu kee kan agarsiisuu danda'u.

**c)** Paaspoortii yookiin dookumantii imalaa.

**d)** Viizaa.


**e)** Tiikeettii xiyyaaraa.

**f)** Dookumantii immiigireeshinii fi kan fayyaa.

**Mirkannessaa, jiraataa biyya Kaanaadaa ta'uu keetii, dookumantii barbaachisaa dha. Torbeewwan hedduu erga geesse booda, kaardii yeroo hundumaa ittiin biyya Kaanaadaa keessa jiraachuu dandeessu argatta.**

**Kaardiin ittiin yeroo hundumaa jiraachuu dandeessu, kaardii konfirmeeshinii kee bakka bu'uu hin danda'u. Kanaaf yeroo hundumaa kaardii ittin yeroo hundumaa jiraattu iddoo gaarii kaa'i.**

Deebiiwwan: 1 (c); 2 (d); 3 (e); 4 (f); 5 (a); 6 (b)



Yommuu gara Kaanaadaa deemtuutti, IOM'in ibsa saala addaa yoo qabaatte, fi dookumantii kee irra jira yoo ta'e gargaarsa siif gochuu danda'a. Odeeffannoo dabalataaf, hojjataa IOM haasofsiisi.

## 2.12 Waraqaa (Dookumantii) maal qabattee dhufta?

**Qajeelfama:** Dookumantii dabalataa qabdu ilaali. Mallattoo "✓", kana dookumantii qabattee gara Kaanaadaa dhufuuf jirtu irra kaa'i.



☐ **1.** Galmee ajaja fayyaa




☐ **2.** Sartifikeettii barumsaa




☐ **3.** Galmee talaallii



☐ **4.** Sartiffikeettii dhalootaa



☐ **5.** Sartifikeettii gaa'ilaa fi hiikaa



☐ **6.** Hiika dookumantii barbaachisoo

**Qajeelfama:** Sarara siif kenname irratti, dookumantii barbaachisoo ta'an bareessi

## 2.13 Buufata xiyyaaraa keessatti

Duraa duuba adda addaa keessa darbuun gara mana kee haaraa biyya Kaanaadaatti deemta. Duraa duuba armaan gadii si'a tokko caalaa raawwachuu dandeessa.

**Qajeelfama:** Duraa duuba buufata xiyyaaraa ilaali. Duraa duuba buufata xiyyaaraa keessatti ta'uu fi ibsa isaa gidduutti sarara kaasi.



**Cheek inii xiyyaararra nama hojjatu.** 1.



**Iddoo immigireeshinii** 2.



**Iddoo sakkata'insaa** 3.




**Balbala ba'umsaa** 4.



**Iddoo gumurukii** 5.



**Iddoo boorsaa** 6.

**a)** Ajaja warra sakkatta'anii, wanta miidhaa geessisuu danda'u, boorsaa kee keessa ilaalaanii fi siis si sakkata'anii hordofi. Ati fi boorsaan kee iskaanarii keessa darbuu qabdu. Ofisanii si sakkata'uudhaaf si tuquu danda'a.

**b)** Boorsaa kee ulfaatina isaa ilaaluun, mallattoo irratti gochuu dandeessa. Boordiingii fudhadhu, akkasumas taagii ittiin galmoofte furadhu. Boorsaa kee hojjataa xiyyaarichaa biratti dhiisu ni dandeessa.

**c)** Tikeettii kee ilaaluun, iddoo irra teessuu,fi iddoo itti eegdu ilaali. Iddoo itti xiyyaara kee eegduu dha. Beeksisni adda yoo jiraate sirriitti caqasi.

**d)** Gaaffii waa'ee waantota boorsaa kee  keessa jiranii sirritti deebisi

**e)** Boorsaa kee cheekii ta'e, boorsaa adeemaa jiru irraa furadhu. Boorsaawwan wal fakkaatu. Boorsaan ati fudhatte kan kee ta'uu isaa mirkaneefadhu.

**f)** Inspeekshiniidhaaf, dookumantii kee yommuu gara biyyaatti seentuu fi biyyaa baatu hojjatoota mootummaatti kenni.

Deebiiwwan: 1 (b); 2 (f); 3 (a); 4 (c); 5 (d); 6 (e)


## 2.14 Meeshaawwan buufata xiyyaaraa keessa jiran


Buufata xiyyaaraa keessatti, meeshaawwan armaan gadii imala kee irratti si gargaaru.

**Qajeelfama:** Meeshaawwan buufata xiyyaaraa keessa jiran ilaali. Meeshichaa fi ibsa isaa gidduutti sarara kaasi.


1. 
**Gaarii**

2. 
**Deeemsa Gejjiba sosocha'a**

3. 
**Moonitarii odeeffannoo**

4. 
**Mallattoo ykn agarsiiftuu karaa**

5. 
**Sadarkaa awutoomaatikii**

6. 
**Liiftii**

**a)** Odeeffannoo sa'aatii itti balalliin jalqabuu fi eessa akka ga'uu fi eessaa akka ka'u.

**b)** Buufata xiyyaaraa keessatti iddoo tokkoo gara birootti, namoota hir'ina qaamaa qabaniif ooftee deemuu dandeessa yoo ta'e.

**c)** Iddoo ati deemuu barbaaddutti gargaarsa siif godhu.

**d)** Buufata xiyyaaraa keessatti boorsaa kee sii oofee fiduuf si gargaara.

**e)** Sadarkaa tokkoo gara sadarkaa birootti buufata xiyyaarichaa keessa socho'uu yoo feete.


**f)** Fageenya dheeraa, ariitiin akka deemtuuf si gargaara

Deebiiwwan: 1 (d); 2 (f); 3 (a); 4 (c); 5 (e); 6 (b)

## 2.15 Odeeffannoo akkamittiin akka boordingii darbuu dandessu

Boordingii kan ittiin dabartu yeroo hundumaa agarsiisuu qabda. Imaltoonni kan mataa isaanii qabu iddoo mijataa si jalaa baduu hin dandeenye kaa'i.


**Qajeelfama:** boordiing paasii kee ilaali: boordiing paasii fi fakkii fi ibsa isaa gidduutti sarara kaasi




Deebii: 1 (b); 2 (d); 3 (e); 4 (f); 5 (i); 6 (j); 7 (h); 8 (g); 9 (c); 10 (a)

## 2.16 Xiyyaara

**Qajeelfama:** Kaartaa xiyyaara keessa jirtu ilaali. Kutaa xiyyaaraa hundaa ilaali, lakkoofsa mallattoo kaartaa bakkicha agarsiisuu waliin sararaan wal qabsiisii.






**a)** Mana fincaanii




**b)** Karaa yeroo rakkoo ittiin ba'amu




Sarara gara teessoo 22B tti sarari



**c)** Minjaala irrattti uffanni fincaanii(daayipparii) jijjiiramu

Deebii: (a) 3; (b) 1; (c) 2

## 2.17 Teessoo kee irratti


**Qajeelfama:** Teessoo kee xiyyaara keessa jiru maal akka jiru ilaali. Fakkii agartee fi ibsa isaa gidduutti sarara ijaari.



**1.** **Korojoo qilleensaa dhukkubsataa.**



**2.** **Tirii(saanii).**



**3.** **Mallattoo "Saqqii hidhachuu agarsiisu."**



**4.** **Mallatoo waamichaa.**


**a)** Qajeelfama hordofuun nageenya kee eeguufi nagaa ta'uuf ni dirqamta.

**b)** Lafa diriiraa xiyyaaraa irratti fayyadamuu ni dandessu.

**c)** Karaa ittiin nama balallii to'atuu irraa gargaarsa argachuun danda'amu.

**d)** Yoo ol si deebise, waraqaa yookiin laastikii ati fayyadamuu dandessu.

Deebiiwwan: 1 (d); 2 (b); 3 (a); 4 (c)



**5.**

**Ifa.**



**6.**

**Haala bashannanaa yeroo balallii keetii**



**7.**

**Durduuba keetiin iddoo boorsaa kaawwachuu dandessu.**



**8.**

**Kaardii qajeelfama (nageenya)**

**e)** Barreefama haala nageenya xiyyaara irraa si hubachiisu.

**f)** Iddoo boorsaa kee keessu.

**g)** Kabineettii keessatti yoo dukkana ta'e, dubbisuuf yookiin kaayyoo birootif.

**h)** Fiilmii ilaaluun yeroo kee dabarsuu, muuziqaa dhageeffachuun yeroo dabarsuu.

**Meeshaalee nageenyaa kaasuun, seeraan kan dhorkamee dha, kan akka jaakkeettii balalli lubbuu.**

Deebii: 5 (g); 6 (h); 7 (f); 8 (e)

# 2.18 Waantota xiyyaaricha keessatti raawwataman.

**Qajeelfama:** Waantota xiyyaara keessatti raawwattu ilaali. Mallattoo "✓"saanduqa dalagaa yeroo balallii keetii dalaguuf karoorfatte irra kaa'i.




- [ ] **1.** Nyaata kee nyaadhu,akkasumas dhugaatii(lallaafaa) dhugi.



- [ ] **2.** Rafi,bashannani.



- [ ] **3.** Daa'imman taa'umsa isaanii irratti tasggabbeessi.




- [ ] **4.** Mana fincaanii fayyadami.



- [ ] **5.** Dawaa fudhu,yoo barbaachisaa ta'e.



- [ ] **6.** Imaltootatti sagalee tasgabba'aadhaan haasa'i.



- [ ] **7.** Qajeelfama hojjattoota xiyyaaraan kennaman hordofi.

**Qabattoo kee yeroo ka'umsaa fi bu'iinsaatti akkasumas yeroo hojjattoottotni xiyyaaraa himanitti jabeessii hidhadhu.**

## 2.19 Eenyuutu si gargaaruu danda'a?

**Qajeelfama:** Namoota yommuu ati gara Kaanaadaa deemtutti si gargaaruu danda'an. Haala adda addaa fi namoota si gargaaru danda'an gidduutti sarara kaasi. Haaloonni tokko tokkoo deebii sirrii tokko caalaa qabu.



**1.** Osoo xiyyaara keessa jirtu yoo beelofttan, dheebottaan, yookiin gargaarsa kan biroo barbaaddan.




**2.** Sagaleen ambulaansii yoo dhaga'ame buufata xiyyaaraa keessa rakkootu jirra




**6.** Iddoo boorsaan itti ba'u jirta garuu akkamitti akka argachuu dandeessu yoo hin beektu ta'e.

**a**




Nama cheek inii (hojjattoota foddaa hubachiistuu seensaa) irratti hojjatu

**b**



Tasgabbeessaa buufata xiyyaaraa

**c**



Hojjataa buufata xiyyaaraa

**d**



Odeeffannoo deeskii buufata xiyyaaraa


**e**



Balallii qindeessaa



**5.** Gara balallii deemaa jirta garuu karaa kamiin akka seenamu yoo hin barre.




**4.** Teessoon kee xiyyaara keessatti kan maatii keetii irraa kan fagaate yoo ta'e.



**3.** Buufata xiyyaaraa keessatti yoo baddan.

**Buufata xiyyaaraa keessattis ta'ee, yookiin xiyyaara irratti, yookiin Ce'uumsaa irratti, maatiin kee wal duukaa jiraachuu isaanii ilaali akkuma kana ijoolleen kee wal duukaa jirachuu isaanii ilaali.**


Deebii: 1 (e); 2 (b, c, d); 3 (c, d); 4 (a, e); 5 (c, d); 6 (c, d)

# 2.20 Haala jiraataa yeroo hundumaa biyya Kaanaadaa keessaa ta'uu keetii

Akka Kaanaadaa geesseen af-gaafii gabaabaa ofisarii buufata xiyyaaraa keessaa wajjin ni qabaatta. Sana booda dookumantii murtaa'e irratti akka mallatteesituuf ni gaafatamta.

Kun yeroo dhumutti, jiraataa yeroo hundumaa biyya Kaanaadaa keessaa taata. Mirga Kaanadaa keessa jiraachuu qabaatta.

**Hiriyaa yookiin abbaa manaa, haadha manaa yookiin ijoollee yookiin ijoolleen ijoollee keetii, si wajjin kan gara Kaanaadaa deemaa hin jirre jiruu? Gara Kaanaadaatti gara fulduraatti ni dhufuu? Yoo ni dhufu ta'e waa'ee waliitti dhufeenya keessanii osoo gara Kaanaadaa hin dhufin dura mootummaatti beeksisuu qabdu. Yoo himuu baatte gara fuulduraatti maatii kee gara Kaanaadaatti fiduun rakkisaa ta'a.**




Kaardiin jiraataa biyya Kaanaadaa ta'uu kee agarsiisu siif ergama. 'Waraqaa Dhabata mana jireenyaa' yookiiin jiraataa dhaabbii jedhama. Jiraataa biyya Kaanaadaa ta'uun kee kan dulloomuu miti. Kaardiin kee garuu yeroon irra darbuu ni danda'a. Yoo kardiin kee bade yookiin yeroon irra darbe daftee iyyachuu qabda.

Yeroo dheeraa fudhachuun kaardii jiraataa dhaabbii akka siif hojjatamu godhi.

**Dookumantoonni yeroo gara Kaanaadaatti dhuftutti siif kennaman barbaachisoodha seeraan qabadhu.**



## 2.21 Mirgaa fi itti gaafatamummaa kee biyya Kaanaadaa keessaa

Jiraataa dhaabbii biyya Kaanaadaa keessaa ta'uu kee irraa kan ka'ee mirga hedduu qabaatta. Mirgoota kana wajjin immoo itti gaafatamummaanis jira.

**Qajeelfama:** jiraataa biyya Kaanaadaa ta'uu kee irra kan ka'e mirga qabdu ilaali. Mirgaa fi itti gaafatamummaa wal fakkaatu gidduutti sarara kaasi.



**1.** **Mirga hojii mataa keetii hojjachuu.**



**2.** **Sagalee kee dhageesifachuu.**



**3.** **Mirga namoota hundumaaf.**



**4.** **Amantii barbaadde hordofuu.**



**5.** **Barumsa bu'uuraa tolaa.**




**a)** Mirga namoota hundumaa kabajuu.




**b)** Maatii kee deggari, ofii kee of gargaari.



**c)** Amantaa hundaa kabaji.




**d)** Ijoolleen kee barachaa jiraachuu isaanii mirkaneeffadhu.




**e)** Yaada namoota biroo kabaji.

Deebii: 1 (b); 2 (e); 3 (a); 4 (c); 5 (d)




**6.** **Qabeenya horachuu.**




**7.** **Tajaajila fayyaa hawaasaa argachuu.**




**8.** **Mirga naannoo qulqulluu fi fayyaa ta'e keessa jiraachuu.**



**9.** **Kaanaadaa alatti adeemuu.**



**f)** Naannoo keessa jiraattuu kunuunsuu




**g)** Gara Kaanaadaatti deebitee seenuuf, kaardii jiraataa dhaabbii agarsiisuun gara Kaanaadaatti deebitee seenuu.




**h)** Taaksii kaffaluu.





**i)** Taaksii qabeenyaa kaffaluu.

**Mirgi namoota Kaanaadaa keessaa dhaabbiin jiraatanii yoo gara biyya irraa dhufaniitti dee'bi'an midhaamuu danda'u. Ofisaroota immigireeshinii buufata xiyyaaraa biyya Kaanaadaa keessa jiraniin ni gaafatamu, maaliif akka gara biyya isaaniitti deebi'an ilaalchisee deebii sirrii ta'ee deebisuutu irraa eegama.**

Deebii: 6 (i); 7 (h); 8 (f); 9 (g)

## 2.22 Jiraattota Dhaabbii.

Akka jiraataa biyya Kaanaadaa tokkootti, akka lammii biyya Kaanaadaatti mirga wal qixxee ta'ee qabaatta. Garuu









1. Filannoo federaalaa irratti hirmaachuu hin dandeessu
2. Hojii mootummaa sadarkaa guddaa ta'ee dorgomuu hin dandessu.
3. Jiraataa Kaanaadaa dhaabbii ta'uuf guyyoota muraasa biyya Kaanaadaa keessa jiraachu qabda.


**Jiraattoonni Kaanaadaa, yakka cimaa yoo raawwatan, mirga jiraachu biyya Kaanaadaa keessaa isaan irraa fudhatamuu ni danda'a.**



## 2.23 Lamummaa biyya Kaanaadaatiif yoom Iyyachuu dandeessu?

Osoo lammummaa biyya Kaanaadaatiif hin iyyatin dura:








1. Biyya Kaanaadaa keessa yeroo murtaa'eef turi. Yoom akka iyyachuu dandeessu yoo baruu barbaadde kana dubbisi:
2. Daandeettii afaan Ingiliffaa fi Faraansaay ga'aa qabaachuu qabda.
3. Qormaata murtaa'ee biyya Kaanaadaa keessatti darbuu qabda.




Erga lammii biyyaa Kaanadaa taatee booda, paasportii baafachuuf gaafachuu dandeessa.

# Boqonnaa 3
# DEGGERSA FI TAJAAJILA



## Boqonnaa 3
# DEGGERSA FI TAJAAJILA



Boqonnaa kana keessatti waa'ee odeeffannoo tajaajila biyya Kaanaada keessatti argattu ni ilaalla. Kaanaada erga geessee booda irra deebitee dubbisuu qabda.


Jiraataa biyya Kaanaadaa kan ati taatu erga immigireeshinii buufata xiyyaaraa keessa darbitee booda dha. Akka jiraataa biyya Kaanaadaatti, deeggarsa jireenya kee biyya Kaanaadaa keessaa fooyyafachuuf argachuu dandeessa.



Haala qubannnoo kee irratti hundaa'uun iddoon ati gargaarsa kana argattus adda adda dhaa.

## 3.1 Sagantaawwaan qubannoo biyya Kaanaadaa keessaa

**Qajeelfama:** odeeffannoo waa'ee qubannoo keetii dubbisuu ni dandeessaa. Mallattoo "✓" kana sagantaa qubannoo kee biyya Kaanaadaa keessaa kan wal fakkaatu irra kaa'i.



**GAR/RPG**

☐ **1. Sagantaa Baqannoo mootummaan gargaarame (GAR/RPG)**
Namoonni dhuunfaan gargaarsa maallaqaa mootummaa irraa argatu. Deeggersa maallaqaa qubannootiif dhaabbata mootummaan fandii godhu irraa argatu. Odeeffannoo dabalataaf, kana dubbisi.



PSR/PPPR

☐ **2. Sagantaa Ispoonsarshipii dhuunfaa baqattootaaf (PSR/PPPR)**

Namoonni ispoonsara dhuunfaatiin yookiin dhaabbataan gargaaramu. Gargaarsa maallaqaa ispoonsarootа dhuunfaa irraa argatu. Gargaarsa qubbannoo arifachiisaa ispoonsarootа isaanii dhuunfaa irraa argatu. Odeeffanoo dabalataaf kana dubbisaa.



JAS/PAC

☐ **3. Ispoonsarshipii (Gargarsaa Toolaa)Gargaarsa walitti hidhata qabu (JAS/PAC)**

Namoonni gargaarsa mootummaa irraa argattu. Dhaabbata mootummaan fandii godhu irraa gargaarsa qubbannoo argatu. Ispoonsarootа dhuunfaa irraa deeggersa dabalataa Kaanaadaa keessatti argatu. Odeeffannoo dabalataaf, Kana dubbisi.



BVOR/ RDBV

☐ **4. Sagantaa Viizaa bileendidii (BVOR/ RDBV)**

Namoonni gargaarsa maallaqaa mootummaa fi ispoonsarootа dhuunfaa irraa argatu. Gargaarsa hatattamaa qubannoof ta'u, ispoonsarootа dhuunfaa irraa argatu. Odeeffannoo dabalataaf kana dubbisi:

**Sagantaa kam irraa iyyuu gargaarsa haa argattu iyyuu malee gargaarsa yeroo dheeraa mootummaa irraa argachuu ni dandeessa. Dhaabbata mootummaan fandii godhu, yookiin ispoonsarootа tajaajila siif kennuu danda'an gaafadhu. Odeeffannoo dabalataaf, boqonnaa sadii, gochaa 3.11 ilaali**

## 3.2 Daangaa deeggarsa qubannoo hatattamaa




Deeggarsi maallaqaa Kaanaadaa keessatti argattuu murta'aa dha.

Gargaarsi hatattamaa, mootummaa irraa yookiin ispoonsaraa dhuunfaa fi dhaabbataa adda addaa irraa argattuu kan murtaa'ee dha. Dheerinni yeroo deeggarsi kun turuu haala qubannoo keeti irratti hundaa'a. Haala kee irratti hundaa'uun dheerinni deeggarsa siif godhamuu jijiiramuu danda'a.



## 3.3 Sagantaa tajaajilaa waliigalaa qubannoo

Haala qubannoo adda addaa keessa jiraattu iyyuu, namoonni biyya Kaanaadaa keessaa qubatanii akka godaantootaatti, tajajilaa armaan gadii argachuu danda'u.



1. Jireenya biyya Kaanaadaa keessatti qabduu fi qohaa'uuf tajaajila namaatiin yookiin onlaayiniin argachuu dandeessa. Odeeffannoo dabalataaf dubbisi.



2. Riiseepshinii buufata xiyyaaraa Kaanaadaa, tajajila yookiin gargaarsa karaa immigireeshinii fi gumurukii akkuma kanas immoo gara imala kee isa dhumaa akka itti geessu si gargaaru.



3. Liqiin immigireeshinii, mootummaa Kaanaadaa irraa argattu, baasii imala keetii Kaanaadaatti gootu siif kaffala. Liqii immigireeshinii kana waggaa tokko keessatti erga Kaanaadaa geessee booda kaffaluutu sirraa eegama.






4. Tajajilli fayyaa yeroo gababaa sagantaa mootummaa federaalaa jala jira IFHP/PFSI. Kunis immoo baasii kee fayyaa wajjin walqabatu, hamma ati tajajila fayyaa hawaasa kee irraa argattutti si fayyada. Akkuma kanas immoo osoo ati deeggersa maallaqaa mootummaa irraa yookiin ispoonsara kee irraa argattu tajaajila siif kenna. Odeeffanoo dabalataaf. Kana dubbisi

# 3.4 Deggersa qubannoo hatattamaa

**Qajeelfama:** Sagantaa qubannoo keetii kan biyya Kaanaadaa waliin kan wal fakkaatu irrattii mallattoo "✓"godhi.



☐ **GAR/ RPG**



☐ **PSR/ PPPR**



☐ **JAS/ PAC**



☐ **BVOR/ RDBV**

**Qajeelfama:** Deeggersa qubannoo hatattamaa, mootummaa Kaanaadaa irraa argattuu ilaali. Mallattoo "✓" yaadannoo qaama deeggarsa siif godhuu irra kaa'i.

**1.** Yoo yeroo qorraa Kaanaadaa geesse eenyuutu uffata qorraa siif kenna?



☐ **a)** Dhaabbata mootummaa biyya Kaanaadaa buufata xiyyaaraa keessaa yoo Sadaasa 15 fi Bitooteessa 15 irraatti geesse.



☐ **b)** Ispoonsaraa kee iddoo ati qubattuu kan jiran.



**2.** Iddoo dhumaa Kaanaadaa erga geesse booda, eenyuutu haala geejjibaa iddoo jalqabaa ati jiraattutti siif mijeessa?



☐ **a)** Dhaabbata mootummaan fandii godhu.



☐ **b)** Ispoonsaroota kee.



**3.** Akka Kaanaadaa seenteen iddoo ati jalqaba boqottu eenyuutu siif qopheessa?



☐ **a)** Dhaabbata mootummaan fandii godhu



☐ **b)** Ispoonsaroota kee.



Deebii: GAR/RPG 1 (a); 2 (a); 3 (a); PSR/PPPR 1 (b); 2 (b); 3 (b); JAS/PAC 1 (a):2 (a); 3 (a);
BVOR/RDBV 1 (b):2 (b); 3 (b)

**4.** Eenyuutu mana dhaabbiidhaan keessa jiraattu fi waan manaaf oolan akka argattuuf si gargaara?



☐ **a)** Dhaabbata mootumaan fandii godhu.



☐ **b)** ispoonsaroota kee



**5.** Eenyuutu, gargaarsa dabalataa biyya Kaanaadaa keessatti qubannoo keetiif akka argattuuf si gargaara?



☐ **a)** Dhaabbata mootummaan fandii godhu.




☐ **b)** Ispoonsaroota kee.



**6.** Eenyuutu gargaarsa maallaqaa murtaa'ee siif godha?



☐ **a)** Mootummaa



☐ **b)** Ispoonsaroota kee.



☐ **c)** Mootummaa fi ispoonsara dhuunfaa.



Deebii: GAR/RPG 4 (a); 5 (a); 6 (a); PSR/PPPR 4 (b); 5 (b); 6 (b); JAS/PAC 4 (a); 5 (a); 6 (a);
BVOR/RDBV 4 (b); 5 (b); 6 (c)

## 3.5 itti gaafatamummaa fi hiree kee

Biyya haaraa keessa qubachuun yeroo fi tattaffii gaafata.

Atii fi namoonni si gargaaran itti gaafatamummaa waliin hirmaattu

**Qajeelfama:** Qubannoo kee waliin wal qabatee itti gaafatamummaa qabdu ilaali. Itti gaafatamumaa keetii fi dhaabbata mootummaan fandii siif godhuu yookiin isponsaroota keetii ilaali.



**1.** Gara biyya Kaanaadaatti si simachuu fi si fudhachuu.



**2.** Akkamittii maallaqaa murtawaa qabdutti fayyadamuu akka dandeessu gorsa siif kennu.



**3.** Mana keessa jiraattu akka argattuu fi koontiraata mana keetii akka hubattuuf si gargaaru.



**4.** Mana kee keessatti tasgabbooftee akka jiraattuuf si gargaaru.



**a)** Qarshii qabdu seeraan fayyadamuu akka dandeessuuf baasii kee baajeti. Yoo qarshii kee baay'inaan baastee qarshii dabalataa hin argattu.



**b)** Balbala kee cufi, akkasumas qodaawwan manaa kee seeraan fayyadami.



**c)** Boorsaa kee fi dookumantii kee hundaa wal duukaa qabadhu. Boorsaa IOM kee mul'isuun agarsiisi namoonni si arguu akka danda'aniif.



**d)** Mana keessa jiraattu qulqullinaan qabi. Akkasumas haala gaariin qabi. Koontiraata mana keetii hubadhu, kabaji.

Deebii: 1 (c); 2 (a); 3 (d); 4 (b)




**5.**

Ga’eessota maatii kee keessa jiran barumsa afaanii barachuu akka danda’aniif gargaari.



**6.**

Haala mana barumsaa piroovinsii keetii akka hubattuuf si gargaaru. Ijoollee mana kee keessa jiran baruumsa akka argataniif gargaara.



**7.**

Heerrega baankii akka banattuuf si gargaara. Akkamittii akka maallaqa kee kaanaada keessatti fayyadamtu baruf si gargaara.



**8.**

Fayidaa Seeraa ittiin bulmaata biyya kaanadaa keessaa jiran ibsi.



**e)** Odeeffanoo baankii keetii nagaadhan akka qabattu siif godha. Kaffaltii baankii hundumaa akka kaffaltuu fi liqii kee akka kaffaltuuf si gargaara.




**f)** Daree qoafa baradhu Afaan Faransaayii yookiin ingillifaa akka cimsattuuf si gargaara.



**g)** Seeraa fi heera biyya Kaanaadaa hordofi.



**h)** Ijoollee maatii kee keessa jiran gara mana barumsaatti ergi. Barumsa isaanii fi haala guddina hawaasa isaanii hordofi.

Deebii: 5 (f);6 (h); 7 (e); 8 (g)



**9.**

Yoo rakkoon fayyaa jiraate, tajaajila fayyaa akka argattuuf si gargaara.



**10.**

Tajajila geejjiba hawaasa kee keessa jiru akkamitti akka fayyadamuu dandeessu ibsi.




**11.**

Hawaasa keessa jiraattu, haala biyyichaa hubachiisi.




**12.**


Dookumantii biyya Kaanaadaa keessaa argachuuf si gargaara akkasumas faayidaa isaa ibsi.



**i)** Geejjiba hawaasaa fayyadami akkasumas immoo iddoowwan barbaachisoo ta'an qabadhu, yoo akka carraa badde.



**j)** Hawaasa kee haaraa keessatti dammaqinaan namoota waliin wal bari




**k)** Dookumantii kee haala gaariin qabadhu, akkasumas akkamitti akka haromsuu dandessu bari. Akkamitti akka fayyadamtus beekuu qabda.




**l)** Waa'ee rakkoo fayyaa keetii ilaalchisee, rakkoo adda addaa kan akka alaarjiikii, hiri'ina nyaataa yoo qabaatte nama beektutti himadhu.



**Deeggarsa qubannoo hatattamaa lamaan keessaa isa kamtu irra caalaatti si fayyaduu danda'a?**


Deebii: 9 (l);10 (i);11 (j);12 (k)

Boqonnaa 3: **DEGGERSA FI TAJAAJILA**

## 3.6 Jijjiirraa iddoo

Mirga iddoo barbaadde filattee jiraachuu Kaanaadaa keessatti ni qabda. Haa ta'uutii garuu iddoo dhaabbiidhaan keessa jiraattutti yoo deemte gaarii dha. Haala qubannoo keetii irratti hundaa'uun gargaarsi siif godhama. Deemuu keetiin dura wantoota armaan gadii hubadhu.





1. Yoo gara hawaasa birootti deemu barbaaddee deeggarsi siif godhamu akka addaan hin cinneef dursiitii dhaabbata mootummaa fandii siif godhuu yookiin isponsara kee wajjiin hatattamaan mari'adhu.



2. Yommuu gara hawaasa Kan birootti deemuuf murteesite baasii geejjibaa, fi iddoo qubattu hundaa ofii keetiin of danda'uu qabda.




3. Yommuu gara iddoo haaraa deemtuutti, iddoo qubannoo yeroo muraasaa mijeeffachuu qabda.



GAR/RPG

4. GAR/RPG:  gargaarsi maallaqaa ati argattuu turuu ni danda'a.



PSR/PPPR

5. PSR/PPPR: Gargaarsa ispoonsara kee irraa argattu dhabuu ni dandeessa ta'a yoo atii fi ispoonsari kee hawaasaa adda addaa keessaa jiraattu ta'e.


## 3.7 Waliitti dhufeenya ati ispoonsara kee wajjin qabdu

**Qajeelfama:** PSR/PPPR: Waa'ee ispoonsara keetii yoo yaada qabaatte, gochaa raawwachuu qabdu barreessi, gochaawwan raawwattu jalqabaa hanga dhumaatti kaa'uuf lakkoofsa **1** hanga **3** saanduqa keessa kaa'i.



**PSR/PPPR**

☐ **a)**




Ati fi ispoonsarrii kee dhimma kana irratti furmaata argachuuf gargaarsa mootummaa argachuu dandeessu. Mootummaadhaaf iimeelii (email) erguu ni dandeessa. IRCC. psrcasereview-revuedecaspsr.IRCC@cic.gc.ca.

**1** **b)**



Ispoonsara kee wajjin dubbachuun gaffi gafachuu fi kan hin sigallef furmata kennu.

☐ **c)**



Namoota haaraa gara hawaasa keetiitti dhufaaniif, qaama mootummaa fandii godhuu haasofsiisif. Hojjataan qubannoo odeeffanoo barbaachisoo fi gorsa siif kennuu danda'a.




**PSR/PPPR: Ispoonsaroonni kee qarshii akka kaffaltuuf si gaafachuu hin danda'an. Ispoonsara argachuuf kaffalii siin jechuu hin danda'an. Homaa hin kaffaliin, erga Kaanaadaa geessee booda illee qarshii kee deebisnee siif kennina yoo jedhan illee. Ispoonsaroonni kee dirqama qarshii murta'een sii gargaaru qabu.**



Deebii: (a) 3;(b) 1; (c) 2


## 3.8 Dookumantii barbaachisoo biyya kaanadaa keessatti

Dookumantiiwwan kan kee ta'an addaan baafadhu. Ispoonsarri kee, hojjataan qubannoo, miseensi maatii, yookiin namni qacarame tokko dookumantii kee siif qabuu hin danda'u. Akka jiraataa haaraa biyya Kaanaadaatti, dookumantiiwwan armaan gadii akka Kaanaadaa geeseen argachuu qabda





### 1. Kaardii jiraataa dhaabbii

Jiraataa biyya Kaanaadaa ta'uu kee kan siif mirkaneessu kaardii kana dha.Dookumantiin kun xalayaa dhaan siif ergama. Dookumantiin mirkaneffanoo jiraataa biyya Kaanaadaa ta'u kee hin jijjiiru. Yommuu Kaanaadaa geessu buufata xiyyaara keessatti irratti mallateesita lamanu kewwadhu.




### 2. Lakkoofsa inshuransii hawaasaa (SIN/NAS)

Lakkoofsi kun Kaanaadaa keessatti hojii argachuuf, mootummaa irraa faayidaa adda addaa argachuuf fayyada. Lakkoofsa kana namoonni kan biroon akka itti hin faayadamneef, seeraan qabachuun kaa'i. Odeeffannoo dabalataaf kana dubbisi.







### 3. Kaardii fayyaa pirooviinsii keetii

Kaardii fayyaa, piroovinsii kee irraa yookiin iddoo jiraattu irraa si barbaachisa. Kaardiin kun ittiin fayyadamuu qofaaf.akkuma Kaanaadaa geesseen hatattamaan kaardii fayyaa kana akka siif kennamuuf gaafadhu.




**Dookumantii barbachisoo ta'an koppii gochuun iddoo gaarii kaa'i. Kaffaltii kaffaluun si barbaachisa. yoo kaardiin kun si jala badeef yookiin si jalaa hatameef.**





# 3.9 Dhaabbata mootummaan fandii godhu namoota haaraa hundumaatiif.




Dhaabbatoonni kunniin ejeensii qubannoo jedhamuun beekamu, biyya Kaanaadaa keessattis immoo barbaachisoo dha. Namoota haaraa hundumaa biyya Kaanaadaa keessatti ni simatu. Jiraataa dhaabbii biyya Kaanaadaa keessaa yoo taate, hanga laamii biyya Kaanaadaa taatutti, tajaajila dhaabbii argachuu qabda. Tajaajilli kun tola dha. Si gargaaruu danda'u:





**1.** Barumsaa afaan Ingiliffaa fi Faransaay barachuuf galma'i.



**2.** Hojii akkamitti akka argachuu dandeessu bari.




**3.** Gorsa waa'ee akkamitti akka dookumantiin kee beekamtii argachuu danda'uu siif kennu.



**4.** Dandeettii kee cimsuuf si wajjiin hojjachuu danda'u.



**5.** Hawaasa keessatti hirmaannaa gabadhu (himadhu).




**6.** Rakkoo qubannoo keetii siif Ni furu.

Dhaabbata mootummaan ittiin namoota haaraatiif fandii godhu argachuu dandeessa. Onlaaynii mootummaa Kaanaadaa fayyadamuun asii:



Tajaajilii qubannoo afaan Faransaayitiinis jira. Dhaabbanni mootummaa fandii godhu, gargaarsa yeroo dheeraa fi gabaabaa qaba dhaabbata afaan Faransaay irratti hojjatan wajjin wal si quunnamsiisuu danda'a. Hawaasa ati keessa jirtu keessatti jechuu dha.

Tajaajila dabalataa odeeffannoo afaan Faraansaayitiin namoota haaraatiif argachuu dhaaf




**1.** Carte interactive sur les collectivités francophones asii:




**2.** Dhaabbata mootummaa biyya Kaanaadaa, websaayitii asii:




**3.** Tajaajila biyya kiwuubekii keessatti argachuuf, onlaayinii asii:

**Dhaabbanni mootummaan fandii godhu, itti gaafatamummaa namoota haaraa biyya Kaanaadaa keessa jiranii dirqama gargaaruu qaba. Odeeffannoo waa'ee keetii namoota birootiif hiruuf, eeyyama kee argachuu qabu. Nama amantu tokko yoo argatte rakkoo qabduu fi yaada qabdu itti himuu dandeessa. Kunis immoo si jajjabeessuu danda'a.**



## 3.10 Haala qubannoo

**Qajeelfama:** Haala qubannoo dubbisi. Haala keessa jirtuu fi wanta gochuu qabdu, furmaata kan ta'u danda'u sarara kaasi.



**1.** Mana kee haaraa keessa rakkoo adda addaatu jira.



**2.** Buufata xiyyaara biyya Kaanaadaa geessee jirta garuu hamma yoonaatti namni dhufee si simate hin jiru.



**3.** Dhaabbata mootummaan fandii si godhu wajjiin hanga ammaatti hin haasofne yookiin ispoonsara kee wajjiin hin haasofne. Dookmantii barbaachisoo argachuuf appilaay gochuu qabda, barnoota afaanii jalqabuu qabda, ijoollee kee gara mana barnootaatti erguu qabda.



**4.** Piroovinsii biroo keessatti hiriyyaa qabda. Gara piroovinsichaatti akka ati deemtu barbaadu.



**a)** Tajaajila riisepshinii buufata xiyyaara keessaa argachuun, boorsaa IOM kee agarsiisi.



**b)** Gorsa dhaabbata mootummaa fandii siif godhu irraa yookiin ispoonsara kee demun kee dura gorsa gafadhuu.



**c)** Dhaabbata mootumma fandii siif godhuu yookiin ispoonsara keetiif bilbiluun rakkoo keessa jirtu ibsiif.



**d)** Haala keessa jirtu ibsiif, bilbiluudhan beellama qabadhu.

Deebii: 1 (c); 2 (a); 3 (d); 4 (b)

## 3.11 Tajaajila qubannoo yeroo dheeraa hawaasaa kee keessaa.

Hawaasni baay'een tajaajila, namoonni baay'een argachuu danda'an kennuu, tolaan yookiin gatii xiqqoo dhaan argachuu dandeessa. Ummanni haaraan ati keessa jiraattu tajaajila yeroo dheeraa kana argachuu danda'a.

**Qajeelfama:** Tajaajila qubannoo yeroo dheeraa ilaali, tajaajila argattuuf, iddoo inni itti argamu gidduutti sarara ijaari.

Kompiitara tolaan argachuu dandeessa, intarneetii, kitaaba, gaazexaa, muuziqaa, fi fiilmii. sagantalee garee adda addaa jiru.




1.

Ispoortii adda addaa shaakaluu.



2.

Shirishirrii gochuun namoota biroo hawaasa kee keessa jiran wajjin wal baruu. Ijoolleen manaan alatti tapachuu danda'u.




3.

Amantii kee namoota biroo wajjiin raawwachuu.



4.

Namoota aadaa biroo keessa jiran wajjin wal baruu yookiin wal arguu.



5.

Afaan Ingilliffaa fi Faransaayii tolaan barachuun, waa'ee aadaa biyya Kaanaadaa baradhu, namoota haaraa waliin wal Bari. Piroovinsii adda addaa keessati yommuu qooqa adda addaa barattu gargarsa mallaqaa argachuu ni dandessa.




6.

Waa'ee aadaa, qaroominaa fi aartii, seenaa biyya Kaanaadaa baradhu.



7.



**a) Paarkii uummataa**



**b) Iddoowwan aadaa adda addaa**



**c) Mana kitaabaa hawaasaa**



**d) Muuziyaamii**



**e) Iddoowwan hawaasaa**



**f) Iddoowwan waaqeffannaa**




**g) Iddoowwan afaan adda addaa mootummaa tolaan itti barachuun danda'amu**

Deebii: 1 (c);2 (e); 3 (a);4 (f);5 (b); 6 (g); 7 (d)

Yoo gaddaa jirta ta'e, aartee jirta yoo ta'e, dhiphattee jirta yoo ta'e, namoota biroo wajjin haasa'i. Kan baasii si hin baasisnee fi karaa ittiin dhoksaa kee eggachuu dandeessuu dha.



**8.**

Qarshii wajjiin waan walitti dhufeenya qabu gaafachuu dandeessa.



**9.**

Iddoo qubannoo yeroo dheeraa gaafachuu dandeessa, qacarrii fi hojii kee wajjin waan wal qabatee jiru gaafachuu Ni dandeessa.




**10.**

Seera adda addaa wajjiin walitti dhufeenya wanta qabaa irraatti gorsa gafadhuu.



**11.**

Akkamitti akka CV kee barreeffachuu dandeessuu fi akkamitti akka hojii barbaaduu dandeessuu, fi af-gaafiidhaaf akkamitti akka qopha'uu dandeesu argachuu Ni dandeessa.





**12.**

Qarshii ga'aa yoo hin qabdu ta'e iddoo gargaarsa mootumma irraa tolaan nyaachuu fi dhuguu ni dandeessa. Gargaarsa mootummaa fi ispoonsara dhuunfaa irra argachuu Ni dandeessa.



**13.**


Yeroo rakkootti rafuu yoo barbaadde, iddoo nagaa barbaaddachuun rafuu Ni dandeessa.



**14.**



**h) Gargaarsa kilinikii seeraa**



**i) Mana jireenyaa fi iddoo boqonnaa mijataa**




**j) Baankii**



**k) Kilinika fayyaa sammuu**



**l) Iddoowwan qacarrii**



**m) Dhaabbata mootummaa irraa namoota haaraatiif fandii godhamu**



**n) Baankii nyaataa**

Deebii: 8 (k);9 (j); 10 (m); 11 (h);12 (l); 13 (n);14 (i)

# 3.12 Odeeffanno tolaan essaa argachuu dandessa?

**1)** Odeeffanoo, tajajila adda addaa mootummaa kaanaadaa fi tajajla motummaa irraa

Government of Canada Gouvernement du Canada


www.canada.ca
Yookiin 1-888-622-6232
(giddu-gala tajaajila Kaanaadaa)
bilbiluu ni dandeessu.

**2)** Odeeffannoo federaalaa, odeffanoo piroovinsii adda addaa fayidaa namoota haraatiif.



www.benefitsfinder.services.gc.ca

**3)** Lakkoofsa namoota ibidda dhaamsanii, poolisii yookiin ambulaansii





911 irratti bilbili

**4)** Tola, dhoksaan kee ni eegama, odeefaanoo afaan garaa garaan sa'aatii 24 guutuu argachuu dandeessa. Tajaajila adda addaa argachuif




211 irrati bilbili

**5)** Kaartaa odeeffannoo akkamittiin akka naannoo hawaasa haraa keessa deemuu dandeessuu agarsiisu



Kartaa

**Poolisii, ambulaansii fi hojjattoota ibidda dhaamsan argachuuf 911 bilbili.**



# Boqonnaa 4
# MANA JIREENYAA




# Boqonnaa 4
# MANA JIREENYAA



## 4.1 Qubannoo yeroo murtaa'ee

Dhaabbanni mootummaa fandii siif godhu ispoonsarri kee iddoo jireenyaa siif barbaachuuf osoo ati Kaanaadaa hin ga'in jabaatanii hojjatu. Haala mana adda addaa hawaasa kee keessatti argamuu irratti hunda'uun torbee muraasaaf mana yeroo yartuuf Keessa jiraattu keessa taa'uu ni dandeessa. Gosawwan qubannoo yeroo yartuu, bakka bakkatti garagarummaa qabu.



Mana jireenyaa yoo argatte, iddoo yeroo murasaaf keessa jirtu keessaa ba'uu dandeessa.

**Qajeelfama:** Mallattoo "✓" kana saanduqa keessa haala qubannoo keetiin iddoo walfakkaatu godhi.



☐ **GAR/ RPG**



☐ **PSR/ PPPR**




☐ **JAS/ PAC**



☐ **BVOR/ RDBV**

**Qajeelfama:** Ibsa qubannoo yeroo yartuu dubbisi. Mallattoo "✓" yaadannoo gosa qubannoo adda addaa keessa turuu dandeessu irra ka'i. Gosawwan sagantaa qubannoo keessa turtu yeroo gara Kaanaadaatti dhuftuu filadhu.





☐ **1. Iddoowwan riseepshinii**

Iddoowwan qubannoo namoota haaraatiif, sagantaa GAR/RPG jalatti. Kutaawwan jiran kan gad aanoo ta'anii dha. Iddoowwaan uffata miiccanii fi iddoo nyaataa qabaachuu.



☐ **2. Kutaa hoteelaa fi mooteelaa**

Kutaawwan baramoo ta'an, keessumaa mana fincaanii, dhaabbata mootummaan fandii godhu, yookiin ispoonsara keetiin kaffalama.



☐ **3. Mana jireenyaa yeroo murtaa'eef keessa jiraattu.**

Manni dhaabbataa mootummaan yookiin ispoonsara keetiin akkuma Kaanaadaa geessen siif kireeffamuu dha. Kutaa mana kana keessaa daftee ba'uu qabda namoota haaraa reefuu dhufaniitiif gadhiisuu dhaaf.



☐ **4. Mana qubannoo yeroo murtaa'ee**

Hamma mana mijataa yeroo dheeraa argattutti, mana qubannoo yeroo murtaa'ee, yookiin mana ispoonsara keetii yookiin fira keetii keessa yeroo murtaa'eef jiraachuu.

**Mana yeroo yartuuf jiraattu keessatti, seeroota murta'aan hordofuu qabda. Mana keessa jirtu qulqulleessuu fi haala gaariin qabuu. Akkasumas immoo namoota kan biroo jeequu dhiisuu.**

Deebii GAR/RPG (1, 2, 3); PSR/PPPR (2, 3, 4); JAS/PAC (1, 2, 3); BVOR/RDBV (2, 3, 4)

# 4.2 Mana dhaabbii Kaanaadaa keessatti keessa jiraattu.

Mana gatii xiqqoo Kaanaadaa keessatti argachuun, rakkisaa dha. Carraawwan mana xiqqoo ta'uu danda'u. Dhaabbanni mootummaan fandii godhuuf, ispoonsarri kee carraa dhiphoo kana keessatti akkamitti mana argachuu akka dandeessu, fi baasiin kee barbaachisaan yeroo hundumaa maal akka ta'e si hubachiisu. Qodaawwan si barbaachisanii fi qodaawan manaa si barbaachisaan siif guutuu danda'u.



**Qajeelfama:** Gamoowwan ilaali. Mallattoo "✓" kana saanduqa gamoo, fakkeenya mana dhaabbii keessa jiraattu irra kaa'i.




☐ 1.




☐ 2.



☑ 3.



☐ 4.



☐ 5.



☐ 6.



☐ 7.



☐ 8.



☐ 9.

**Iddoon, gatii fi guddinni manaa wantoota barbaachisoo sadii mana dhaabbii kireeffachuuf barbaachisoo ta'anii dha.**




Deebii: 3; 4; 6; 7; 8 (✓)


## 4.3 Gosoota mana jireenyaa dhaabbataa Kaanaadaa keessaa

**Qajeelfama:** Gosoota mana jireenyaa dhaabbataa biyya Kaanaadaa keessaa dubbisi.

### 1. Appaartimentii



**a) Gamoo appaartimentii xixiqqoo**
Gamoowwan kun baay'ee dheeroo miti, akkuma kana liiftii hin qaban. Akkasumas tokkon tokkon floori irratti apparmenti tokko ol gabachu danda'u.



**b) Gamoowwan dheeroo ta'an.**
Gamoowwan dheeroo ta'an magaalota gurguddoo keessa jiraachuu danda'u. Kan liiftii qabanii fi sadarkaa (filoorii) hundumaa keessatti appaartimantii tokko caalaa qabaachuu danda'anidha.



**c) Appaartimentii gubbaan isaanii mana kuusaa ta'an**
Appaartimentoonni kun mana kuusaa yookiin mana nyaataa gubbaa kan jiranii fi gatiin isaanii kan gamoo dheerooyookiin gamoo xixiqqoogadii dha.



**d) Appaartimantii Lafa jalaa**
Apaartimentoonni akkasii biyya Kaanaadaa keessatti kan baramanii dha. Lafa jala kan jiranii fi foddaa xiqqoo kan qabaniifi, aduu galchuu kan danda'anii dha. Appaartimeentiin gar-jalaa, apaartimentii warra kaan irra kan gatiin isaa gadi bu'aa dha.



**Appaartimentiin biyya Kaanaadaa keessaa, kutaa ciisichaa tokkoo hanga sadii qaba. Appaartimentoonni mana ciisichaa tokko hanga afuriitti qaban argachuun rakkisaa dha, akkasumas mi'aa dha.**



## 2. Manoota



**a) Manoota qofaatti adda ba'anii jiran**

Maatii tokko duwwaatu mana qofaatti adda ba'e tokko keessa jiraata. Manoonni akkasii bituufis ta'e, kireeffachuuf baay'ee mi'aa dha.



**b) Mana wal qabatee jiru**

Manoonni walqabatanii jiran balbala ofii isaanii ni qabaatu. Mana walitti anaanii jiran wajjin girgiddaa tokko hiratu. Manoota kunniin namootaan kireffamuu yookiin bitachuun ni danda'ama.

## 3. Mana dhaabbii keessa jiraattu



**a) Manoota haala salphaan argachuun danda'amu**

Manoonni akkasii rakkoo namoota hiri'na qaamaa qabanii furuu ni danda'u. Akkasumas namoota of kunuunsuu hin dandeenyeef mijatoo dha.



**b) Mana hirmaachuun jiraachuu**

Manoonni akkasii namoota lamaa fi lamaa oliitiif kireeffamuu danda'u, akkasumas goorduba tokko wal wajjiin hirmaatu. Kun hundumaatuu mana ciisichaa mataa isaa danda'e qabu.

**Maatii guddaa dhaaf mana argachuun rakkisaa dha. Daangaan lakkofsa namoota maatii tokkoo keessa wal wajjin jiraatanii jira.**




## 4.4 Jechoota barbaachisoo mana wajjin wal qabatanii jiran


**Qajeelfama:** Jechoota manaa wajjin wal qabatan ilaali. Jechaa fi ibsa isaa gidduutti sarara kaasi.



**Dafqaan bulaa (kireeffataa)** — 1.




**Abbaa lafaa** — 2.



**Meeshaalee** — 3.



**Inshuransii dafqaan bulaa(kireeffataa)** — 4.



**Mul'istuu aaraa** — 5.



**Kuusaa koosii** — 6.

**a)** Abbaa mana namoonni biroo kireeffatan qabate.

**b)** Meeshaa elektrooniksii hojii manatiif barbaachisan, manni kiraa yeroo baay'ee qodaawwan gurguddoo Kan nama kireeffatuu kan hin taanee, abbaa manaa keessaa qabuun alatti qodaa manaa of keessaa hin qaban.

**c)** Meeshaalee yommuu balaan ibiddaa jiru si beeksisuu danda'an.

**d)** Nama mana jireenyaa kireeffatu.


**e)** Kaffaltii yommuu, rakkoon adda addaa umamuu kaffalamu, kan akka hannaa, miidhaa ibiddaa.

**f)** Konteenarii koosii akka: pilaastikii, waraqaa fi laastikii adda addaa keessatti gatuu dandeessu. Magaaloonni tokko tokko walitti qabuun irra deebiin oomishu.

Deebii: 1 (d);2 (a); 3 (b); 4 (e); 5 (c); 6 (f)


## 4.5 Seera manaa

Seerri manaa itti gaafatamummaa fi mirga abbaa manaa fi kireeffataa of keessaa qaba. Piroovinsii fi iddoo kan biroo keessatti adda adda.



**Qajeelfama:** Gaaffiiwwan dubbisi. Mallattoo "✓" kana mirgaa fi itti gaafatamummaa eenyu akka ta'e adda baafachuuf saanduqa keessa ka'i.. Gaaffiiwwan tokko tokko deebii tokko caalaa qabaachuu danda'u






[✓] **a)** kireeffataa

**1.** Eenyutu kiraa manaa kaffaluuf dirqama qaba?

[ ] **b)** Abbaa manaa






[ ] **a)** kireeffataa

**2.** Eenyutu mirga kiraa manaa dabaluu qaba, garuu kan ta'u xalayaa barreessuunii fi kan dabalamus immoo kan murtaa'ee dhaa?

[ ] **b)** Abbaa manaa






[ ] **a)** kireeffataa

**3.** Kutaa mana isaa keessa qulqulleessuuf eenyutu itti gaafatamummaa qaba?

[ ] **b)** Abbaa manaa






[ ] **a)** kireeffataa

**4.** Seera gamoo keessa jirtuu eenyutu kabajuuf dirqama qaba? akkasumas seera magaalichaa, kan akka iyya sagalee?

[ ] **b)** Abbaa manaa






[ ] **a)** kireeffataa

**5.** Eenyuutu gamoo haala gaarii fi qulqullinaan eeguu qaba?


[ ] **b)** Abbaa manaa

Deebii: 1 (a); 2 (b); 3 (a); 4 (a); 5 (b)





**6.** Rakkoo nama kireeffateen dhufee eenyutu kaffaluu qaba?




☐ **a)** kireeffataa ☐ **b)** Abbaa manaa





**7.** Manni kireeffamu kun akka haaromsamuuf eenyuutu heeyyema ol seenuu kenna?



☐ **a)** kireeffataa ☐ **b)** Abbaa manaa






**8.** Eenyuutu gatii haaromsa godhamuuf kaffaluuf itti gaafatamummaa qaba?



☐ **a)** kireeffataa ☐ **b)** Abbaa manaa






**9.** Eenyuutu kontiraata kiraa hordofuu qaba mana kireeffate gadhisuuf?




☐ **a)** kireeffataa ☐ **b)** Abbaa manaa





**10.** Eenyutu kaffaltii ji'a jalqabaa kaffaluu qaba, eenyutu gatii eegumsaatii fi gatii miidhaa adda addaa uumamuuf kaffaluu qaba?



☐ **a)** kireeffataa ☐ **b)** Abbaa manaa



**Abbaan manaa nama qarshii kiraa funaanuu fi nama gamoo haala gariitiin qabuu danda'u qacaruu danda'a. Akkasumas yoo miidhaan adda addaa jiraate hojjachiisuu dandaa'u. Namni kun hojii gaggeessaa qabeenyaa jedhama.**




Deebii: 6 (a); 7 (b), 8 (b), 9 (a, b); 10 (b)

## 4.6 Liizii

Liiziin kiraa koontiraataa kireeffataa fi Abbaa manaa gidduu jiruu dha. Koontiraata kana erga sirriitti dubbistee booda irratti mallatteessuu qabda.

Odeeffannoon armaan gadii koontiraata liizii adda addaa irra jira.





**Dhaabbata mootummaa fandii si godhu yookiin ispoonsara kee, piroovinsii keessa jirtu keessatti waa’ee manaa ilaalchisee eenyuutu itti gaafatamaa akka ta’e gaafadhu. Dhaabbata kana gaaffii gaafachuu yookiin qeeqa waa’ee manaa irratti qabdu dhiyeessuufii ni dandeessa.**


## 4.7 Mana kee keessa tasgabbiidhaan taa'uu.

Haala armaan gadiitiin mana kee keessa nagaadhaan taa'uu dandeessa. Dhaabbata mootummaa fandii si godhuu yookiin ispoonsarri kee wantoota kana akka sitti agarsiisaniif gaafadhu.


**Qajeelfama:** Qabxiiwwan tasgabiidhaan mana kee keessa akka jiraattuuf si gargaaran dubbisi. Saanduqawwan jiran keessatti qabxiiwan tasgabbiidhaan akka jiraatu si taasisan irratti mallattoo "✓" kaa'i, kan dhaabbanni mootummaa fandii godhuuf, yookiin ispoonsara kee gaafachuuf erga biyya Kaanaadaa seentee booda




**1.** Balbala cufuu





**2.** Agarsistuu aaraa yeroo hundumaa cheekii gochuu akkasumas balballi yeroo balaa ittiin ba'amu eessaan akka ta'e baruu




**3.** Mi'awwan bareedinaa, fi qodaawwan barbaachisoo seeraan kaa'u



**4.** Oollaa kee wajjin wal baruu




**5.** Namoota keessummaa gara keessaatti ol galchuu dhiisuu



**6.** Namoota yakkamoo adda adda naannoo mana kee jiran gabaasa gochuu



**7.** Inshuransii kireeffataa manaa bituu



**8.** Qodaa mana kee keessa jiru seeraan fayyadamuu fi rakkoo adda addaa hambisuu




## 4.8 Qulqullina mana keetii eeguu

Qulqullina mana jireenyaa keetii eeguun fayyaa keetiif barbaachisaa dha.

**Qajeelfama:** Mana kee qulqulleessuun akkamitti akka fayyaa kee eeguu dandeessu dubbisi. Tooftaawwan qulqullinaa siif haaraa ta'anii irratti mallattoo "✓" kana godhi.




**1.** Kosii mana kee keessaa yeroo hundumaa adda baasuu, iddoo itti gatamu keessa kaa'uu fi guyyaa funaanamu irrati gadi baasuu



**2.** Lafa manaa qulqulleessuu fi haruu



**3.** Iddoowwaan adda addaa mana kee keessa jiranii qulqulleessuu



**4.** Saaniiwwan qulqulleessu



**5.** Uffata uffattuu fi uffata siree cisichaa kee qulqulleesuu



**6.** Mana fincaanii, siinkii, baaz taabii fi shaawoorii kee qulqulleessuu



**7.** Mi'awwan qulqullinaa akka paadii gatuu, taampoonii fi daayipparii mana fincanii keessatti otoo hin ta'in qodaa kosii keessatti gatu.



# Boqonnaa 5
# FAYYAA




# Boqonnaa 5
# FAYYAA



## 5.1 Tajaajila fayyaa hawaasaa Kaanaadaa keessatti


Tokkon tokkon Godinalee fi aanotaa jiraatota isaanitif tajaajila fayyaa hawasaa kan mootumman deegaramu kennu. Tajaajilli godhamu aanaa tokko irraa kan biroo irratti adda adda. yeroo baayee kaanaadaatti tajaajila fayyaa yommu argattan kalattiidhan kanfaltii kanfaluun isinirraa hin eegamu. Tajaajilli kun kan kennamu gibra ummanni kaffaluun.




Tajaajila fayyaa hawaasaa kana argachuuf kaardii fayyaa argachuu qabdan. Kaardii fayyaa argachuuf godinoota keessa jiraatutti iyyachuu qabdan. Kaardii fayyaa argachuuf daftee iyyachuuf dhaabata mootumman deegaramuu fi ispoosara kee akka sigargaaran gaafadhu.

Kunuunsi Tajaajillia fayyaa tokko tokko, guutumaa guututti kan siif kaffalame dha. Warri kaan immoo guutumaa guututti kan hin kanfalamne yookiin kan murtaa'e kan kaffalamee dha. Tajaajilli fayyaa namoonni kalattin yeroo baay'ee kaffaluu qaban, kanneen armaan gadii dabalata.



1. Kishaafa (fuullee ijaa) ajajame



2. Kunuunsa ilkaanii



3. Qoricha ajajame



4. Tajaajila ambuulaansii



5. Tajaajila kunuunsa manatti godhamu, rakkina fayyaatiif


Odeeffannoo dabalataaf, dhaabbata mootummaa fandii godhu yookiin ispoonsara kee gaafadhu. Yookiin aanaa kee haasofsiisi. Weebsayitii piroovinsii (aanaa) keetiis ilaali.




**1.** Ati yookin Maatii kee keessaa namni tokko yoo hojii jalqabe, nama yookiin dhaabbata si qacare tajaajila baasii fayyaatiif aanaan kee siif kaffaluu kan hin dandeenye, yoo ta'e akka siif kaffalu gaafadhu.




**2.** Aanaa tokko tokko keessatti, tajaajilli qorichaa/dawwaa, fi kunuunsi ilkaanii gatii xiqqoon yookin bilisaan namoota murta'aniif godhamuu danda'a. Dhaabbata mootummaa fandii si godhuu yookiin ispoonsara kee waa'ee kanaa gaafadhu.



**3.** Biyya Kaanaadaa keessatti baay'ina ijoollee fi yoom qabaachuu akka dandeessu filachuu dandeessa; ogeeyyii fayyaa kee wajjin haala karoora maatii keetii dubbachuu dandeesa. Kunis qaamaa fi filannoo kee irratti hunda'a.




**4.** Ijoolleen saala wal makaa qabaatanii dhalatan, yoo fayyaa isaaniif barbaachisaa ta'e malee yaalii baqaqsanii yaaluu gochuu hin qaban.




**5.** Naamoonni eenyumaa filannoo fedhii saalaa yaalii baqaqsanii hodhuun mirga jijjiirachuu ni danda'u; kunis seera qabeessa. Kana jechuun saala yeroo dhalatan qabanii irraa adda ta'e jijjiirachuu danda'u.

**Tajaajila fayyaa hawaasaa yeroo argattu hundumaatti, kaardii fayyaa kee agarsiisuu qabda. Kaardii fayyaa kee qofaa fayyadami, kan kee namaaf hin ergisiin.**



## 5.2 Sagantaa tajaajila fayyaa federalaa yeroodhaaf


Kunuunsa tajaajila fayyaa hawaasaa biyya Kaanaadaa yoom akka argachuu jalqabdu, Kaanaadaa keessa eessa akka jiraattutu murteessa.




Sagantaan fayyaa federaalaa yeroodhaaf (IFHP/PFSI) hamma ati kardii fayyaa hawaasaa argattutti akkasumas, tajaajila fayyaa hawaasaa fandii ta'e hamma argattutti siif godhama. Akkasumas immoo, osoo dhaabbata mootummaa fandii godhu irraa yookiin ispoonsara kee irraa gargaarsa argattuu, baasii fayyaa keetii siif kaffaluu danda'a. Odeeffannoo dabalataaf kana dubbisi.





Waraqaa ragaa IFHP/PFSI, keetii akkuma Kaanaadaa geesseen argatta. Dookumantii kana seeraan qabi.



Yommuu tajaajila fayyaa fi meshalee yaalaa barbaaddutti, waraqaa ragaa kee IFHP/PFSI gara kennitoota tajaajila fayyaa galma'aanitti deemuu kee waraqaa ragaa kee agarsiisuun tajaajila tolaan akka argachuu dandeessu mirkaneefatta.

Sagantaa tajaajila fayyaa federaala  yeroodhaf argattan irratti dabalataan immoo nannoo yookin aanaa keessan irraa tajaajilli fayyaa arganttan kan armaan gadiiti dabalata.



**1.** Yaala ijaa murtaa'e kishaafa(fuullee ijaa) siif ajajame agarchuu.








**4.** Tajaajila ambuulansii, qoricha siif ajajamee, tajaajila hiikaa

**2.** Kunuunsa ilkaanii hatattamaa



**3.** Tajaajila fayyaa sammuu




Tajaajila kana dhaabbata mootummaa fandii godhu irraa yookiin ispoonsara kee irraa argachaa isa kanas argachuu dandeessa. Sagantaan tajaajila fayyaa federalaa kan yeroo gababaa yeroon isaa yoo dhume, tajaajila fayyaa dabalataa armaan oliitiif kaffaluu qabda.


**Yommuu IFHP/PFSI fayyadamtuutti, tajaajila fayyaa keetii akka siif kaffalame, gaafachuu qabda. Yoo ta'u baatee ofii keetii kaffaluu qabda yookiin hamma tajaajila fayyaa hawaasaa kee irraa argattuutti eeguu qabda. Dhaabbanni mootummaan fandii siif godhu yookiin ispoonsara kee IFHP/PFSI keetiin tajaajila akkamii akka argattu gaafachuu dandeessa. Akkasumas immoo hojjattoota fayyaa IFHP/PFSI galmaa'aan irraa oddeeffanoo argachuu dandeessa asitti.**



## 5.3 Kunuunsa tajaajila fayyaa adda addaa argachuuf eessa deemuu qabda?

Kaanaadaatti kenitoonni kunuunsa fayyaa garaagaraa,tajaajila adda addaat dhiyeessu

**Qajeelfama:** kennitoota tajaajila fayyaa adda addaa biyya Kaanaadaa keessa jiranii ilaali. Kennituu tajaajila fayyaa fi ibsa isaa wajjin walitti sararan firoomsi.




**Hakimoota (ogeessa fayyaa) maatii** — **1.**



**Buufataalee fayyaa hawaasaa** — **2.**




**Kutaawwan balaa tasaa** — **3.**



**Hospitaalota** — **4.**

**a)** Kutaa hospitaalaa yeroo rakkoon fayyaa cimaa fi tasaa si mudate kan deemtuudha. Haala rakkoo keessa jirtuu irratti hundaa'uun ofiin deemuu yookiin 911 irratti bilbiluun gargaarsa ambulaansii argachuu ni dandeessa.

**b)** Gorsa kunuunsa yaalii waliigalaa fi ogeeyyii yaaliiwwan fayyaa kenaniidha. Ispeeshalistii si barbaachisuu wajjin wal si qunnamsiisu. Bu'aa qorannoo fayyaa fi talaallii argatte hunda osoo Kaanaadaa hin ga'in dura agarsiisi.


**c)** Wirtuu kunuunsa fayyaa gurguddaa deemuuf yoo rakkoo fayyaa cimaa yookin qorannoo fayyaa fi yaala baqaqsanii yalu si barbaachise, kan deemtaniidha.

**d)** Naannoo jiraattu keessatti, Hakimootaa (ogeessoota fayyaa) fi narsoota kee haasofsiisuu ni dandeessa.

**Kaanaadaa keessatti, nama rakkoo fayyaa kee itti himatu murteeffachuu dandeessa. Namoota kan birootti himamuu hin qabu yoo ati akka himamu goote malee. Iddoo itti yaalamtu filachuun, itti gaafatamummaa keeti.**



Deebii: 1 (b); 2 (d); 3 (a); 4 (c)



**5.** **Kiliinika**



**6.** **Ispeeshalistoota (ogeessoota fayya adda)**



**7.** **Deentistii (ogeessa fayyaa ilkaanii)**



**8.** **Dunkaana qorichaa**



**9.** **Tajaajila fayyaa sammuu**

**e)** Ogeeyyota fayyaa gosa fayyaa murtaa irratti xiyyeefatan fi leenjii ol'anaa fudhataniidha. Yeroo baayee hakimni maatii ketii gara ogeyyii fayyaa olanoo kanatti si erguu danda'u. Riiferiin hatattama hin taane tanaan dooktora wajjin wal arguuf ji'oota heddu fudhachuu danda'a.

**f)** Yoo rakkoo fayyaa ilkaanii qabaatte ogeessa bira demtee dubisuu qabduu dha. Tajaajiloonni akkasii dhaabbata fayyaa hawaasatiin hin kaffalaman. Haa ta'uutii garuu karoorri kunuunsa fayyaa hawaasa tokko tokkoo arifachiisaa fi gatii yaalii baqaqsanii hodhuu hospitaalatti siif godhamu siif kaffaluu danda'u.

**g)** Rakkoo fayyaa lubbuu keerratti sodachisaa hin taane garuumoo kan siyaachiseef,hakima maatii yoo qabachuu bate yookin hakimni maatii kee dhiyeenyatti yoo hin argamne bakka yaliif deemtuudha. Demtee yaalamuudhaf beelama gosa kamiyyuu si hin barbaachisu.

**h)** Yoo dhukkuba miiraa qabaatte, hojjatoota kamtu si gargaaru danda'a. Rakkoon miiraa jireenya kee yeroo hundumaa kan miidhu yoo ta'e hojjata fayyaa dhimma kana irratti haasofsisi.


**i)** Qoricha fayyaa siif ajajamee eessaa deemtee bituu dandeessa, akkasumas immo bu'aawwaan fayyaa adda addaa. Hojjatoonni fayyaa kan biroo waa'ee fayyaa keetii irratti, akkuma kanas immoo talaallii siif godhamu ilaalchisuun, gaaffii siif deeebisuu ni danda'u.

**Dooktarii maatii biyya Kaanaadaa keessatti argachuun yeroo fudhata. Dhaabbata mootummaa fandii si godhuufi ispoonsaroota kee akka Kaanaadaa geesseen haasofsisi. Akkuma kanas immoo rakkoo fayyaa hatattamaa kan hin taane yoo qabaatte kilinika dhiyoo kee jiru deemuun haasofsiisuu ni dandeessa.**



Deebii: 5 (g); 6 (e); 7 (f); 8 (i);9 (h)

## 5.4 Beellama yaalaa





Beelama yalaatif sa'atiidhan dhiyachuun barbaachisaadha. Yoo barfattee deemtee, dooktariin kee si yaluudhaaf eeyamamaa ta'u dhisuu danda'a. Yoo tajaajila kanaaf barfattee kaffalteeta ta'e illee dooktarri si diduu ni danda'a. Kanaafuu yeroon kaffaluutu sirraa eegama jechuu dha. Kanaaf yeroo fi guyyaa beellema keeti yaadachuuf barreefachuu qabda.

**Qajeelfama:** Muuxannoo maatiin kun beellema haala fayyaa irratti qabanii ilaali.


1.



2.





3.





4.




5.




6.




## 5.5 Fayyaa sammuu




Fayyan sammuu bu'aa ba'ii jireenyaa jiru giddutti miira namatti dhaga'amu;yaada namati dhaga'amuu fi kan gochaan muldhatan wajjin kan wal qabateedha. Akkamittiin akka dhiphina, aarii fi gadda to'atu ilaalata.



1. Eenyuumtuu rakkoo fayyaa sammuu qabaachuu danda'a. Saala, umurii, sadarkaa barumsaa, sadarkaa galii keetii fi aadaa, adda addaa keessa namoota jiran hundumaa miidhuu danda'a.



2. Waggaa tokko keessatti biyya Kaanaadaa keessatti nama 5 keessaa namni 1 rakkoon fayyaa sammuu ni mudata.




3. Waggaa 40 isaanitti namoonni 50% ta'an biyya Kaanaadaa keessatti rakkoo fayyaa sammuu qabaatu.




4. Tajaajila rakkoo fayyaa sammuu baruuf 211 irratti bilbiluun argachuu yookiin onlaaynii ilaaluu dandeessa. Akkasumas immoo dooktara fayyaa keetii haasofsiisuu dandeessa yookiin narsii fi gargaarsaaf hojjataa hawaasaa haasofsiisuu ni dandeessa. Odeeffanoo dabalataa akkaataa namoonni biyya Kaanaadaa keessa jiran akkamittiin akka fayyaa sammuu isaanii eeguu danda'an asirratti ilaali.



5. Ijoollee rakkoo fayyaa sammuu qabaniif, kana irratti bilbilli 1-800-668-6868 yookiin kana dubbisi:

## 5.6 Namoota haaraa dhufaniif wantoota rakkoo ta'uu danda'an


**Qajeelfama:** Rakkoo namoonni biyya Kaanaadaatti reefu dhufanii maal akka ta'e ilaali. Mallattoo "✓" kana rakasikoo biyya Kaanaadaa keessatti si muudatu irra kaa'i.




1. Maatii, hiriyoota fi mana kee dhiistee deemuu, kutaa addunyaa barte tokko irraa gara kan birootti deemuu




2. Iddoo keessa jiraattu barbaaduu



3. Hiriyoota kan biroo argachuu




4. Hojii argachuu



5. Maatii kee deeggeruu



6. Hawaasa kan biroo keessa qubachuu



7. Haala qilleensaa wajjin wal baruu




8. Mana barumsaa haaraa jalqabuu

## 5.7 Yommuu gargaarsa barbaaddu?

Jireenya biyya haaraa keessatti jalqabuun, rakkisaa fi kan yeroo fudhatuu dha. Yommuu wantoota kana keessa darbitutti miira adda adda qabachuun kan baramee dha. Yoo miiri ati qabdu hojii kee guyyaa dha gara guyyaatti ni miidha ta'e gargaarsa gaafachuu qabda. Waa'ee rakkoo keetii namoota biroo wajjin haasa'uun furmaataa keetiif tarkaanfii jalqabaati. Yoo ati yookiin namni ati beektu tokko rakkoo armaan gadii qabaate gargaarsa gaafadhu.



**1.** Gaddaa fi Abdii kutachuu



**2.** Abjuu dhiphisaa ta'e qabaachuu




**3.** Miira beelaa dhabuu



**4.** Hirriba dhabuu



**5.** Dadhaabuu




**6.** Aaruu fi obsa dhabuu



**7.** Dhipachuu fi jeeqamuu




**8.** Qofaa ta'uu, namoota biroo irraa adda ba'uu




**9.** Yaada of miidhuu yookiin of ajjeesuu qabaachuu

## 5.8 Akkamitti ofii keetii fi namoota biroo gargaaru dandeessa.


Yoo gadditee fi dhiphatte karaan ittiin ati namootaa fi ofii kee of gargaaruu dandeessu jira. Wanta si gammachiisuu danda'u hojjadhu.




**Qajeelfama:** Gochawwan raawwachuu dandeessu ilaali. Mallattoo "✓" yommuu biyya Kaanaadaa keessatti rakkoon si muudachuu danda'an wantoota si gargaaruu danda'an irra godhi.




**1.** Namoota birootiif yookiin namoota wajjiniin nyaata bilcheessuu




**2.** Namoota biroo gargaaruu




**3.** Maatii keetii fi hiriyoota kee wajjin yeroo dabarsuu



**4.** Manaan alatti yeroo dabarsuu




**5.** Nyaata madalawaa ta'e nyaachuu kana dubbisi:



**6.** Kadhachuu yookin xiinxaluu




**7.** Ispoortii shaakaluu yookin sochii qamaa hojechuu




**8.** Namoota amantuu wajjin haasa'uu



**9.** Wanta garii ta'e irratti Xiyyeeffannoo gochuu




**10.** Gochaa aadaa keetii raawwachuu



**11.** Yeroo mataa keetii mijeessuu fi waan si gammachisuu kan akka Kitaaba dubbisuu wantoota tokko tokko hojjachuu

**Fayyaan miira keetii, akkuma fayyaa qaama kee biroo barbaachisaa dha. Lamaanuus immoo kan wal qabatanii dha. Yommuu qaama keetti dhukkubni dhaga'amu miirri kees akkuma kana ni dhukkubsata kanaaf gargaarsa barbaaduun barbaachisaa dha.**



## 5.9 Rakkoo fayyaa qulqullinaan walqabate ittisuu.

Qulqullina mataa keetii eeguun dhukkuba adda addaa irraa ofii keetiifi matii kee eeguudhaaf murteessaa dha


**Qajeelfama:** Rakkoowwan fayyaa armaan gadii ilalaati; tokkon tokkoo rakkoo fayyaa fi karaa ittin ofirra ittisuun danda'amu sararaan walitti firoomsi



**1.** **Foolii afaanii gadhee fi tortoruu ilkaanii**



**2.** **Utaalloo, baasaa fi raammoolee garaa**



**3.** **Dhukkubaa daddarbaa**




**4.** **Injiraan**



**a)** Yommuu dhukkubsattu, maaskii uffadhuu afaan kee haguugi. Yommuu qofaatuu fi haxxiffattee booda harka kee dhiqadhu.



**b)** Uffata namoota biroo wajjin wal jijiiruu dhiisuu, birushii (rigaa) fi fooxaas (uffata) akkuma kana.



**c)** Ilkaan kee guyyatti si'a 2 hanga 3 tti rigachuu fi yeroo hundumaa qulqulleessi.



**d)** Erga mana fincaanii fayyadamtee boodaa fi nyaata qnyaachuu keetiin dura harka kee saamunaa dhaan sekondii 20 f dhiqachuu.



**Qulqullinaa fayyaa eeggachuuf: daayipaarii, paadii fi taampooniin ijoolleetiif akkuma kana namoota dulloommaniif barbaachisaa dha. Akkuma kanas immoo dubartootaaf yeroo laguutti ni barbaachisa. Yeroo hundumaa mana fincaanii keessatti fi iddoo eyyemamoo keessatti jijiiramuu qabu.**



Deebii: 1 (c); 2 (d); 3 (a); 4 (b)

# Boqonnaa 6
# BARUMSA




# Boqonnaa 6
# BARUMSA



## 6.1 Baruumsa biyya Kaanaadaa keesatti.

Akka seeraatti ijoolleen biyya Kaanaadaa keessaa mana barumsaa seenuu qabu. Goodina fi iddoo adda addaa irratti hundaa'uun, ijoolleen barumsa isaanii umurii 4 fi 6 gidduutti jalqabu yoo ta'e hanga umurii isanii 16 fi 18 barachuu qabu.



Kaanaadaatti Godinooni fi aanoleen barumsaaf itti gaafatamummaa qabu. Kana irraa kan ka'e iddoo adda addaa keessa jirtuutti garagarummaan jiraachuu ni danda'a. Odeeffannoo barumsaa dabalataa iddoo ati irra jirtuu asirratti ilaali




Kaanaadaan afaan biyyoolessaa lama qabdi: Afaan Faransaayii fi Ingillifaa. Manni barnootaa ummataa yeroo baayee afaan kana lamaaniin kennema.

Mana barumsaa Ingillifaa keessati, barumsi afaan Igilliffaatiin kennema, afaan Faransaay immoo akka afaan lamaffatti kennema. Mana barumsaa afaan Faransaay kesessatti immoo barumsi afaan Faransaayiin kennama. Afaan Ingilliffaa akka afaan lammafaatti ilaalama. Manni barumsaa tokko tokko immoo afaan lamaan walitti makuun fayyadamu. Odeeffannoo dabalataaf dhaabbata mootummaa fandii siif godhu yookiin ispoonsaraa kee gaafadhu.

**Afaan hojii aanaa kiwubekii keessatti Fireenchii dha, ijoollee haaraan, reefu dhufan mana barumsaa fireenchiin kennamu keessa seenu. Aanaa kan biroo keessatti, waa'ee barumsa Fireenchii asitti argachuu dandeessa.**



# 6.2 ijoollee keetif filannoowwan barnootaa jiru

**Qajeelfama:** Kaanaadaatti ijoollee kee barsiisuudhaf filannoowwan jiran dubisi. Kunis immoo iddoo irra gara iddootti jijjiiramuu danda'a. Erga kaanaadaa gesee booda Carrawaan barnootaa dhaabbata mootummaa fandii siif godhu yookiin ispoonsara kee biyya Kaanaadaa gaafachuu kan karoorfate irratti mallattoo kana (✓) godhi filadu.




☐ **1. Mana barnootaa uummataa**

**a)** Kun mana barnoota biyya Kaanaadaa keessa baayi'naan jiruu dha. Taaksii gibra ummanni biyya Kaanaadaa kaffaluun fandii (gargarsaa) ta'u. Tokkon tokkoo Goodina keessatti barumasa qulqullina qabu akka kenamuuf ni mirkaneesu. Barsisoonni waraqaa ragaa argachuu fi mana barnootaa kana keessatti barsiisuuf akkasumas immoo qajeelfama mootummaa hordofuu qabu.




☐ **b) Mana barnoota addaa**
Manni barnootaa akkasii goodina tokko tokko keessatti qofaa argamu, mootummaadhaan fandii ta'u. Mana barnootaa akkasii keessatti amantii kaatolikii roomaa, qooda qabu.




☐ **2. Mana barnootaa dhuunfaa**
Mana barnoota akkasii keessatti barachuuf, maatiin barattoota isaanitiif kaffaluu qabu. Mana barnootaa baay'een seera mootummaan ba'e hordofu. Manneen barnoota dhuunfaa biroo Barsiisotaa barsiisanii fi barattoota filachuu ni danda'u. Mana barnootaa akkasii keessati, amantiin qooda sirna barnootaa ta'uu danda'a.





☐ **3. Manatti barachuu**
Maatiiwwan tokko tokko ijoollee isaanii manatti barsiifachuu barbaadu. Barattonni barumsa akka argachaa jiran beeksisuuf galmaa'uu qabu, maatiiwwan ijoollee maal akka barachuu qabanii fi baasii barumsaa kaffaluu qabu. Seerri manatti barachuu goodina gara goodinatti adda addaa.


Odeeffannoo dabalataaf waa'ee barumsaa irratti weebsayitii goodina keetii yookiin ministeera barnootaa ilaaluu qabda.

## 6.3 Barnoota hawaasaa Kaanaadaa keessaa

**Qajeelfama:** waa'ee barnootaa baramee fi idilee biyya Kaanaadaa ijoolleef kennamuu biyya Kaanaadaa keessaa dubbisi.



1. Barri barnootaa dhuma Hagayyaa irratti yookiin Fuulbaana gara jalqabaa keessa eegaluun, Waxabajjii irratti xumurama. Akkuma kanas immoo gidduu gidduutti yeroo boqonnaa qaba. Yommuu Kaanaadaa geessuutti yoo barumsi jalqabeera ta'e illee, mana barumsaatti ijoollee kee erguu ni dandeessa.



2. Ijoollee Wiixata irraa hanga Jimaataatti, guyyaa ayyaanaan alatti mana barumsaa ni deemu.



3. Barattoonni guyyaa guyyaan sa'a baa'ina 7 hanga 8 tti mana barumsaa keessa turu.



4. Ijoolleen kee yookiin barattoonni afaan Ingillifaa yookiin Fireenchii hin danda'an yoo ta'e, kutaa umurii isaaniiwajjin deemu keessa seenu. Carraaqqiin dabalataa akka afaan kana barataniif barbaachisaa dha.



5. Barattoota rakkoo qaamaa, amalaa, fi rakkoo barnoota qabaniif gargaarsa dabalataa gochuun barbaachisaa dha. Gargaarsi kun mana barumsaattis ta'e iddoo birootti barbaachisaa dha. Dhaabbata mootummaa fandii siif godhu yookiin ispoonsara kee gargaarsa gaafachuu ni dandeessa.

## 6.4 Sadarkaa barnoota biyya Kaanaadaa keessa

**Qajeelfama:** Sadarkaa barnoota ijoollee ilaali goodina adda addaa keessatti sadarkaan isaa adda adda ta'u danda'a.

**Oolmaa daa'immanii:** umurii 3-5

**Mana barnootaa sadarkaa jalqabaa:** umurii 6-10 (kutaa 1-5)

**Mana barnootaa giddu galeessaa:** umurii 11-13 (kutaa 6-8)

**Mana barnootaa sadarkaa lammaffaa (high school):** umurii 14-18 (kutaa 9-12)

**Dippiloomaa mana barumsaa sadarkaa lammaffaa**


**Ijoolleen gara mana barumsaa deemanii talaallii adda addaa dhukkuba adda addaatiif argachuu qabu. Odeeffanoo talaallii yeroo hundumaa qabaachuun barbaachisaa dha.**

## 6.5 Barataa biyya Kaanaadaa ta'uu

**Qajeelfama:** Barataa mana barnootaa hawaasaa ta'uun maal akka fakkaatu ilaali. Mallattoo "✓" kana saanduqa biyya ati kana dura keessa jiraachaa turten wantoota adda ta'anii irratti kaa'i.



☐ **1.** Barattoonni yeroo baay'ee uffata seeraa hin uffatan.



☐ **2.** Barattoonni yeroo baay'ee yoo barsiisaan kutaa seenu ka'anii hin dhaabbatan.



☐ **3.** Barattoonni osoo saala fi aadaa isaaniitin yookiin dandeettii isaaniin wal hin qoodin wal duukaa qo'atu akkasumas wal duukaa hojii manaa hojjatu.



☐ **4.** Barattoonni hojiin manaa, manatti hojachuu qaban jira. Kunis immoo hojii manaa jedhama.



☐ **5.** Barattoonni wal miidhuu yookiin hojjataa mana barumsaatiin miidhamuu hin danda'an. Namni beekaa nama miidhu, adabbiin irratti ni fudhatama.




☐ **6.** Barattoonni amantii adda addaa hordofan wal duukaa jiraatu kanaafuu wal kabajuu qabu.




☐ **7.** Barattoonni laaqana mana ofii isaanii qabatanii dhufuun wal duukaa nyaatu.

**Maneen barnootaa adda addaa, hojjatoota maatii haaraa simachuun haala barnootaa ibsuufi danda'an qabu, akkamittin akka sirna barnootaa baranii fi jireenya isaanii Kaanaadaa keessaa akkamitti akka fooyyeffachuu danda'an irratti gorsa kennuuf.**





**8.** Barattoonni wantoota isaan barbaachisu isaaniif ni kennama. Maatiin isaanii wantoota akka boorsaa dugdaa, dabtara yaadannoo, kophee fiigichaa fi qabduu waraqaa bituufi qabu.



**9.** Barattoonni akkamitti akka qaamni isaanii guddatuu fi jijjiiramu ni baratu kunis immoo barumsa saalaa jedhama. Odeeffannoo dabalataaf mana barumsaa kee gaafadhu.



**10.** Baratoonni mana barumsaa keessatti wantoota akka alkoolii fi araada adda addaa fayyadamuu hin danda'an.



**11.** Barattoonni yaada adda addaa irratti mari'achuu, garee dhaan hojjachuun, gaaffii gaafachuun baratu. Barattoonni dhugaa baratan duwwaa akka yaadataniif hin gaafataman.




**12.** Barattoonni afaan Faransaay yookiin Ingillifaa yookiin lamaaniin baratu.



**13.** Barattoonni gochawwan kutaa barnootaa alatti godhaman keessatti ni hirmaatu. Fakkeenyaaf: ispoortii, kilaabii yookiin deemsa gara muuziyeemitti godhamu. Kunis immoo barattoonni hiriyoota argachuu akka danda'an taasisa.



**14.** Baratoonni fi barsiiftooni baay'ee dha akkasumas immoo: saalaan, amantiin, filannoo fedhii saalaa saalaanii, fi dandeettiin isaanii adda adda.

**Rakkoowan armaan olii ilaalte keessa isa kamtu ulfaataa dha, siif yookiin barattoota maatii kee keessa jiraaniif? Waa'ee rakkoo keetii dhaabbata mootummaa fandii sii godhu yookiin ispoonsara kee haasofsiisi.**

## 6.6 Humnaan sodaachisuu

Sodaachisuun bifa cunqursaa mana barnootaa keessatti ta'uu dha. Sodaan darggaggoota hawaasa adda addaatii fi haala adda addaa irraa dhufan hundaa miidhuu danda'a



**1.** Dubbiin nama qoccoluun maqaa nama waamuun, sosodachisuun yookiin hamachuun kan ta'uu dha.







**2.** Nama rukutuun, dubbii namaa barbaaduun, ari'uun, qabeenya namaa miidhuun yookiin hatuunii fi fedhii saalaa hin barbachifneef nama kakaasuu.



**3.** Miira namaa tuquun garee tokko keessa akka namni hin seenne gochuun, namoota kan biroo fuuldurratti nama qaneessuun miira namaa xuquu.

**4.** Intaarneetiidhaan nama qoccoluun, yookiin miidiyaa hawaasaa fayyadamuun, ergaa awwan barreeffamaa erguudhaan kanneen biroo akka aaran gochuu, miirri gadaantummaa akka itti dhaga'amuu fi oduu waliif daddabarsuun namatti qoosuudha. rguudhaan sossodaachisuu, oduu waa'ee nama tokkoo daddabarsuu fi, namatti qoosuu.

**Kanaadaatti haala nama gaddisiisuun manneen barnootaa keessatti nama sodaachisuun dhugaa hin haalamneedha. Manneen barnootaa Kaanaadaa keessa wanta kana furuuf hojjachaa jiru. Namni ati beektu tokko yoo wanti kun irra ga'e, nama amanamaa tokkotti himadhu. Barsiisaa, bulchaa mana barumsaa, dhaabbata mootummaa fandii siif godhu yookiin ispoonsara keettis himachuu dandeessa.**



## 6.7 Maatii fi barnoota

Miseensonni maatii barattootaa, baratаan isaanii akka jaabatee baratuuf deeggersa gochuufi qabu. Ga'een isaan taphatan kanneen armaan gadiitti.



1. Hojii manaa isaanii hojjachiisuu




2. Barsiistoota isaanii wajjin wal arguu fi dudubbachuu



3. Mana barumsaa isaaniitti, tolaan hojjachuu

Ijoolleen umuriin isaanii 12 gadi ta'an yoo maatii kee keessa jiraatan, hordoffii malee dhiisuun hin ta'u.

Tooftaawwan kunuunsa daa'immanii:




1. Maatii itti gaafatamummaan hordoffii godhuuf qabaachuu



2. Mana barumsaa olmaa daa'imanii eeyyama qabu keessatti galmeesisuu



3. Bakka tursiisa daa'immanii kan mana keessaa kunuunsa gaarii ta'e kennu barbaaduu.



4. Nama itti gaafatamummaan isaan hordofu qacaruufi

**Tajaaajilli kunuunsa daa'immanii akkaataa bulchhinsa naannichaatti baasiiwwan gara garaa qaba. Naannoowwan tokko tokkoo fi bulchiisota isaanii keessatti mootummaan gatii salphaadhaan kan deeggaru bakki tursiisa daa'immanii ni jiru. Odeeffannoo dabalataatiif dhaabbilee mootummaadhaan deeggaraman gaafadhaa.**

## 6.8 Haala barattootaa

**Qajeelfama:** Haala barattootaa haa dubbisani. Maatii isaanii ykn maatii barataa gidduudhaa haala kana keessatti yoo argaman maal akka godhan haa ibsan.



**1.** Barataan yoo mana barumsaa deemuu dide



**2.** Yoo barataan umuriin isa 15 ol ta'uuf gartuu ispoortii seenee, qabxiin barumsaa isaa baay'ee gadi bu'u.



**3.** Barataan kutaa barnootaa keessatti jeeqaa jira yoo ta'e, barataa kan biroo wajjin dubbachaa jira yoo ta'ee fi callisee barachaa hin jiru yoo ta'e.



**4.** Barataan waggaa 17 yoo paartii saalaa wal makaa ta'ee keessatti barnoota booda affeeramte.

## 6.9 Baratoota Ga'eessa


**Qajeelfama:** Sababa namoonni ga'eessonni biyya Kaanaadaa keessatti barataniif dubbisi. akka nama ga'aatti Kaanaadaa keessatti barachuun maaliif akka barbaachisu irratti mallattoo "✓" godhi.



☐ **1.** Barumsa hin xumuramne xumuruuf





☐ **2.** Dandeettii Ingiliffaa fi Fireenchii keetii cimsachuuf



☐ **3.** Dandeettii barnoota kee cimsachuuf, waraqaa ragaa fi dipiloma yookiin digirii argachuuf

**Ga'eessota barumsa sadarkaa lammaffaa hin xumurreef haalli itti isaan dipiloomaa isaanii argachuu danda'an mijachuufi ni danda'a. Akkasumas dandeettii qooqa adda addaa barreessuu fi dubbisuu akka danda'an osuma afaan isaaniitiin hin beekne ta'eellee ni barsiisu.**



## 6.10 Barnoota Afanii ga'eessotaaf

**Qajeelfama:** Ga'eessonni biyya Kaanaadaa keessa jiraan dhaabbata mootummaa fandii godhu irraa barumsaa isaaniif gargaarsa argachuu ni danda'u




1. Qooqa Ingilliffaa fi Faransaayii kutaawwan itti baratan jira.




2. Barumsa afaanii barachuu kee dura qorumsa afaanii darbuu qabda. Erga Kaanaadaa geessee booda, dhaabbata mootummaan fandii godhu yookiin ispoonsara kee yoomii fi eessatti qorumsa afaani akka fudhattu gaafadhu. Odeeffannoo dabalataa asirratti argachuu dandeessa.



3. Barumsi guyyaa guutuu, yeroo murtaa'eefi, galgala galgala, guyya guyyaa, dhuma torbee irratti ta'uu danda'a.




4. Barumsi kun qooqa qofaa osoo hin taane, aadaa fi seenaa biyya Kaanaadaa si barsiisa.




5. Iddoo ati barumsa afaanii barattutti yoo deeggersi adda addaa,kan akka geejjibaa fi kunuunsi daa'imaaniif ni godhama ta'e gaafadhu.

## 6.11 Jiraattoota Kaanaadaa keessaa maaliif qooqa barachuun barbaachise?


**Qajeelfama:** Sababa jiratoonni Kaanaadaa keessaa qooqa barachuun barbaachiseef dubbisi. Akka ga'eessatti qooqa Faransaay yookiin Ingillifaa barachuun maaliif akka si barbaachise, saanduqa jiru keessati mallattoo "✓" kaa'i



☐ **1.** Hojii argachuuf



☐ **2.** Tajaajila adda addaa haala salphaan argachuuf



☐ **3.** Gara iddoo hawaasa haaraatti geejjibaan deemuuf.



☐ **4.** Ijollee kee barumsa isaanii irratti gargaaruuf



☐ **5.** Namoota hawaasa kee keessa jiran waliin waliigaluuf



☐ **6.** Lamummaa argachuufi qormaataa afaanii darbuuf




☐ **7.** Barumsa kee itti fufuuf


## 6.12 Filannoowwan barumsaa ga'eessotaaf




**1.** Erga barumsa sadarkaa lammaffaa xumuranii booda ga'esssonni, koolleejjii yookiin yuunivarsitii seenuu danda'u.



**2.** Barumsa argachuun dorgommii kan gaafatuu fi murta'aa dha. Ulaagaa barbaarchisu guutuu keetii fi yeroo dhaan galmaa'uu kee mirkaneessi.



**3.** Wanta qayyabachuu barbaaddu osoo hin jalaqabin dura, qorannoo hojjadhu. Odeeffannoo dabalataaf waa'ee koolleejjii fi yunvarsitii keessaa argachuu yoo barbaadde asitti kana dubbisi.



**4.** Dipiloomaa yookiin digirii biyya Kaanaadaa keessatti hojii argachuu keetiif wabii siif hin ta'u. Haa ta'uuti garuu hojiin tokko tokko dipilooma yookiin digirii barbaachisa.

## 6.13 Baasii barnoota sadarkaa lammaffaa boodaa


Kaffaltiin baasii barumsa sadarkaa lammafaa boodaa dhaabbata barnootaa adda addaa keesatti adda adda.



Baasii barnoota sadarkaa lammafaa boodaa, argachuuf yoo barbaadde lakkoofsa kana irratti bilbilli -888-815-4514 yookiin as tuqi:



Gargaarsi barnoota sadarkaa lammaffaa booda godhamu haala barbaarchiisummaa isaa irratti hunda'a. Karaa armaan gadii kanaan argamuu danda'a;Isaan ilaala



1. Liqii barnootaa erga xumurtee booda kaffaltu.



2. Iskoolarshippii fi carraa kan biroo ati deebistee kaffaluu hin qabne



3. Liqii baankii irraa barattootaaf argamuu fi kan ati deebistee kaffaltu. Haalichi akka kan mootummaa gaarii miti.

Odeeffannoo dabalataa waa'ee gargaarsa maallaqaa barumsa sadarkaa lammaffaa boodaatiif, asitti argachuu dandeessa. Asitti:

## 6.14 Sadarkaawwan barnootaa sadarkaa lammaffaa boodaa

**Qajeelfama:** Sadarkaa barnootaa ga'eessotaa sadarkaa lammafaa boodaa ilaali. Aanota tokko tokko keessatti addaa adda ta'uu danda'a. "(Ṩ)" kan baasii hin qabne; "$" kan baasii xiqqoo qabu; "$$" kan baasii giddu galeessa; fi "$$$" kan baasii ol ka'aa ta'e qabu.

### Dipiloma barumsa sadarkaa lammaffa

**Koolleejjii:** waggaa 2-3

$-$$

**Dhaabbata:** waggaa 1-3

$-$$

**Yuunivarsiitiin dura** (kiwuubeekii keessatti qofa) waggaa 2 ol

(Ṩ)

**Univarsiitii**

**Digirii jalqabaa:** waggaa 3-4

$$-$$$


**Digirii lammaffaa:** waggaa 1-3 +

$$$

**Digirii dokitireetaa:** waggaa 3 +


$$$

## 6.15 Adeemsa gamaagama waraqaa ragaa barnoota keetii



Barumsi kee koolleejjii keessaa, dhaabbata keessaa fi yunivarsitii Kaanaadaa ala si'a tokkoti beekamtii biyya Kaanaadaa irraa hin argattu. Hojii yookiin barumsa biyya Kaanaadaa keessatti itti fufuu yoo barbaadde, barnoonni kee kana duraa qoramuu qaba. Odeeffannoo dabalataa argachuuf 416 962 9725 irratti bilbili yookiin kana dubbisi.

**Qajeelfama:** Duraa duuba ittiin dookumantiin kee sakkata'amu.duraa duuba utuu biyya Kaanaadaa hin ga'in jalqabuu dandeessu saanduqa kana irratti "✓" mallateessi.



☐ **1.** Dookumantii (galmee) hamma dandeessu waliti qabadhu, isaanis:
   **a)** Dipiloomaa, digirii, waraaqalee ragaa
   **b)** Tiraanskiriptii mana barumsaa
   **c)** Ragaa seenaa hojii
   **d)** Xalayaa suupervaayizaraa



☐ **2.** Iddoo itti barattuu fi sagantaa barnootaa adda baafachuu. Haala iyyannoo isaatii fi ulaagaa galmee isaa bari.



☐ **3.** Biiroo galmee haasofsiisuun gosa qorumsaa barnootaa isaan fayyadamanii ilaali.




☐ **4.** Yoo qorumsii afaan Ingillifaa yookiin Faransaay yoo sii barbaachise qorami.

**Dookumantii barnootaa kee qorsiisuun kan yeroo fudhatuu fi kan kaffaltii si baasisuu dha. Odeeffannoo dabalataaf biyya Kaanaadaa keessatti maal gochuu akka qabdu asitti ilaali:**



# Boqonnaa 7
# QACCARRII






# Boqonnaa 7
# QACCARRII




## 7.1 Qacarrii biyya Kaanaadaa keessaa

Maallaqaan of danda'uuf hojii barbaaduufi argachuun murteessaa dha.






Afaan Ingillifaa yookiin Faransaay danda'uun biyya Kaanaadaa keessatti barbaachisaa dha. Odeeffannoo waa'ee afanii ilaalchisee kan namoota haaraatiif barbaachisuu ilaali. Boqonnaa 6 fi gochaa 6.10 ilaali.




Akka biyyaa Kaanaadaa geesseen mootummaan Kaanaadaa yookiin dhaabbanni mootummaa fandii siif godhu yookiin ispoonsarri kee hojii akka argattuuf dandeesuuf wabii siif ta'uu hin danda'an



Namoonni biyya Kaanaadaa keessaa yeroo adda addaa keessatti gara mana barnootaa deemuun baramaadha. Kan kana godhaniif, dandeettii isaanii cimsachuuf yookiin carraa hojii isaanii bal'isuuf.



**Dhaabbata mootummaa fandii (gargarsaa) siif godhu yookiin ispoonsara kee tajaajila qaccarrii adda addaa waliin akka wal si qunnamsiisaniif gaafadhu.**



## 7.2 Kaanaadaa keessatti hojjachuun maaltu sitti dhagahama?

**Qajeelfama:** Haala hojii biyya Kaanaadaa keessaa dubbisuun. Mallatoowan kana “✓” “👍” yoo wali galta ta’ee sanduqa armaan gadii keessa kaa’i. Mallatoo kana “✓” “🤷” saanduqa keessa kaa’i yoo hin beektu ta’e kaa’i. Mallatoo kana “✓” “👎”saanduqa keessa kaa’i yoo wali hin galtu ta’e.




**1.** Hojii kaffaltii miindaa argattuu qofaan hojjatta

☐ 👍 ☐ 🤷 ☐ 👎



**2.** Dandeettii keetiin gadi yoo ta’e illee hojii siif kename ni hojjatta

☐ 👍 ☐ 🤷 ☐ 👎



**3.** Maatii keetiifi, ofii kee qofa of gargaaruuf hojjatta malee gargaarsa dhaabbata yookiin mootummaa irraa hin eegdu.

☐ 👍 ☐ 🤷 ☐ 👎




**4.** Fedha tolaan afaan barachuuf heeyamamaa ta’uu fi namoota biroo wajjin wal baruu qabda.

☐ 👍 ☐ 🤷 ☐ 👎

## 7.3 Kaanaadaa keessatii eenyuutuu hojjachuu danda'a?

**Qajeelfama:** Namoota ilaali. Mallatoo kana "✓" saanduqa namoota biyya Kaanaadaa keessatti hojjachuuf mirga qabu jettu irra kaa'i.




**Seerri hojjatoota; umurii irratti hundaa'uun, sanyii irratti hundaa'uun, sadarkaa hawaasaa, gaa'ila, afaan, amantii, eenyumaa sadarkaa immigireshinii, haala saala, hiri'ina qaama saala irratti hundaa'uun cunqursuu dhowwu ni jira.**



Deebii: 1 (✓); 2 (✓); 3 (✓); 4 (✓); 5 (✓); 6 (✓); 7 (✓); 8 (✓); 9 (✓); 10 (✓); 11 (✓); 12 (✓)

# 7.4 Maatii fi qaccarrii

**Qajeelfama:** Kaanaadaatti ilaalchii fi yaanni maatii ture dhimma hojiirratti akkamitti akka jijjiirame kan armaan gadii dubisaa.



Wal arguu (wal baruu) ______________________

Yommuu biyya Kaanaadaa ga'etti umuriin isa 60 ture, umuriin mucaa isaa 16 ture. Biyya alaa iddoo biroo keessatti hojjatee hin beekuu afaan Ingillifaa yookiin Faransaayii hin danda'u. Namoonni biyya isaa yeroo kanatti soora ba'u. Haa ta'uutii garuu biyya Kaanaadaa keessatti haalli jiru adda dha.

Maaliif biyya Kaanaadaa keessati hojjata?



**1.** Haala fayyaa gaariin qaba, kanaaf hawaasa isaa haaraa kanaaf hojjechuun barbaada.



**2.** Kanfaltiin qarshii ijoollen argamu umuriin isaanii gaafa 18 ta'uti ni dhaabatta waan ta'eef..




**3.** Kaffaltii sooraa isaa argachuuf yeroo dheeraa fudhata, ulaaga inni guutuun irraa eegamus baay'ee waan ta'eef.



**4.** Mucayyoon isaa waggaa 16 gara yuunivarsitii deemu barbaadi. Gatii barumsa ishee kaffaluun ishee gargaaruu barbaada.



**5.** Qarshii waliiti qabe hin qabu.

**Haalli maatii kanaatiifi kan kee akkamitti wal fakkaata?**

**Qajeelfama:** Kaanaadaa keessatti ilaalchi maatii kana dhimma hojiirratti ture akkamitti akka jijjiirame ilaali.

1.




2.



3.



4.




5.



6.




**Namoonni biyyaa Kaanaadaa keessaa saala isaanii irratti osoo hin hundaa'in hundumtuu carraa, mirgaa fi itti gaafatamummaa wal qixxee qabu. Saala isaanii ilaaluun namoota hojii gosa tokkoo hojjatan mindaa isaanii wal caalchisuun seeraan nama gaafachiisa.**



## 7.5 Gosoota hojii biyya Kaanaadaa keessaa









1. **Hojii idilee kan hin taane**
   Hojiin kun eyyema, Waaraqaa ragaa yookiin galmee hin barbaachisu. Haalli qacarrii adda adda waan ta'eef dandeettii kee yookiin sadarkaa barumsaa keetii gaafatamuu ni dandeessa ta'a. Hojiiwwan 80% biyya Kaanaadaa keessaa kan idilee miti.

   Fakkeenyawwan hojii to'atamanii:

2. **Hojii idilee**
   Hojiiwwan akka kanaa eeyyema mootummaa irraa yookiin piroovinsii keessa jirtuu irraa si barbaachisa. Qaamni mootummaa eyyema hojii kennu, kan hawaasaa yookiin dhaabbata mootummaa seera hojiif baasuu dha. Hojiiwwan 20% ta'an biyya Kaanaadaa keessatti mootummaadhaan to'atamu.




1. Tajaajila fayyaa



2. Tajaajila maallaqaa



3. Tajaajila seeraa




4. Barsiisuu



5. Injiinaringii fi arkiiteekicharii



6. Hojii Heerregaa



7. Riil-istaatii



8. Hojii hawaasaa



9. Hojii daldalaa (eelektirishaanii, hojii bishaanii, maakaanikii)


Eeyyema argachuuf qorumsa darbuu fi qaama mootummaatif kaffaltii kaffaluu qabda.



## 7.6 Hojii kee jalqaba Kaanaadaa keessatti

Hojiin jalqabaa namoota baa'ee Kaanaadaa keessaa, hojii idilee miti. Hojiin jalqabaa hojii yeroo hundumaa hojjattu miti. Kan barbaachisa ta'e iddoo tokkotti hojii jalqabuu dha.

**Qajeelfama:** hojii namoonni umirii adda adda irra jiranii biyya Kaanaadaa keessatti hojjachuu danda'anii ilaali. Hojii Kaanaadaa keessatti hojjachuun of deeggeruu fi maatii kee deeggeruu dandeesu irraatti mallattoo "✓" kana irra kaa'i.



**1.** Namaa eergamuu




**2.** Qarshi qabaa (Kaasharii)




**3.** Waardiyyaa (Meeshaa waranaa qabachuu hin danda'amu)




**4.** Hojjataa/ttuu ijaarsaa




**5.** Biqiltuu kunuunsuu



**6.** Rifeensa sirreessuu




**7.** Hojii toora sirreessuu



**8.** Hodhaa Uffataa




**9.** Qulqulleesituu



**10.** Hojjataa/ttuu tajaajila nyaataa



**11.** Hojjataa/ttuu mana kuusaa



**12.** Kennituu kunuunsaa

## 7.7 Kaanaadaatti hojii argachuuf rakkoowwan jiran

**Qajeelfama:** Rakkoowwan namoonni haaraan yommuu gara biyya Kaanaadaatti dhufaan hojii argachuuf rakkatan ilaali. Fuula itti aanuu irratti rakkoo namoota kana ilaali. Qubeewwan saanduqa keessatti barreessuun rakkoowwan jiran walitti firoomsi. Haalli jiru tokkoon isaa deebii tokkoo ol qabaachuu danda'a.





**a)** Dandeettii qooqa Ingiliffaa fi Fireenchii gad bu'aa qabaachuu





**b)** Muuxannoo hojii biyya Kaanaadaa keessatti qabachuu dhabuu




**c)** Haala aadaa iddoo hojii biyya Kaanaadaa haraa ta'uu




**d)** Muuxannoon hojii biyya Kaanaadaan alaa bu'aa kan hin qabne ta'uu




**e)** Kaanaadaatti walqunamtii namoota hojii siif arguu danda'an wajjin qabdu xiqachuu




**f)** Dookumantiin (galmeen) barnootaa biyya Kaanaadaan alaa, Kaanaadaa keessatti beekamtii kan hin qabne ta'uu

**Namoonni haaraan biyya Kaanaadaatti dhufan rakkoowwan kan biro maaltu isaan muudachuu danda'a?**





**b, c, e**


1. Namoota haara reefu gara biyya Kaanaadaatti dhufanii afaan ingiliffaa fi fansaayi dhubachuu warra danda'an akkasumas, dookumantiin barnoota isaanii kan fudhatama argate. Gosa barnootaa barataniin hojjatanii kan hin beekne.




2. Nama haaraa barumsa baay'ee fooyya'aa ta'e baratee fi biyya Kaanaadaa keessati hin beekamne. Gosa barnootaa barataniin biyya Kaanaadaan alatti hojjataniiru. Qorumsa darbuutu barbaachisa biyya Kaanaadaa kessatti hojjachuuf. Jechootoa teekinikaa hojii afaan Faraansaay yookiin afaan Ingilliffaatiin hin beekan.




3. Nama haaraa barreessuu fi dubbisuu hin dandeenye. Hojii isaan hojjatan harkaatti. Osoo biyya Kaanaadaa hin ga'in dura, waggaa baay'eetiif muuxannoo hojii harkaa qabu akkuma kana hojii mataa isaanii qabu turan.




4. Nama haaraa barumsa sadarkaa lammaaffaa hin xummurree fi kan afaan Faransaayi dubbachuu danda'u. Waggoota baay'eedhaaf biyya isaanii keessatti hojjataniiru. Hojii baay'een isaan argatan karaa namoota beekaniitiin.

**Hojii kana dura hojjachaa turte argachuun rakkisaa ta'u illee, yaada sirrii fi yaadaan qopha'uun barbaachisaa dha.**



Deebii: 1 (b, c, e); 2 (a, b, c, d, e, f); 3 (a, b, c, d, e); 4 (a, b, c, d, e)

# 7.8 Kaanaadaa keessatti akkamitti hojii barbaaduun danda'ama?

**Qajeelfama:** biyya Kaanaadaa keessatti akkamittiin akka hojii barbaaduf karoorfate, mallattoo "✓" kana saanduqa keessa ka'uun, gosa hojii barbaaddu irratti maallateessi.



☐ **1.** Kalattiidhan weebsatiirraa, karaa weebsayitii qacarrii raawatanii fi miidiyaa hawaasaa tiin




☐ **2.** Hiriyoota, firoota, ispoonsara fi miseensa hawaasaa wajjiin walitti dhufeenya qabaachuu



☐ **3.** Dhaabbata mootummaan fandii godhu deemuun dubbisuu



☐ **4.** Namoota qacaran waliin qaamaan wal arguu



☐ **5.** Agarsiisa hojiiwwaniirratti hirmachuu

Weebsayittiin irratti hojiin barbaadamuu: www.jobbank.gc.ca/home fi www.workopolis.com




**Karaa adda addaatiin hojii biyya Kaanaadaa keessatti barbaaddu dandeessa. Hojiiwwan baay'eenlle kalattiidhaan oonlayinii ni argamu, kanneen kaan immoo beeksisamuu dhiisuu danda'u.**



## 7.9 Filannoowwan biyya Kaanaadaa keessatti hojii ittiin jalqabuu dandeessu


**Qajeelfama:** Haalawwan hojii biyya Kaanaadaa keessatti ittiin jalqabuu dandeessu ilaali. kan karoorfatanirratti, mallattoo "✓" kana saanduqa gosa hojii barbaadduu irra kaa'i.



☐ **1. Qorannoo dookumantii**
Muuxannoo hojii keetii fi barumsaa dookumantiin akka siif qabamu gochuu



☐ **2. Hojii shaakallii**
Hojii argatte hojjachaa, muuxannoo fi galii argachaa, haala hojii biyya Kaanaadaa keessaa baruu ni dandeessa. Sana booda eeyyema hojii argachuu ni dandeessa. Hangasittis afaan ni shaakalta



☐ **3. Sagantaa ce'umsaa**
Leenjii biyya Kaanaadaa keessatti muuxannoo akka qabaattu si taasisu, Ingilliffa iddoo hojii yookiin Fireenchii fi aadaa iddoo hojii hubachuu.

FINP PFSNA

☐ **4. Intarnishippii (Hojii Tolaa)**
Hojii yeroo xiqqoo hojjachuu, gosa barnootaa baratteen hojii sadarkaa jalqabaa hojjachuu, akkasumas immoo muuxannoo biyya Kaanaadaa qabaachuu. Fakkeenya tokko kan ta'u danda'u Federal Internship for Newcomers program. Odeeffannoo dabalataaf kana dubbisi:




**5. Barumsa Kaanaadaa**
Dhaabbataa biyya Kaanaadaa keessatti, gosa hojii barbaaddeen ga'uumsa argachuuf dhaabbata seenanii barachuu.



**6. Tolaan hojjachuu**
Muuxannoo yeroo yartuu osoo kaffaltiin siif hin kaffalamiin hojjachuu fi walitti dhufeenyaa kee cimsachuu.
Odeeffannoo dabalataaf, kana dubbisi:




**7. Sagantaa gorsaa**
Gosa hojii barbaaddu irratti gorsa barbaadachuu. Namni kun gosa hojii ati barbaadduu irratti namoota wajjin wal qunamtii fi hariiroo akka uumtuuf gorsa siif laata.




**8. Hojii daldalaa kan dhuunfaa keetii jalqabuu**
Hojii kee biyya Kaanaadaa keessaa yaada ofii keetii burqisiissuun, hojii mataa keetii hojjachuu.
Odeeffannoo dabalataaf kana dubbisi:

## 7.10 Barbaarchisummaa gamaagama dookumantii keetii.

Madaalliin dookumantii kanaa, muuxannoo kee yeroo darbee fi sadarkaa qacarrii biyya Kaanaadaa keessaatiin wal bira qabuun madaala. Karaa ittiin dandeettiin, beekumsii, muuxannoon hojii fi barnoonni kee biyya biroo ittiin madaalamuu dha.






Madaalliin dookumantii keetii, qacartoota biyya Kaanaadaa, waa'ee dandeettii keetii akka baran taasisa. Dhaabbanni madaallii, dokumantii barnoota keetii kan madaalu kaffaltii dhaan. Odeeffannoo dabalataa madaallii dookumantii biyya Kaanaadaa as irratti dubbisuu dandeessa.



Madaallii dookumantii kee irratti godhame siivii kee irratti dabaluun fayidaa qabeessa.



Sagantaan baasii madaallii dookumantii keetiif taasist, kan siif kaffaluu danda'u ni jira. Odeeffannoo dabalataaf kana dubbisi.

Odeeffannoodabalataaf kana dubbisuu dandeessa.

**Aaanaawwan adda addaa keessatti, hojiin ati irratti dorgomtu mata duree addaa addaa qabaachuu danda'a. Odeeffannoo hojii dabalataa gadi fageenyaan dubbisi. Gosa barnootaa ati baratte wajjiin kan wal qabatu sirriitti ilaali.**



# 7.11 Iyyannoo hojii fi haala adeemsa qacarrii

**Qajeelfama:** Adeemsa qacarrii hojii fi iyyannoo isaa ilaali. Adeemsi kun haala hojii adda addaa keessatti adda adda ta'uu danda'a.

1. Hojii barbaadi.




2. Muuxannoo hojii keetii fi dandeettiwwan kee tarreessi (CV).




3. Hojiichaaf nama murteessaa ta'uu kee barreessi.




4. Dookumantii kee ergi. CV kee fi ragoolee ati hojii kana durarrati qabuun walqbsiftee erguu.




5. Namni qaacaru sun gaaffii afaanii dhaaf si waamuus dhiisuus ni danda'a.




6. Yommuu gaaffii afaanii si godhanitti, hojii kanaaf nama barbaachisaa ta'uu kee mirkaneessi.



7. Namoonni baay'een hojii dhaaf utuu gaafiidhaaf hin waamamiin dura iyyannoo ni dhiyyeeffatu. Yaaluu kee itti fufi.






8. Yeroo baay'ee fi yaalii hedduu booda hojii argatta. Baga Gammadde!






**Afaan hojii dhaaf barbaachisu sirriitti adda baafadhu. Hojiiwwan hedduun afaan Ingilliffaa akka dubbattu barbaadu. Afaan Faransaayi baay'inaan kiwuubeekii keessatti barbaachisa. Afaan Ingillifaa fi Fireenchii baruun, hojii argachuuf carraa bal'aa siif kenna.**




## 7.12 Aadaa hojii biyya Kaanaadaa


**Qajeelfama:** Haala aadaa hojii biyya Kaanaadaa keessaa ilaali. Saanduqa siif kenname keessati, iddoo haala aadaa hojii biyya kee irraa adda ta'e irratti mallattoo "✓" godhi.




☐ **1.** Hojiin guyyaa guutuu kan sa'aatii 8 fudhaatu dha. Wixataa hanga jimaataatti, torbeetti sa'aatii 40 fudhata.




☐ **2.** Hojiin gartuun, yoo baay'ate torbeetti sa'aatii 16 hanga 24 Kan fudhatuu dha.



☐ **3.** Hojiiwwan hedduun Kan dabaree dhaan hojjatamanii dha akkasumas immoo dhuma torbee irratti Kan hojjatamanii dha. Kana jechuun iddoon hojii keetii sa'a 8 oliitiifi hanga sa'aatti 24 banaa dha. Shiiftii gosa sadiitu jira, guyyaa, galgala fi halkan.



☐ **4.** Maatiin daa'imman qaban haala ijoollee isaaniitiif yaaduu qabu, kunuunsa daa'immanii fi kunuunsa mana baruumsaa boodaa argachuu qabu. Biyya Kaanaadaa keessatti ijoollee qofaatti dhiisanii deemuun hin danda'amu, eegumsi godhamuufi qaba. Odeeffannoo dabalataa waa'ee kunuunsa ijoolleetiif, boqonnaa 6, gochaa 6.7 ilaali.



☐ **5.** Dubartoonni hojjattootaa dhiira to'achuun biyya Kaanaadaa keessatti kan baramee dha.


**Iddoon hojii hundumtuu aadaa fi sirna mataa isaa qaba. Aadaa iddoo hojii haaraa wajjin wal baruun akkuma kana sirna iddoo hojii haaraa eeguun hojii keetti guddachuu fi itti fufuuf barbaachisaa dha.**



## 7.13 Mindaa



1. Kaanaadaa keessatti qacartoonni mindaa xiqqaa jedhamu kaffaluuf dirqama seeraa qabu. Kaffaltiin xiqqaan yeroo hundumaa kaffalamu, piroovinsii irra gara pirooviinsitti jijjiiramu danda'a. Odeeffannoo dabalataa waa'ee mindaa hawaasa keessa jirtu keessaa argachuuf, asitti kana dubbisi.




2. Lakkoofsa inshuraansii hawaasaa dirqama qabaachuu qabda. (SIN/NAS) biyya Kaanaadaa keessatti hojjachuuf. Odeeffanoo waa'ee SIN/NAS keetii yeroo barbaachisaa ta'e duwwaa kenni.



3. Mindaa kee bifa qarshiitiin hin argattu, gara akkaawuntii baankii keetiitti siif darba yookiin cheekii dhaan siif kennama.



4. Yeroo kaffaltii keetii hundumaatti, isteetimantiin kaffaltii si barbaachisa. Mindaan harka irra si ga'u dimshaasha isaa irraa kan gadi bu'e dha. Inshuraansii qacarrii, inshuransii fayyaa, gibira galii fi, baasiin sooramaa mindaa kee irraa hir'ifama.



5. Biyya Kaanaadaa keessatti hojjatoonni hundumtuu soorama hawaasaaf mindaa isaanii irraa walitti qabama. Namoonni umuriin isaani 65 ol ta'e, biyya Kaanaadaa keessatti, deeggarsi isaaniif godhamu jira. Nageenya namoota dulloomaniif godhamuu jedhamuun beekama.




6. Gabaasa gibira galii keetii yeroo hundumaa, dhuma ji'a bitootessa 30 irratti galchuu qabda. Isteetimantii galii keetiif Kan si irraa hir'ifamu agarsiisuun qabattee dhiyaachuu qabda.

**"hojii dhoksaa" hojii hin beekamne kan ati ittiin akkasumatti qarshii argattu, osoo gibira hin kaffaliin jechuu dha. Hojiin akkasii seeraan dhorkamaa dha. Nama si qacaruufis ta'e siin seeraan si gaafachiisa.**



# Boqonnaa 8
# HAALA QABIINSA MAALLAQAA



# Boqonnaa 8
# HAALA QABIINSA MAALLAQAA



## 8.1 Maallaqa biyya Kaanaadaa

Mallaqni biyoolessaa Kaanaadaa Doolaara Kaanaadaa jedhama (CAD). Doolaariin tokko saantima dhibba tokko of keessaa qaba. Baankiin Kaanaadaa, qarshii jijjiirraa gosa lama kenna.







1. Baankiin Kaanaadaa, maallaqa gosa adda addaa halluu fi bocaan gatii isaa irratti hundaa'uun qaba.

2. Saantimoonni boca, guddina fi halluu adda addaa of keessaa qabu. Mallattoo biyya Kaanaadaa karaa dugda duubaa of irraa qaba.



Baasiin jireenyaa biyya Kaanaadaa keessaa, aanaa tokko irra gara kan birootti adda addaa dha. Magaala gurguddoo fi naannoo baadiyaa gidduutti baasiin jireenyaa addaa adda dha. Akkuma kanas immoo hawaasa ati keessa jiraattu irratti hundaa'uun adda addaa dha.



Mana kee dhuunfaa keessa jiraachaa jirta yoo ta'e ji'a ji'aan baasii kee kaffaluu qabda. Baasiiwwan adda addaa kaffaluu qabda.

**Baajeta baasuun qarshii meeqa akka qabduu fi meeqa akka baasuu dandeessu si beeksisa. Dhaabbanni mootummaan fandii godhuu fi ispoonsarri kee akkamittiin akka baajeta kee kan ji'aa qopheessitu si beeksisu.**




## 8.2 Baasiin bu'uuraa biyya Kaanaadaa keessaa maal faa of keessatti qaba?


**Qajeelfama:** Baasiiwwan jireenya biyya Kaanaadaa keessaa maal maal akka ta'an ilaali. Mallattoo "✓" kana saanduqa baasii addaa sitti ta'e keessa kaa'i




☐ **1. Mana jireenyaa**
Kun baasii kee guddaa yeroo hundumaati, gatii kiraa mana keetii Akkasumas gatii inshuraansii fi haaromsaa dabalachuu ni danda'a.



☐ **2. Meshalee manatti itti fayadamtu**
Biyya Kaanaadaa adda addaa keessatti elektirisiitii, bishaan fi baasii ho'aa dabalata. Baasiiwwan kun kiraa manaa kee keessati dabalamuu danda'u. Gatiin biilii, elektirikii fi ho'aa yeroo gannaa dabaluu danda'a.



☐ **3. Nyaata**
Kun baasii kee isa guddaa dha. Gatii nyaata kan keeti fi kan maatii keetii of keessaa qaba.



☐ **4. Baasii geejjibaa**
Kun baasii geejjiba hawaasaa gara iddoo adda addaa deemuuf baastuu dha.




☐ **5. Wal qunnamtii**
Kun baasii bilbilaa fi moobaayilii keetii, teelavizhinii fi intaarneetiif baasii ji'a ji'aan baastu dabalata.



☐ **6. Kunuunsa daa'immanii**
Maatiin, warri barachaa jiraanii fi hojjachaa jiran gatii baasii kunuunsa daa'immanii kaffaluu qabu.



☐ **7. Baasiiwwan adda addaa**
Kunis immoo uffannaa, qodaawwan mana fincaanii, meeshaa mana barnootaa fi wantoota barbaachisoo kan biroo of keessatti haammata.



☐ **8. Liqii immigireeshinii**
Kunis immoo baasii kee biyya Kaanaadaa ilaalchisee, kan mootummaan Kaanaadaa baasii deemsa keetii siif kanfalee dha.


Baasii mataa keetii i shallaguu dandeessa asitti.

**Erga Kaanaadaa geessee waggaa tokko turtee booda, liqii mootummaa irraa liqeeffatte ji'a ji'aan kaffaluun itti gaafatamummaa keeti. Isteetimantiin haala kaffaltii keetii hammam akka sirratti hafuu fi ji'a ji'aan hangam akka kaffaluu qabdu xalayaan si'a ga'a. Odeeffannoo dabalataaf, boqonna 2, gochaa 2.4 ilaali.**



## 8.3 Gargaarsa maallaqaa


Gargaarsi maallaqaa ati argattuu, guddina maatii keetii fi umurii miseensota maatii keetii irratti hunda'a. Eessa akka jiraattuu fi baasii maatii keetii irrattis ni hund'a.



**Qajeelfama:** Gargaarsa maallaqaa, ati argattuu akkamitti akka baasii kee siif kaffaluu danda'u ilaali. Gatii baasii guddaa dhaaf $$$$ kana barreessi, $$$ baasii guddaa lammaffaatiif barreessi, kan itti aanee jiruuf immoo $$ barreessi. baasii kee isa baayee xiqqaa ta'eef immoo $ barreessi.





**1.** Wal quunnamtii



**2.** Nyaata




**3.** Manaa fi wantoota bu'ura manaaf barbaachisan



**4.** Geejjiba



**Haala adda addaa irratti hunda'uun, gargaarsa dabalataa argachuu ni dandeessa. Kunis immoo gargaarsa maatiif, ijoollee reefuu dhalataniif, namoota umuriin isaanii 65 ol ta'eef, namoota rakkina nyaataa qabanii fi kiraa manaa kaffaluu hin dandeenyeef. Dhaabbata mootummaan fandii godhuu fi ispoonsara kee gaafadhu yoo gargaarsa kana argachuu dandeessa ta'e.**




Deebii: 1 ($); 2 ($$$); 3 ($$$$); 4 ($$)

## 8.4 Akkamitti qarshii qusachuu dandeessa?

**Qajeelfama:** Akkamitti akka qarshii biyya Kaanaadaa keessatti qusachuu dandeessu ilaali. Mallattoo "✓" kana saanduqa keessa kaa'i yoo barbaachisaa dha jettee yaadda ta'e.




☐ **1.** Nama tokko wajjin mana hirmaachuun gatii kiraa isaa yookiin appaartimantii kaffaluu ni dandeessa.




☐ **2.** Mana nyaataa deemtee nyaachu irra manatti nyaata qopheeffachuu ni dandeessa, .



☐ **3.** Gatii gadi bu'aa ta'een wantoota adda addaa argachuu dandeessa, filaayirii adda addaa ilaaluun gatii isaa wal bira qabdee ilaaluu dandessa.



☐ **4.** Moobaayilii bilbila sarara keessaa isa kam akka fayyadamuu dandeessu filachuu dandeessa. Bilbilli iddoo fagootti bilbilamu baasii baay'ee si baasisa. Namootaaf osoo hin bilbilin dura gatii isa internaashinaalii baruu qabda. Yookiin immoo intarneetii fayyadamuun namootaaf bilbiluu dandeessa. Yookiin immoo kardii bituun namoota wajjiin haasa'uu dandeessa.



☐ **5.** Konkolataa bitachuu irra tajaajila tiraanspoortii fayyadamuu dandeessa.




**6.** Intarneetii tolaan, iddoo mana kitaabaa hawaasaa fi iddoo hawaasa kan birootti argachuu dandeessa.



**7.** Osoo kontiraata keessa hin seenin dura wal bira qabuun gatii dorgomsiisuun, bilbila, televizhinii, intarneetii, konkolataa fi qodaa manaa bitachuu dandeessa. Gatii xiqqoo kan qabu iddoo biroo keessa barbaadi.



**8.** Kiraa mana, tajaajiloota adda addaa of keessatti qabate barbaaduu qabda. Baajeta baasuu keessatti gatii murtaa'aa beekuun si barbaachisa. Baasiin, adda addaa haala itti fayyadama keetii irrati hundaa'uun adda adda dha.




**9.** Kunuunsi daa'immanii gatii xiqqoon jiraachuu isaa dhaabbata mootumamaan fandii siif godhu yookiin ispoonsara kee gaafachuu dandeessa. Yookiin maatiiwwan kan biroo wajjin itti gaafatamummaa fudhachuun walii wajjin hojjachuu ni dandeessa.

## 8.5 Gargaarsa maallaqaa walqabatee waantota yaadaman



Gargaarsi maallaqaa ati argattu kan murtaa’ee dha. Baasii kee barbachisoo duwwaa siif kaffaluu danda’u. Jireenya kee biyya Kaanaadaa keessa sirriitti hubachuuf, maallaqa argattu beekuu si barbaachisa.

**Qajeelfama:** Haalota jiran ilaali. Haala jiru fi wanta eegdu gidduutti sararaan waliti firoomsi




**1.** Gargaarsa maallaqaa mootummaa irraa yookiin ispoonaara dhuunfaa irraa argachaa jirta.




**2.** Iddoo ati deemuu barbaadduu fi manni kee wal irraa fagoo dha.



**3.** Qofaa kee jiraatta, ijoollee hin qabdu kanaaf gargaarsi maallaqaa ati argattuu xiqqoo dha.



**4.** Maatii kee biyya biroo jiran wajjin dubbachuu barbaadda.




**a)** Mana nama wajjin qooddatta, kanaaf gatii isaas qooddachuun kaffalta.



**b)** Maatii kee wajjiin intarneetiidhaan wal argita. Yookiin kaardii bituun guuttachuun bilbilta.




**c)** Tajaajilli geejjiba hawaasaa, isa gatii salphaan fayyadamuu dandeessuu dha. Maallaqa kee walitti qabachuu dandeessa, paasii ji’a ji’aa bitachuun.



**d)** Maatii keetiif qarshii ergitu hin qabdu ta’a warra biyya kee jiraniif.

Deebii: 1 (d); 2 (c); 3 (a); 4 (b)



**5.**

Kaanaadaan ala demuu barbaadaa.



**6.**

Baasiin ati ji'a ji'aan baastu galii keen olii dha..




**7.**

Kaayyoon kee yeroo dheeraa gara xumuraatti dhufaa jiru, barumsakee sadarkaa lammaffaa xumuruu, mana bituu, konkolaataa bituu.



**8.**


Kiraan mana naannoo hawaasaa kee keessatti baay'ee mi'aadha.



**e)** Qarshii argattu, ji'a utuu hin ga'in yoo xumurte, qarshii dabalataa hin argattu, dhaabbata mootummaa fandii godhu yookiin ispoonsara kee akkamitti akka baasii kee to'achuu dandeessu haasofsiisi.



**f)** Adeemsi(imalli) mi'aa dha, akkasumas gargaasri ati argattu, immoo ga'aa miti kana kaffaluuf. Sirritti itti karoorsuu fimaallaqa argattu qusachuu qabda



**g)** Maallaqni ati argattu, gatii kiraa mana keetii, siif kaffala. Baasii adda addaa kaffaluuf maatiin maallaqni kan biroon barbaachisuu danda'a.



**h)** Maallaqa kee kuusachuu yookiin liqeeffachuu qabda. Gargaarsi maallaqaa ati ji'a ji'aan argattu kana gochuuf ga'aa miti.

Deebii: 5 (f); 6 (e); 7 (h); 8 (g)

# 8.6 Haala gabayaa biyya Kaanaadaa keessaa

Iddoon ati itti wantoota gatii salphaan argachuu dandeessu baruuf yeroo sitti fudhachuu danda'a.



**Qajeelfama:** Iddoowwan adda addaa biyya Kaanaadaa keessatti bittaa raawwachuu dandeessu, iddoo ati itti bittuu fi wanta bittu gidduutti sarara firoomsi.



**Supparmaarkeettii (iddoo bittaa)**

**1.**




**a)** Manneen kuusaa gurguddoo, uffata gurguran, kophee, qodaa manaafi kan nyaata hin taane.



**Kuusaa qorichaa**

**2.**



**b)** Iddoowwan kun iddoo itti: suuqii nyaataa argachuun danda'amuu dha. Koosmotiksii, barruulee fi qorichi ajaja malee argamu.



**Mana kuusaa adda addaa**

**3.**



**c)** Manni kuusaa akkasii, meeshaawwan ittiin mana ijaaruun danda'amu, meeshaawwan, qodaa mana keessaa qaba.



**Kuusaa meeshaalee haaromsa manaa**


**4.**



**d)** Manni kuusaa kun iddoo qorichi itti bitamuu danda'u of keessaa qabu. Kanneen kaan qoricha hin ajajamne gurguru, qoricha ajajame kan guruguranis jiru, daayipparii, meeshaawwan qulqulina dubartootaa, kosmootiksii, barrulee fi nyaanni ni argamu.

Deebii: 1 (b); 2 (d); 3 (a); 4 (c)






**Mana kuusaa meeshaalee faayidaa kennanii (duraan kan tajaajilan)**

**5.**

**e)** Manni kuusaa kun namoota aadaa adda adda qabaniin kan dhuunfatamanii dha, namoota biyya adda addaa irraa qodaa gara biyya Kaanaadaatti galchan. Mi’awwan biyya kee irraa dhufan Manneen kuusaa kana keessatti argachuu dandeessa.





**Mana kuusaa nyaataa aadaa**

**6.**

**f)** Intarneetii fayyadamuun qodaa adda addaa bituu. warren meshaa gurguratanis dabalataan namooni dhunfaan dhunfaa isaanitti mesholee tajaajila kennani intarneetiin gurguratu. Kaanaadaa keessatti gabayaan bittaf gurgurtaa intarneetidhaa kan barameedha.






**Gurgurtaa meshalee garaajii**

**7.**

**g)** Haala addaatiin namoonni qodaa adda addaa. Gatii baay’ee gadi bu’aa ta’een. Iddoonii fi guyyaan qodaawwan kun itti gurguraman, hawaasa keessatti ni beeksifama.





**Kalattidhaan Gurgurtaa onlaayinii**

**8.**

**h)** Manni kuusaa kun kan akka uccuuwwanii fi qodaawwan faayidaa kennan gurguru. Akkuma kana qodaawwan manaa gatii gadi bu’een gurguru. Namoonni biyya Kaanaadaa keessaa gatii gadi bu’een qodaawwan bituun kan baramee dha.




**Dhaabbanni mootummaan fandii godhuu fi ispoonsarri kee iddoo ati gatii gadii bu’aa dhaan nyaata fi gorsa akka adda addaa argachuu dandeessu si beeksisu. Akkasumas iddoo gurgurtaa qodaa adda adda si beeksisuu danda’u. Kuuppoonii gatii xiqqoo akka itti argattuu fi bittaa raawwattu waliin madaalchisuun akka bittuuf si gargaaru.**




Deebii: 5 (h); 6 (e);7 (g); 8 (f)

## 8.7 Garaagarummaan waan barbaadduu fi waan si barbaachisuu maali?

**Qajeelfama:** Qodaawwan armaan gadii ilaaluun, wanta si barbachisuu fi wanta ati barbaaddu ta'uu isaa adda baasi, yoo waan si barbaachisu ta'e mallattoo geengoo "○" irra kaa'i, yoo waan barbaaddu ta'e mallattoo rog-sadee "△" irra kaa'i.



☐ **1.** Konkoolaataa



☐ **2.** Nyaata fayyaa ta'e



☐ **3.** Mana guddaa




☐ **4.** Uffannaa



☐ **5.** Bilbila ammayyaa ba'e




☐ **6.** Meshaalee fi bu’aawwan qulqulinna kee ittin eegattu



☐ **7.** Miseensa kilabii ispoortii



☐ **8.** Iddoo jireenyaa



☐ **9.** Mana nyaataa keessatti nyaachuu



☐ **10.** Kophee biraandii fi mi’aa

**Maal akka barbaadduu fi maal akka si barbaachisu adda baaste baruun barbaachisaa dha. Wanti ati barbaaddu tokko tokko mi’aa dha. Kanaaf hamma bituu dandeessutti eeguu qabdu.**



## 8.8 Kaanaadaa keessatti baankii fayyadamuu



Akkuma ati Kaanaadaa geesseen dhaabbanni mootummaan fandii godhuu fi ispoonsarri kee, akka ati biyya Kaanaadaa keessatti, dabtara heerrega baankii banattuuf si gargaaru.

Dabtara heerrega baankii banachuun kee wantoota armaan gadiitiif si gargaara:



**1.** Sirna baankii hammayyaa (ATM) akka fayyadamtuuf.



**2.** Kallattiidhan maalaqa dadabarsuuf.



**3.** Mana kuusaa adda addaa fi intarneeta irratti, kaardii kireediitii akka fayyadamtuuf.



**4.** Baankii onlayiniitti fayyadamuun biilii kaffaluu dandeessa.



**5.** Cheekii barreessuu si dandeessisa.

Akkaawuntii baankii adda addaatu jira. Kanneen baraman:



### 1. Akkaawuntii cheekiingii

Kun baasii kee adda addaa kaffaluuf. Kiraa manaa fi biilii adda addaa kaffaluuf, cheekii ajajuu dandeessa. Akkuma kana Deebit kaardiitti fayyadamuun, qarshii baafachuu dandeessa. Akkuma kana onlayiniidhan maallaqa dabarsuu dandeessa.



### 2. Akkawuntii qusannaa

Karoora fuulduraatiif qarshii walitti qabachuu. Baay'ina qarshii ati qabduu irratti hundaa'un, baankiin dhala kee siif kaffala.


**Qarshii qabdu caalaa akka hin barreesine, dursuun baay'ina qarshii qabduu akkaawuntii kee irratti ilaali. Bu'aan isaa seera irratti kan hundaa'eedha. Odeeffanoo dabalataa waa'ee akkaawuntii baankii baruu yoo barbaaddeodeeffanoo as irratti dubbisi.**



## 8.9 Kaardii kireediitii

Namoonni Kaanaadaa keessaa baay'een, wantoota adda addaa bituuf kireedit kaardii fayyadamu, bittaa guyyaa dha guyyaatti mana kuusaa keessatti ta'uu fi wantoota intarneetii irratti bitamuuf fayyadamuu dandeessa.






1. Yommuu kireedit kaardii fayyadamtu qarshii liqeeffachaa jirta. Baankiin yookiin dhaabbanni siif liqeessu dhala sirratti qabachaa deema. Odeeffannoo dabalataaf kana dubbisi:



2. Kireedit kaardii kee seeran fayyadami. Kireedit kaardii yommuu fayyadamtu liqii liqeeffata. Yommuu kireedit kaardii fayyadamtu akkawuntii kee irra qarshii ga'aan jiraachuu isaa ilaali. Kanan achitti baasiin ati baastu galii kee irra kan baay'ee caalu ta'uu danda'a.

**Yoo kaffaltii ga'aa liqii kee kaffaluu baatte, dhaabbatichi yookiin baankiin kee si adaba.**



## 8.10 Seenaa liqii keetii



1. Yommuu kireedit kaardii fayyadamtu, yoom akka deebisuu qabdu seenaan isaa ni galma'a. Gara fuulduraatti yoo liqeefachuu barbaadde baankiin seenaa liqii keeti ni ilaala. Liqii dabalataa siif liqeessuufis isa irratti hundaa'a. Seenaa liqii gaarii qabachuuf liqii kee yeroodhaan kaffali.



2. Biilii keef kiraa kee yeroo hundumaa yeroo dhaan kaffaluu qabda. Yoo duubbati haafte seenaa kee keessati ni qabama, itti gaafatamuus ni dandeessa kanaaf yeroo dhaan kaffaluu qabda.

**Seenaa kireediitii gaarii biyya Kaanaadaa keessatti qabachuuf, liqii immigireshinii keetii yeroo dhaan kaffaluu qabda.**



## 8.11 Gibira biyya Kaanaadaa keessatti

Dhaabbanni, sassaabaa gibiraa Kaanaadaa seera gibira biyya Kaanaadaaf itti gaafatamaa dha. Gibirri federaalaan, piroovinsii fi bulchiinsa magaalatiin sassaabama.

Odeeffannoo dabalataa waa'ee dhaabbata gibira funaanaa biyya Kaanaadaa ilaalchisee odeeffannoo asitti argatta.

**Qajeelfama:** Gosawwan gibira namoonni biyya Kaanaadaa keessatti kaffalanii gosa gibiraa fi ibsa isaa gidduutti sarara walitti firoomsi.




**1.** **Meeshaalee fi tajaajila gibiraa**




**2.** **Gibira qabeenyaa**




**3.** **Gibira galii**




**a)** Gibira kana kan kaffaltu, yoo mana qabaatte, appaartimantii fi lafa qabaatte. Yommuu kirreeffattutti abbaa manaatu gibira kana kaffala.




**b)** Gibirri kun haala galii kee irratti hundaa'uun mootummaan si kaffalchiisa, yoo hojii qabaatte, osoo mindaan siif hin kaffalamiin sirraa murama.



**c)** Gatii Qodaa bituu fi tajaajila argattuu dabalatatti gatii ati dabalataan kaffaltu ni jira. Nyaata irratti gibirri biyya Kaanaadaa keessatti hin dabalamu. Wantoota akka alkoolii fi sigaaraa irratti gibirri dabalamu ni jirra.

Deebii: 1 (c); 2 (a); 3 (b)

Kaanaadaa keessatti namni hundumtuu gibira kaffala. Gibirri biyya Kaanaadaa keessaa wantoota armaan gadii kaffaluuf ta'a.






**1.** Barumsa bu'uuraaf



**2.** Tajaajila fayyaaf



**3.** Suphaa fi ijaarsa karaatiif





**4.** Hojiiwwan yeroo rakkoo kan akka, ambuulaansii ibidda dhaamsituu fi poolisiitiif oola



**5.** Tajaajila hawaasaatiif



**6.** Paarkii hawaasaatiif





**7.** Geejjiba hawaasaa tiif




**8.** Cabbii karaa gurguddaa biyya Kaanaadaa irraa kaasisuuf.

## 8.12 Sababa gibiraatiif galiin kee hangam akka ta'e gabaasa gochuu



Erga Kaanaadaa geessee booda, akka lakkoofsa inshuraansii hawaasaa argatteen, (SIN/NAS) gibira galii keetii gabaasuu qabda, akkasumas gargaarsa maallaqa argattee beeksisu qabda. Kun yeroo hundumaa ji'a Onkololessaa irraa hanga Bitootessaatti hojjatama. Yoo yeroo murtaa'e duwwaa biyya Kaanaadaa keessa jiraattellee yookiin galii hin qabdu ta'e illee gabaasa gochuu qabda. Akkuma kana abbaa manaa yookiin haadha manaa yoo qabaatte illee isaanis akkuma kana qofaatti waggaa waggaan gabaasa dhiyeessuu qabu.




Gabaasuu dhiisuun rakkoo adda adda sirratti fiduu danda'a. Fakkeenyaaf faayidaa gibira ijoollee biyya Kaanaadaa keessaa.

Odeeffannoo dabalataa waa'ee gabaasa galii gibira keetii dhaabbata mootummaa fandii godhu yookiin ispoonsara kee gaafadhu Kana dubbisi:

## 8.13 Fayidaa maallaqa dabalataa



Akkuma SIN/NAS kee argatteen  faayidaa dabalataa argachuu dandeessu gaafadhu. Gabaasa galii gibira keetii galchuun, gargaarsa si barbachisu yeroo dhaan argachuuf si gargaara.



Tajaajila adda adda argachuu dandeessa, kan akka faayidaa gibira ijoollee biyya Kaanaadaa keessaa, tajaajila gibira riifandii fi tajaajila piroovinsii adda addaa. Dhaabbata mootummaa fandii si godhuu fi ispoonsara kee gaafadhu.

Tajaajila adda adda argachuu dandeessa, kan akka faayidaa gibira ijoollee biyya Kaanaadaa keessaa, tajaajila gibira riifandii fi tajaajila piroovinsii adda addaa. Dhaabbata mootummaa fandii si godhuu fi ispoonsara kee gaafadhu.



Dhaabbanni mootummaa fandii sii godhuu fi ispoonsarri kee dookumantii barbaachisu guutuu irratti si gargaaru.


Odeeffannoo dabalataa waa'ee faayidaa argachuu dandeessuuf kana dubbisi:

# Boqonnaa 9
# GEEJJIBA



# Boqonnaa 9
# GEEJJIBA


## 9.1 Geejjiba biyya Kaanaadaa keessaa





Kaanaadaan biyya guddoo taatee fi kan nannoo adda addaa qabduu fi taa'umsa lafa addaa qabduu dha. Naannooo adda addaa biyya Kaanaadaa keessatti namoonni geejiba adda addaa tiin adeemu. Akkuma kanas immoo karaa adda addaatu jirra.

**Qajeelfama:** haala geejjiba adda addaa biyya Kaanaadaa keessaa ilaali. Akkuma kana mallattoo "✓" kana isa haaraa sitti ta'e irra kaa'i.




☐ **1. Geejjiba hawaasaa**
Magaalotni adda addaa biyya Kaanaadaa keessaa baay'een gosa geejjiba kana fayyadamu. Haala ariitiin iddoo barbaadan ga'uu danda'u. Fakkeenyaaf: baasii, baabura, konkolataa karaa irraa. Iddoo keessa jiraattu irratti hundaa'un adda adda dha.




☐ **2. Biskileettii**
Kunis immoo kan fayya qabeessa ta'ee fi haala salphaatiin iddoo dha iddootti ittiin adeemuun ni danda'ama.  Karaawwan hedduu irratti eyyemamaa dha. Heelmeettii mataa irrati kaawwachuun dirqama dha.




☐ **3. Taaksiiwwan**
Magaalonni hundumtuu dhaabbata taaksii tokkoofi isaa olii qabu. Konkolaachiftoonni eeyyema konkolachisuu qabu.gatiin isaanii mi'aa dha. Tilmaama meetira ittiin adeeman qabu. Gatii isaa irratti walii galuu hin dandeessu kan murtaa'eedha.




☐ **4. Appilikeeshinii raayidii**
Teekinolojiin kun karaadeemtotaa fi Taaksii wal qunnamsiisa. Gatiin isaa gatii Taaksii irraa gadii dha. Qaama mootummaatiin hin to'ataman. Yommuu deemsa gootu of eeggannoo dhaan gochuu qabda.



**5. Doqdoqqee**
Bobaa'aa baay'ee xiqqoo ta'e fayyadamu. Haa ta'utii garuu sababa haala qilleensaa gannaa irraa kan ka'e. Yeroo muraasa qofaaf fayyadamuu dandeessa. Oofuuf eeyyema addaatu si barbaachisa.



**6. Konkolaataa**
Haala jireenyaa baajetaa fi barbachisuma isaa irratti hundaa'uun Kaanaadaa keessa konkolaataa gosa hedduutu jira. Hoggaa bitattu baasii adda addaa kan akka boba'aa, inshuransii, fi haaromsaa qaba.




**7. Doonii**
Iddoowwan galoo ta'an irratti, kan akka koolumbiyaa fi naannoo atilaantikiitti, dooniiwwan akkasii haala geejjibaa beekamoo dha. Namoonni baay'een ni fayyadamu.



**8. Xiyyaara**
Karaa ariifataan ittiin biyya Kaanaadaa keessatti deemuun danda'amu keessaa tokko xiyyaara. Gatiin isaa mi'aa haa ta'uyyuu malee yeroon inni fudhatu kan warra kaan irra baay'ee xiqqoo dha. Magaaloonni gurguddoon biyya Kaanaadaa keessaa dhaabbata xiyyaaraa ni qabu.



**9. Baabura**
Neetworkiin baburaa biyya Kaanaadaa hundumaa waliin ga'ee jira. Haa ta'uutii magaaloonni Kaanaadaa hundumtuu hin qaban. Tikeettii bituu irra baay'ee rakasaa dha.



**10. Baasiiwwan magaalaa keessaa**
Waliigalatti isa baay'ee rakasa ta'edha magaalaa gidduu ittiin adeemuuf.Yoo konkolaataa hin qabdu ta'e magaalawwan xixiqqoo keessa deemuuf carraan ati qabdu kana duwwaaadha. Adeemsi kee dheeraa ta'uu danda'a kana irraa kan ka'e.

**Haala Geejjiba biyya kaanaadaa keessaa waan baay'ee beekuu qabda. Dhaabbata mootummaan fandii siif godhuu fi ispoonsara kee haala geejjiba hawaasaa gaafadhu, akka kaanadaa geesseen.**



## 9.2 Baasii geejjibaa

**Qajeelfama:** haalawwan adeemsa biyya Kaanadaa keessaa ilaali: gatii tiraansportii guddaa kan qabaniirra $$$ kana kaa'i. Giddu galeessa kan qaban irra immoo $$ kana kaa'i. Xiqqoo kan qaban irra immoo $ kana kaa'i.


**1.** Adeemsa dheeraa






$$$


**a)** Xiyyaara



**b)** Baabura




**c)** Baasiiwwan magaalaa gidduu




**d)** Dooniiwwan


**Odeeffannoo dabalataa waa'ee geejjiba hawaasaa, kaartaa fi tikeettii gara dhaabbata buufata baaburaatti fi konkolaataa bilbiluun ykn deeemtee haasofsiisuun ykn onlaayinii barbaaduun, kiyoskii odeeffannoo barbaadduu**




Deebii: 1. (a) $$$; (b) $$-$$$; (c) $; (d) $$




**2.** Adeemsa dheerina gabaabaa






**a)** Taaksii





**b)** Marsariitii raayidii ittiin waliif hiruu




**c)** Geejjiba hawaasaa

**3.** Konkolataa ofii keetii fayyadamuun adeemuu






**a)** Doqdoqqee



**b)** Biskileeta




**c)** Konkoolataa

Deebii: 2. (a) $$$; (b) $$; (c) $; 3. (a) $$;(b) $; (c) $$$




## 9.3 Geejjiba hawaasaa Kaanaadaa keessatti fayyadamuu



**Qajeelfama:** himoota waa'ee geejjiba biyya Kaanaadaa keessaa dubbisi. Saanduqawwan keessatti mallatoo kana "✓" kaa'i wanti haaraa sitti ta'e yoo jiraate




☐ **1.** Yommuu tajaajila geejjiba hawaasaa fayyadamtu akkuma seenteen kaffaluu qabda. Ykn tikeetii bitachuu qabda.




☐ **2.** Namoota rakkoo fayyaa adda adda qabaniif haali geejjiba addaa mijataa qopheessun Ni danda'ama. Baasiwwaan isaaniif qopha'aanis akkuma kana jiru.



☐ **3.** Namoota barattoota ta'aniif akkuma kanas immoo Kan umuriin isaanii 65 ol ta'aniif gatiin geejjibaa Ni hir'ifama.



☐ **4.** Iddoo itti buutu beeksisuuf, mallattoo Nama oofuuf kenni. Yoo gargaarsa barbaadde, iddoo adeemaa jirtu yookan bakka itti buutu baruuf Nama konkolataa oofu ykn Nama sitti aanee taa'e jiru gaafachuu dandeessa.



☐ **5.** Namoota dulloomoo ta'an, kanneen ijjoollee xiqqoo wajjin jiran, dubartoota ulfa ta'an.



☐ **6.** Qarshii Jijjiirraa ta'e yeroo hundumaa of harkaa qabaachuu qabda. Yommuu geejjiba hawaasaa fayyadamtu, qarshii jijjiirraaof harkaa qabaadhu sababiin isaas namichi ofii qarshii jijjiirraa of harkaa hin qabu.



☐ **7.** Yomuu tajaajila geejjiba hawaasaa fayyadamtu kara adeemtotni utuu hin bu'in gara konkolaataa keessa ol hin seenin.



☐ **8.** Biilii kaffaluu kee agarsiisuuf yeroo hundumaa of harkaa qabaachuu qabda.




☐ **9.** Rakkoowwan adda addaa yoo jiraatan, mallattoo rakkoo agarsiisuun beeksisuu dandeessa.




☐ **10.** Yommuu tajaajila geejjiba haawaasaa eegdu, hiriira galuun eeguu qabda.




☐ **11.** Taajaajilli baasii namoota mana baruumsaa isaanii irraa fagaatanii jiraataniifqophaa'ee jira. Warri kaan tajaajila tiraanispoortii hawaasaa fayyadamuu danda'u.



**Magaalota adda addaa keessatti biskileeta fayyadamuufi miillaan adeemuun ni danda'ama. Karaawwan kun immoo karaa fayyaa fi salphaa ta'anii dha. Ijoolleen xixiqqoon biskileeta fayyadamuun gara mana barumsaa adeemuu danda'u.**




## 9.4 biyya Kaanaadaa keessatti konkolataa oofuu

Eyyema oofuu argachuuf biyya Kaanadaa keessatti piroovinsii ati keessa jirtutu murteessaadha.Biyya Kaanadaa keessatti eeyyema oofuu argachuuf iddoo ati keessa jiraattutu murteessa. Eyyema oofuu argachuuf umurii 16 ta’uun sirra jiraata.

**Qajeelfama:** Adeemsa Kaanaadaa keessatti eeyyama oofuu argachuuf gochuu qabdu dubbisi. Lakkoofsa **1** hanga **6** saanduqa keessa kaa’i adeemsa isaa sirreesuuf



☐ **a)** Eyyema barachuu argachuu.



1 **b)** Unka guuti.




☐ **c)** Eyyema konkolaachiisuu argachuu qabda.



☐ **d)** Qorumsa oofuu waraqaa irraa darbuu qabda.




☐ **e)** Qorumsa oofuu karaa irraa darbuu qabda.




☐ **f)** Leenjii konkolaataa oofuu fudhachuun qorumsa waraqaatiif akkuma kana qorumsa karaa irraatiif of qopheessuu qabda.

**Eyyema oofuu kan biyya biraa yoo qabaatte yeroo murtaa’eef itti fayyadamuu dandeessa. Biyya Kaanadaa keessatti akka geesseen yeroo murta’eef itti fayyadamuu dandeessa. Dhaabbata mootummaan fandii godhu ykn isponsara kee haasofsiisuu dandeessa.**



Deebii: (a) 3; (b) 1; (c) 6; (d) 2; (e) 5; (f) 4

## 9.5 konkoolataa bituu

**Qajeelfama:** muuxannoo nama biyya Kaanadaa keessatti konkolataa bitee kanaa ilaali

1. 

2. 

3. 

4. 



5. 


6. 


**Waanti namichi kun addatti godhe maalidha?**

## 9.6 seera konkolaachisuu wajjin wal qabatee jiru.

Seeri konkolaachisuu biyya Kaanadaa keessatti seeraan kabajama. Addabiin seera kanaa qarshii, gatii inshuraansii guddaa ykneeyyema konkolaachisuu dhabuudha.



**Qajeelfama:** seeraawwan konkolaachisuu biyya Kaanadaa keessaa ilaali. Mallattoo "✓" seerawwan haaraa sitti ta'an irra kaa'i.




1. Konkolaachistootni biyya Kaanadaa keessaa eyyemaa fi inshuraansii konkolaata gaafatamu. Eyyema kanan alatti oofuun seeraan nama gaafachiisa, osoo konkolaachistuu kanaan alatti yoo argamte seeraan gaafatamta.



2. Konkolaachistootni alkoolii dhuguun ykn qoricha nama hadoochan adda addaa fayyadamuun oofuu hin danda'an.





3. Konkolaachistootni hundumaa, yommuu mallattoon diimaa ifutti, akkuma kana baasii mana barumsaa irraa fagaatanii dhaabbachuu qabu.




4. Konkolaattonni kara mirgaarra adeemu. Konkolaachistootni konkolaataa balaa tasaa mallattoo ifaa fi sagalee balaa tasaa dhageessisaniif karaa gadi dhiisuu qabu.



5. Namootni hundumtuu karaadeemaa ta'anis konkolaachisaa ta'anis qabattoo of irratti hidhachuu qabu.



6. Cabbiin yeroo baay'ee konkolaachisuu irratti rakkoo qaba. Pirooviinsii tokko tokko keessati gommaa yeroo gannaa fayyadamuun dirqama dha.



7. Ijoollee xiqqoonii fi daa'imman, teessoo adda ta'e fayyadamuu qabu nageenya isaaniif jecha Filannoon teesso umurii fi ulfaatina mucaa kee irratti hunda'a. Odeeffannoo dabalataa waa'ee teessoo mucaa keetii ilaalchisee, kana dubbisi.

# 9.7 Mallattoowwan daandii(karaa) beekamoo biyya Kaanadaa keessaa

Mallatoowwan karaa irraa biyya Kaanadaa keessaa iddoo adda addaa irra jiru.Kan biyya kan biroo irraa adda ta'uu dandaa'u.


**Qajeelfama:** mallattoowwan karaa irraa ilaali. Mallattoowan kanaa fi ibsa isaa gidduutti sarara walitti firoomsi.



**1.**



**2.**



**3.**



**4.**



**5.**

**a)** Karaa mucucaata.


**b)** Iddoo horiin keessa jiran.

**c)** Iddoo manni barumsaa irra jiru.

**d)** Adeemsa.

**e)** Biskileettii qofaa.


**Yommu karaa qaxxaamurtu mallattoo tiraafikii naannoo kee irra jiru ilaali.**



**Diimaa jechuun** "dhaabbadhu" jechuudha.




**Keelloo jechuun** "suuta jedhi" jechuudha.



**Magariisa jechuun** "adeemi" jechuu dha.

Deebii: 1 (b); 2 (a); 3 (e); 4 (c);5 (d)



**6.**

**f)** Gara mirgaatti hin gorin.




**7.**

**g)** Ce'umsa miillaan adeemtotaa (lafoo).



**8.**

**h)** Dhaabadhu.



**9.**

**i)** Baasii qofa.



**10.**

**j)** Hin adeemiin.



**11.**

**k)** Daangaa ariitii kiiloometiraan




**12.**

**l)** Bu'aawwan.

**Yoo konkolaataa biraa wajjin, ykn kara adeemaa itti buute, iddoo rakkoon itti uumame dhiistee adeemuun seeran si gaafachiisa yakka guddaa dha. Lakkofsa 911 irratti poolisiif bilbiluu, ykn ambuulaansii waamuu.**




Deebii: 6 (i); 7 (h); 8 (f); 9 (g); 10 (l); 11 (j); 12 (k)

# Carraa gaarii siif haa ta'u biyya Kaanadaa keessatti!



## Yaadannoo:

# 1 UTUU GARA KAANADAA HIN ADEEMIN

GAR/RPG | PSR/PPPR | JAS/PAC | BVOR/RDBV

1. Haala qubbannoo keetii mijeessi.
2. Gaaffii Afaani (Gaaffii Jecha) filamuu hordofi.
3. Qorannoo fayyaa darbi.
4. Iddoo Sakkatta'iinsaa darbuu qabda.
5. Keessa deebii appilikeeshinii darbi
6. Fudhatamina argachuu barbaachisa.
7. Tajaajila utuu hin ga'in argattu.
8. Adeemuuf Qophaa'i.


# 2 GARA KAANADAA ADEEMI

1. Gara dhaabbata xiyyaaraa adeemi.
2. Boorsaa IOM kee furadhu
3. Cheeki innii Xiyyaaraa
4. Sakkatta'iinsa dhaabbata xiyyaaraa darbi.
5. Duraa duuba ittiin baatu barbaadi
6. Xiyyaara kee eegi
7. Balallii keetti gammadi
8. Tiranziitii (Cee'uumsa)
9. Kaanaadaa ga'i
10. Gargaarsa buufata xiyyaaraa argadhu
11. Duraa duuba ittiin seenamu

# 3 KAANAADAA KEESSATTI

1. Gara iddoo kee isa dhumaatti adeemi
2. Namoota si gargaaruu danda'an waliin wal bari
3. Iddoowwan murta'an keessa turi
4. Dookumantiiwwan barbachisoo ta'an qopheeffadhu
5. Akkawuntii baankii banadhu
6. Gara mana yeroo hundumaa keessa jiraattutti adeemi
7. Ijjolee kee mana barumsaatti galchi, namoota ga'oo ta'an qooqa akka isaan baratan taasisi
8. Tajaajila fayyaa argachuuf barbaadi
9. Hawaasa kee waliin wal bari
10. Yeroo hundumaa fayyaa fi dammaqaa ta'uu qabda
11. Duraa duuba armaan gadii hordofi ofii kee of danda'uuf
12. Yommuu barbaadamutti, gargaarsa barbaadi

**Tajaajilli qubannoo biyya Kaanadaa keessaa kaffaltii hin qabu. Haalli qubannoo hundumti addaa adda dha. Duraa duubni wantoota armaan olii addaa adda dha.**



IOM
UN MIGRATION

OROMO